# XIINXALA MALLEEN DUBBII MAMMAAKSAAFI HIBBOO OROMOO KEESSATTI: GODINA SHAWAA LIXAA AANAA AMBOO

**YESHII LAMMAA HUNDEE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2O11/2019**

**FINFINNEE**

# XIINXALA MALLEEN DUBBII MAMMAAKSAAFI HIBBOO OROMOO KEESSATTI: GODINA SHAWAA LIXAA AANAA AMBOO

**YESHII LAMMAA HUNDEE**

**GORSAA: AMAANU'EEL ALAMAAYYOO/PhD/**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI HOG-BARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAAN OROMOO,OG-BARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2O11/2019**

**FINFINNEE**

**Yuuniivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraatiin Boodaa**

Waraqaa Qorannoo Digrii Lammataa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf Yashii Lammaa Hundee Mataduree : *Xiinxala Malleen Dubbii Mammaaksaafi Hibboo Oromoo Keessatti Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo* jedhu irratti qophaa'ee sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'ame guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa--------------------------------------Mallattoo---------------Guyyaa-------------------------

Qoraa keessaa---------------------------------Mallattoo----------------Guyyaa---------------------------

Gorsaa-------------------------------------------Mallattoo----------------Guyyaa-------------------------

Ittigaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa sagantaa digrii iammaffaa (MA)

## *Axeerara*

*Qorannoon kun xiinxala malleen dubbii maammaksaafi hibboo Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo irratti xiyyeeffate. Kaayyoo gooroon qorannoo kanaas, malleen dubbii maammaksaafi hibboo Oromoo keessatti xiinxaluudha. Qorannoon kun gosa qorannoo akkamtaa waan ta'eef, jechaan ibsame. Maddii ragaa qorannichaas, maanguddoota, barsiisootaafi barattootadha. Akkasumas, kuusaa afoolaa irraa odeeffannoon walitti qabameera. Malli iddateessuummoo iddateessu mit carraa yoo ta'u, gosa iddateessuu kanneen keessaa iddateessuu akkayyoofi eeruutiin dhimma bahame. Xiinxala ragaalee taasiifameen argannoowwan gara garaa argamaniiru. Mammaaksooniifi hibboowwan Oromoo malleen dubbii garaagaraatiin dhiyaatu. Isaanis: akkasaa, bakkasaa, nameessaa,eemitii, mallattoo, ateessa, fakkoo, anyaarsee, arbeessuu habalakadha. Mammaaksotaa malleen dubbiidhaan dhiyaataniin qabiyeewwan,kanneen akka ofittummaa,dhugaa,ofta'anii jiraachuu, olmaa dagachuu,tokkummaa yeroo ofiitti fayyadamuu, amala,jarjaruu, qusannaa, tooftaa, aantummaa, tuffii, ofeeggannoo, sodaa, aadaa hojii jajjabeessuu ibsuun akka danda'amu mirkanaa'eera . Akkasumas, hibboowwan mala dubbiitiin dhiyaataniin, waa'ee qaama namaa, nyaataa, meeshaalee, beeladootaa, bineensotaa, ilbiisotaa ibsuun akka danda'amu bira ga'ameera. Malleen dubbii maammaksootaafi hibboowwan keessatti fayyadmu, dubbii mii'eesuuf, barsiisuuf, gorsuuf, qeequuf, miliquuf, xiiyyeeffannaa kennuuf, ergaa salphaatti hubachiisuuf, dandeettiiwwan afaanii gabbisuuf, waa xiinxaluuf, bashannansiisuuf kan oolan ta'uun xiinxalameera. Akka ragaaleen ibsanitti, Mammaaksonniifi hibboowwan malleen dubbii garaa garaatiin dhiyaatan kun dagatamaa dhufaniiru. Kanaafis sababoota kan ta'an, dhimmoonni hawaasaa jijjiiramuu, ilaalcha ammayyummaa fakkaatu, dhimmoota teeknoloojiidhaan walqabatan kanneen akka teleevisiinii, raadiyoo dhaggeeffachuu,tapha moobaayilii, feesbuukii, fa'aa irratti yeroo dabarsuu, mammaaksonnifi hibboowwan malleen dubbii garaa garaatiin dhiyaatan haala gahaa ta'een kitaabilee barnoota afaan ormoo keessatti hammatamuu dhiisuudha. Kanaafuu, itti fayyadamiinsa muuxannoo hawaasaa kana dagatamuurraa oolchuuf, Hawaasni Oromoo hundi dhimmoota hawaasaa kam keessattiyyuu mammaaksota malleen dubbii garaa garaatiin dhiyaatan kanatti osoo fayyadamee gaarii ta'a. Hibboowwan taphachuurrattis maatiin ijoollee isaanii jajjabeessuufi muuxannoo isaanii dabarsuufii qabu. Akkasumas, Basiisonni afaanii, qopheessitoonnii sirna barnootaa,Waajjiirrii Aadaafi Turiizimii itti fayyadamiinsa gosoota afoolaa kana fooyyeessuurratti ga'ee irraa eegamu bahuu qabu.*

# Galata

Hunda dura fayyaa, nagaafi ogummaa naaf kennee sadarkaa kanaan kan nagahee Waaqayyoof galanni haata'u. Itti aansee gorsa waliirraa hin cinnee naaf kennuun na qajeelchaafi deeggarsa ogummaa naaf taasiisaa kan turan gorsaa koo Dr. Amaanu'eel Alamaayyoo baayyeen galateeffadha.Akkasumas, gammachuudhaan na keessumeessudhaan odeeffannoo barbaachisu hunda kan naa kennaan hojjattoota Aadaafi Turiizimii aanaa Amboo tiif galanni koo guddaadha. Dabalataanis, namoota odeeffannoo irraa argadhu naaf qindeessuufi baaddiyaa keessa yeroon deemu namiilteessuudhaan kan nadeeggaran hojjaattoo misooma qonnaa aanaa Amboo baayyeen galateeffadha. Dhumarrattis, guyyaan barnoota koo eegalee kaasee na jajjabeessuudhaan, deeggarsa barbaachisuu hunda naaf gochuudhaan , yeroon qorannoo kana gaggeessus barreeffama kompitaraan barreeffamu hunda naaf barreessuudhaan kan na bukkee dhaabate abbaa warraa koo Obbo Nagaasaa Mitikkuu baayyeen galateeffadha. Akkasumas, hojii barreeffamaa qorannoo kana irrratti na gargaaraa kan turan ijoollee koo Eliyaas Nagaasaafi Saamu'eel Nagaasaa Waaqayyo isaan haa eebbisuun jedha.

## Jibsoo

## Afaan Oromoorraa Gara Afaan Ingiliziitti

| | |
|---|---|
| Afgaaffii | Interview |
| Akkamtaa | Qualitative |
| Akkasaa | Simile |
| Arbeessuu | Hyperbole |
| Eemitii | Paradox |
| Habalaka | Antithesis |
| Iddattoo | Sample |
| Iddeessaa | Metaphor |
| Malleen dubbii | Figurative speech |
| Mallattoo | Symbolism |
| Nameessaa | Personification |
| Odeefkennitoota | Informants |
| Tuqsee | Allusion |

## Tartiiba Fakkiiwwanii

Fakkii 1: Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Amboo ........................................................................... 9

Fakkii 2: Kaartaa Oromiyaa ........................................................................................................ 10

Fakkii: 3 Kaartaa Godina Shawaa Lixaa ........................................................................................ 11

Fakkii:4 Kaartaa Aanaa Amboo…………………………………………………………….……..11

Fakkii 5: Suura Odeef kennitootaa …………………………………………………...….. G

# Baafata

Qabiyyee Fuula

Axeerara ........ i

Galata ........ ii

Jibsoo ........ iii

Tartiiba Fakkiiwwanii ........ iv

Baafata ........ v

Boqonnaa Tokko: Seensa ........ 1

1.1 Ariirrata Qoranichaa ........ 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 5

1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 5

1.5. Daangaa Qoranichaa ........ 6

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.7 Ibsa Naannoo ........ 6

1.7.1. Haala Qileensaafi Dinagdee Aaniichaa ........ 7

1.7.2 Aadaafi Amantaa Hawaasa Aanichaa ........ 7

1.7.3 Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Amboo ........ 8

Boqoonnaa Lama: Sakatta’a Barruu ........ 12

2.1. Afoola ........ 12

2.1.1. Faayidaa Afoolaa ........ 13

2.1.2. Gosoota Afoolaa ........ 14

2.1.2.1. Mammaaksa ........ 14

2.1.2.1.1. Maalummaa Mammaaksaa ........ 14

2.1.2.1.2. Faayidaa Mammaaksaa ........ 15

2.1.2.2. Hibbo ........ 16

2.1.2.2.1. Maalummaa Hibboo ....................................................................................16
2.1.2.2.2. Faayidaa Hibboo....................................................................................17
2.2. Malleen Dubbii ....................................................................................18
2.2.1. Maalummaa Malleen Dubbii....................................................................................18
2.2.2. Gosoota /Akaakuu/ Malleen dubbii....................................................................................19
2.2.2.1 Iddeesaa:....................................................................................20
2.2.2.2 Nameessaa ....................................................................................21
2.2.2.3 Akkasaa ....................................................................................22
2.2.2.4 Arbeessuu ....................................................................................23
2.2.2.5 Habalaka....................................................................................23
2.2.2.6 Eemiti ....................................................................................24
2.2.2.7 Atee /Jedhiyaadii/....................................................................................24
2.2.2.8 Tuqsee ....................................................................................25
2.2.2.9 Irra deddeebii /Fakkee/ ....................................................................................25
2.2.2.10 Mallattoo....................................................................................26
2.2.3 Faayyida Malleen Dubbii....................................................................................27
2.3 Waliitti Hidhannaa Malleen Dubbiifi Afoolaa ....................................................................................28
2.4 Yaaxxina Qoranniicha Tumsu....................................................................................29
2.4.1. Yaaxxina Faayidaa....................................................................................29
2.5. Sakkata’a Barruu Walfakkii....................................................................................30
Boqoonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa....................................................................................32
3.1.Saxaxa Qorannichaa....................................................................................32
3.2 Madda Ragaa ....................................................................................32
3.3 Mala Iddattoo....................................................................................32
3.3.1 Iddattoo Kaayyeeffataa ....................................................................................32
3.3.2 Iddattoo Eerummaa ....................................................................................33

3.4 Meeshaalee Funaansa Ragaa ........................................................................................33
3.4.1 Af-gaaffii ........................................................................................................33
3.4.2 Marii Garee Xiiyyeeffannaa ..........................................................................34
3.4.3 Sakatta’a Dookumeentii ...............................................................................34
3.5 Mala Xiinxala Ragaalee ...................................................................................34
Boqonnaa Afur: Xiinxala Ragaalee...........................................................................35
4.1.Xiinxala Malleen Dubbii Mammaaksa Oromoo Keessatti Argaman..............................35
4.1.1 Mammaaksota Mala Dubbii Bakkasaatiin Mammaakaman ....................................35
4.1.2. Mammaaksoota Mala Malleeen Dubbii Akkasaatiin Mammaakaman ......................36
4.1.3.Mammaaksoota Mala Dubbii Nameessaatiin Mammaakaman...............................37
4.1.4.Mammaaksoota Mala Dubbii Eemitiin Mammaakaman .......................................38
4.1.5.Mammaaksota Mala Dubbii Fakkootiin (irra deddeebii) Mamaaakaman...............39
4.1.6.Mammaaksoota Mala Dubbii Arbeessuutiin Mammaakaman ...............................39
4.1.7.Mammaaksoota Mala Dubbii Mallattootiin Mammaakaman ................................40
4.1.8.Mammaaksoota Mala Dubbii Anyaarseetiin Mammaakaman ...............................41
4.1.9.Mammaksoota Mala Dubbii Habalakaatiin Mammaakaman..................................42
4.1.10.Mammaaksoota Mala Dubbii Ateessaatiin Mammaakaman.................................43
4.2. Xiinxala Gosoota Malleen Dubbii Hibboo Keessatti Argamanii..................................44
4.2.1.Hibboowwan Mala Dubbii Akkasaatiin Taphataman............................................44
4.2.2.Hibboowwan Mala Dubbii Bakkasaatiin Taphataman ..........................................45
4.2.3.Hibboowwan Mala Dubbii Nameessaatiin Taphataman.........................................46
4.2.4. Hibboowwan Mala Dubbii Eemitiitiin Taphataman..............................................47
4.2.5. Hibboowwan Mala Ateessaatiin Taphataman ......................................................48
4.2.6. Hibboowwan Mala Fakkootiin Taphataaman.........................................................48
4.2.7. Hibboown Mala Arbeessuutiin Taphataman ..........................................................49
4.2.8. Hibboowwan Mala Dubbii Mallattootiin Taphataman ..........................................50

4.3. Qabiyyeewwan Malleen Dubbii Mammaaksa Keessatti Argamaniin Ibsaman ............................50
4.3.1.Ofittummaa Ilaalchisee ..........................................................................................50
4.3.2. Dhugaa Ilaaichisee ..........................................................................................51
4.3.3. Ofta'anii Jiraachu Ilaalchisee ..........................................................................................52
4.3.4. Olmaa Namaa Dagachuu Ilaalchisee ..........................................................................................53
4.3.5. Tokkummaa Ilaalchisee ..........................................................................................53
4.3.6. Yeroo Ofiitti Seeraan Fayyadamuu Ilaalchisee ..........................................................................................54
4.3.7. Amala Badaa Ilaalchisee ..........................................................................................55
4.3.8. Jarjaruu Ilaalchisee..........................................................................................56
4.3.9. Qusannaa Ilaalchisee..........................................................................................56
4.3.10. Tooftaa Ilaalchisee ..........................................................................................57
4.3.11. Aantummaa Ilaalchisee ..........................................................................................58
4.3.12. Tuffii Ilaalchisee ..........................................................................................59
4.3.13. Of eeggannoo Ilaalchisee ..........................................................................................60
4.3.14. Sodaa Ilaalchisee..........................................................................................60
4.3.15. Aadaa Hojii Jajjabeessuu Ilaalchisee..........................................................................................61
4.4. Qabiyyeewwan Malleen Dubbii Hibboo Keessatti Argamaniin Ibsaman....................................62
4.4.1. Waa'ee Qaama Namaa Ibsuu..........................................................................................62
4.4.2. Waa'ee Nyaataa Ibsuu..........................................................................................63
4.4.3. Waa'ee Meeshaalee Ibsuu ..........................................................................................64
4.4.4. Waa'ee Beeladootaa Ibsuu ..........................................................................................64
4.4.5. Waa'ee Bineensoota Ibsu ..........................................................................................65
4.4.6. Waa'ee Ilibiisootaa Ibsuu ..........................................................................................66
4.5 Tajaajila Malleen Dubbii Mammaaksaafi Hibboo Keessatti Qaban ..............................................67
4.5.1 Tajaajila Malleen Dubbii Mammaaksa keessatti ..........................................................................................67
4.5.1.1 Dubbii Karaa Mammaaksa Darbu Mii'eesuu ..........................................................................................67

4.5.1.2 Dubbii Karaa Mammaaksaa Darbu Akka Xiyyeeffatamu Godha........................................67

4.5.1.3 Ergaa Karaa Mammaaksaan Darbu Salphaatti Hubachiisu..................................................68

4.5.1.4 Karaa Mammaaksaa Ittiin Barsiisuu, Gorsuufi Qeequuf Oolu ............................................68

4.5.1.5 Miliiquuf ..........................................................................................................................69

4.5.1.6 Karaa Mammaaksaa Ittin Bashannanuuf ................................................................................69

4.5.1.7 Danddeettiwwan Afaanii Cimsu..........................................................................................70

4.5.2 Tajaajila Malleen Dubbii Hibboo Keessatti..................................................................................71

4.5.2.1Dandeettii, Xiinxaluu ijoollee Gabbisa............................................................................71

4.5.2.2Bashannansiisuuf ...........................................................................................................72

4.5.2.3Bariisuufi Gorsuuf oola.....................................................................................................72

4.5.2.4Ergaa darbu salphaatti hubachuuf gargaara ....................................................................73

4.5.2.5Wantoota wal cinaa qabani hubachuuf gargaara ..............................................................73

4.5.2.6Dandeettii Dubbachuufi Dhaggeeffachuu Barattootaa Gabbisa ......................................73

4.5 Malleen dubbii mammaksaafi hibboo Oromoo keessatti sadarkaa yerooammaairrajiru................74

4.5.1 Malleen dubbii mammaaksa Oromoo keessattii sadarkaa inni irra jiru ................................74

4.5.1.1 Sababoota Dagatamuu Malleen Dubbii Mammaaksa Keessatti..........................................75

4.5.2. Malleen Dubbii Hibboo Oromoo Keessatti Sadarkaa Inni Irra Jiru ...........................................76

4.5.2.1. Sababoota Dagatamuu Malleen Dubbii Hibboo Keessatti ..................................................77

Boqonnaa Shan: Cuunfaa, ArgannooFI Yaboo .........................................................................78

5.1 Cuunfaa.....................................................................................................................................78

5.2. Argannoo ..................................................................................................................................79

5.3. Yaboo.......................................................................................................................................80

Wabii

Dabalee

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1 Ariirrata Qoranichaa

Oromoon uummata bal'aa afaan, seenaa, duudhaa, aadaa, safuufi amantaa mata isaatii qabudha. "The Oromo, like any people are part of a larger world and partake in a wider experience" Baxter (1996:100) yaadni kun Oromoon durirraa kaasaa muuxannoofi ogummaa bal'aa akka qabu ibsa. Uummanni kun afaan, seenaafi aadaadhaan badhaadhaa haa ta'uyyuu malee, ogbarruu barreeffamaatiin, eenyummaafi qabeenyasaa kana ibsachuufi afaansaas guddifachuu barootta dheeraa carraan jiru dhiphaa ture. Kunis kan ta'uu danda'eef dhiibbaafi cunqursaa waggoota hedduu sabicharra tureerraan kan ka'edha. Asafaa (2009:12) yoo ibsuu "Afaan Oromoon barreeffamuun seenaa isii fagoo ega taatee, akka jalqabbii duraa itti hin fuufiin hafuun isii, okkoolun isii afaan kattabbii, afaan hojii, afaan barnootaa, afaan qu'annoo ta'uu dadhabuun isii dhibbaa gita bittaa haabashaa irraan gette" jedha. Kanaafuu hawaaasichi guddinna ogbarruu barreeffamaatiin dhiyoo haa jiraatu malee, fookloorii isaatiin seenaa jaarraa dheeraa qaba. Haaluma Kanaan of ibsaa, walbarsiisaa,walgorsaa akka ture ni beekama. Yaada kana ilaalchisee Mangashaa (1992 11-12) *"The Oromo folklore, oral tradition, music, art and particularly proverbs and sayings has giventhis notion a sense of identity and common heritage. It becomes the way they see, understand and interpret the world and express their belief, and values about it"* jedha.

Uummanni tokko ofisaafi afaansaa kan keessatti dubbachuufi guddifachuu danda'u keessaa tokko fooklooriidha. Fooklooriin human ittiin hubannaa hawaasaa ifa baasu qaba. Akkasumas jireenya hawaasa tokkoo kallatti hedduun agarsiisa. Georgesfi owen (1995: 170), yaada "it is the case that in folklore implicit world views principles and themes are made explicit" jedhu.

Fooklooriin ibsituu aadaafi calaqqisiistuu eenyummaati. Kunis kan hubachiisu fookloorii beekuun aadaa beekuu, aadaa beekuun jiruu fi jireenya dhuunfaa fi hawaasaa beekurra darbanii of beekuudha. Kanaafuu, qabeenyi hawaasaa kun qorannoon walirraa hin cinne irratti geggeffamuu qaba.

Fooklooriin hawaasni tokko aadaa, muuxannoo, falaasama, artii, amantaa, afaan, uffannaa, nyaataafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin eegee dabarsuudha. Haalli inni ittiin dabarsus raawwiidhaan yookiin himimsaan ta'uu danda'a.

Fooklooriin gooroowwan adda addaatti qoodama. Gooroowwan kana keessaa ammo tokko afoola, afoolli saba tokkoo dhalli namaa naaf haa ta'u jedhee qooqasaatti fayyadamuun eenummaasaa, yaada, fedha, amantaa, aadaa, duudhaa, mo'uufi mo'amuusaa, deggarsaaf diddaasaa kkf dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarsaa ture umrii dheeraa kan qabu qabeenya uummataati. Yaada kana Eshete (2007:29) Yoo ibsu, "Oral Literature may be conceived as a nation's historical and cultural document, which profusely describes nature, events, people's attitudes, behaviors and the metaphor of the being and becoming of Oromo society" jedha.

Afoollii damee garaagaraa qaba. Kanneen keessaa mammaaksifi hibboon warra unka gaggabaaboon dhiyaatan jedhamani beekamu. Mammaaksiifi hibboon saba Oromoo biratti beekamaafi iddoo guddaa kan qabaniidha. Oromoon waa'ee barbaachisummaa mammaaksaa ilaalchisee yoo mammaaku, "Nyaanni soogidda malee, dubbiin mammaaksa malee" jedha. Mammaaksi dubbii miidhagsuun, dubbiin dubbatamu gurra namaatti tolee osoo hin nuffisiisinifi hin mufachiisiin ergaa barbaadame dabursuuf gargaara. Yaada kana Finnegan (1970:415) yoo ibsitu "Proverbs are essential to life and language: without them, the language would be but a skeleton without flesh, a body without soul" jetti.Oromoonis "Ittoon sogidda hin qabnee fi haasaan mammaaksa hin qabne hin mi'aawu" jechuun yaada kana dhugoomsa.

Haaluma wal fakkaatuun hiibboonis jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti bakka guddaa qaba. Hibboon gosa afoolaa keessaa tokko kan ta'eefi jireenya hawaasummaafi barnootaa keessatti ga'ee guddaa kan taphatudha. Akkasumas, gaaffii gaafachuun yookiin mamii /dilemma/ dhiheessuun naannoo barsiisuufi dandeettii sammuu cimsuuf ga'ee guddaa qaba. Hibboon akka dorgommiitti kan dhihaatuufi dandeettii waayaadachuu namaa cimsuuf, ilaalchaafi akkaataa yaaduu namaa gabbisuuf, akkasumas murtii kennuuf gargaara (Misgaanuu 2011:11).

Akkuma armaan olitti ibsame mammaaksi fi hibboon uunka gaggabaaboon kan dhiyaatan, bifa yeedaloon dubbatamuu kan danda'anii, yaada dabarfamuu barbaadame tokko haala miidhagina qabu fi suura sammuu namaa keessatti uumuu danda'uun dhiyeessuuf kan gargaaraniidha. Akkasumas qola dubbii yookiin malleen dubbiitiin kan guutamaniidha. Kunis ergaan darbu miidhaginaa fi xiyyeeffanaa akka qabaatu kan taasiisudha. Yaada kana misgaanuu (2011:47) akka armaan gaditti ibsa.

“Mammaaksi yaada tokko humna miidhaksee, sammuu keessatti fakkii ergichaa kaasee ittiin hambisu humna qaba. Gama afaan waliigaltee ta’ee tajaajiluun irrasaa yoo ilaalle ergaa ifa ta’ee mullatu kan hunduu hubachuu danda’u kan dabarsu ta’uusaafi ergaan sun garuu qola dubbii kan qabu yoo qollisaa irraa ba’e, ergaan biroo kan jala jirudha. Mammaaksonni himoota gaggabaaboo ta’anii ogummaa, haqa, hamileefi yaada gartuu ykn saba tokko biratti beekameefi fudhatama qabu, dubbii qolaa dhaabbataa ta’e kan dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti luufuudha.

Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta’een ergaa tokko nama hubachiisanidha.Kana jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii, kinoo immoo arbeessanii,binoo nameessanii,namoo bineessanii,walcinaa qabanii cinaacha himanii kkf. taasisuun hubannoof haala mijeessan jechuudha (Addunyaa 2014:208).

Haaluma kanaan sabni Oromoo, keessattuu maanguddooni, malleen dubbii gara garaatti fayyadamuudhaan walgorsaa, wal barsiisaa, waan gaarii deeggaraa, yaraammoo qeeqaa akka turan ni bekama. Yaada kana Yaadannoo (2014:83) yoo ibsu;

> *Maanguddooni Oromoo durii afaaniin ykn barreessitoon ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka asoosamaa, diraamaa, walaloo, hololoo, waliin dubbii adda addaa keessatti ijoo dubbii sanii haala mii’aafi miira namaa harkisuun yaadan fakkii sammuu keenya keessatti uumanii kan barbaadan xiqqeessun, kan tuffachu barbaadan jajuun, kan abaaru fedhan eebbisuun salphaatti akka dagatamu hin dandeenye hubachiisuuf kan itti fayyadaman dubbii qolaa ykn sadommii jedhamu. Jedha.*

Akkuma yaada armaan oliirraa hubannu maleen dubbii saba Oromoo biratti beekamoo ta’u isaaniiti. Haata’u malee, malleen dubbii tajaajila guddaa qabu kun yeroo ammaa ittifayyadamiinsi isaa mammaaksaafi hibboo keessatti gad bu’aa dhufeera.Kanaafuu,itti fayyadamiinsa isaa fooyyeessuufi gara fuulduraatti fufsiisuuf qorannoon gama kanaan adeemsifamuu qaba.

Kanaafuu, qorattuun malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessaa kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo xiinxaluudhaan faayidaa isaa ifatti baasuufi itti fayyadaminsii isaa hawaasa keeessatti akka dabalu gochuu irratti gahee ishee bahuuf murteessiteetti.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Malleen dubbii itti fayyadama afaaniiti. Isaanis gosoota afoolaa adda addaa keessatti mul'achuu danda'u. kanneen keessaa, durdurii, walaloo, sirba, mammaaksaafi hibboo fa'aa maqaa dhahuun ni danda'ama. Qorannoo kana keessatti garuu xiyyeeffanaan itti kennamee xinxaluun kan barbaadame, malleen dubbii mammaaksaafi hiboo keessatti argaman irratti.

Malleen dubbiitti gargaaramuun qabiyyeewwan garaagaraa ibsuun ni danda'ama. Akkasumas, dhimmoota hawaasa hunda kan tuttuqudha. Hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti dur iraa kaasee malleen dubiitti fayyadamuudhaan wal barsiisa, wal gorsa, wal onnachisaa, gocha dogoggoraa immoo ittin qeeqaa akka dhufe ni amanama. Haaluma kanaan, bakka qorattuun jiraattutti, Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ambootti maanguddoonni malleen dubbii mammaaksoota keessatti tajaajila garaagaraatiif yeroo dhimma itti bahaan ni mul'ata. Haata'u malee, amma qorattuun hordooftetti faayidaa bal'aa inni kennuufi sadarkaa itti fayyadama isaa wal bira qabamee yemmuu ilaalamu quubsaa miti. Malleen dubbii mammaaksa keessatti mul'atanitti darbee darbee kan dhimma itti bahaan maanguddota malee, dhaloonnii ammaa muuxannoofi hubannoon kanarratti qabu gad bu'aadha. Akkasumas, malleen dubbii hibboo keessatti mul'atanittis ijoolleen galgala galgala teeknoolojii barrii fide irratti yeroo isaanii dabarsu malee, malleen dubbii hibboo keessatti bal'inaan yeroo taphatan hin mul'atu.

Sababoota armaan olii bu'ureffachuudhaan sakatta'a qorattuun qorannoowwan garaa garaa irratti taasiisteen malleen dubbii mammaaksaafi hiibboo keessatti xiinxaluu irratti qorannoowwan adeemsiifaman hin jiran. Rakkoowwan mul'atan kana irratti qorannoon gaggeeffamee furmaanni hin kennamu yoo ta'e immoo, ittifayyadaminsi malleea dubbii gosoota afoolaa lamaan kana keessatti sadarkaa amma irra jiru caala dagatamaa deemuu danda'a. Kanaafuu, rakkoowwan kana maqsuuf malleen dubbii mammaaksaafi hiibboo keessatti argaman xinxaluudhaan faayidaa isaanii qorannoodhaan mul'isuuniifi sadarkaan itti fayyadama isaanii hawaasa keessatti akka dabalu gochuun barbaachisaa ta'ee argameera.

Haluma kanaan, qorannoon kun gaaffiilee bu'uuraa armaan gadii deebisa.

1. Gosoonni malleen dubbii mammaaksaafi hiibboo Oromoo keessatti argaman maal fa'a?

2. Malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti argamaniin qabiyyeewwan ibsaman maal fa’a?
3. Tajaajilli malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti qaban maali?
4. Ittifayyadimiisi malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti yeroo ammaa sadarkaa maal irra jiraa?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti xiinxaluudha.Kaayyoo gooroo qorannichaas galmaan ga’uuf kaayyoon gooree qorannichaa qabxiiwwan armaan gadiirratti xiyyeeffachuun qophaa’aniiru.Isaanis:

1. Gosoota malleen dubbii mamaaksaafi hiibboo Oromoo keessatti addaan baasuu,
2. Malleen dubbii mammaaksaafi hiibboo Oromoo keessatti argamaniin qabiyyeewwan garaa garaa ibsuu,
3. Tajaajila malleen dubbii mammaaksaafi hiibboo Oromoo keessatti qaban tarreessuu,
4. Ittifayyadamiinsi malleen dubbii mammaaksotaafi hibboo Oromoo keessatti yeroo ammaa sadarkaa maaliirra akka jiru eeruu,

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Afoola Oromoo irratti qorannoo gaggeessuun afaanicha dagaagsuuf hojii hojjataman irratti gahee ofii bahuudha. Akkasumas, afoola akka cirracha galaanaa ta’e kana xinxaluun, adda baasanii barreeffamaan dhaloota dhufuuf kaa’un barbaachisaadha. Kanaafuu, qorattuun xiinxala malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti taasiifamu bu’aa armaan gadii kenna jettee abdatti.

Malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessatti bifa gara garaatiin kalaqamanii jiraachuu isaanii adda baasee agarsiisa. Bu’aa malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessatti qaban ifa baasa. Gosoota malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessatti argaman adda baasee mul’isa. Akkasumas, namoota xiinxala malleen dubbii gosoota afoolaa gara garaa keessatti argaman irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif karaa saaqa. Dabalataaniis, qorannoo gara fuulduraatti mata duree kana wajjin walqabatee gaggeeffamuuf madda ragaa ta’ee tajaajjiluu danda’a.

### 1.5. Daangaa Qoranichaa

Qorannoon kun mallen dubbii Godina Shawaa Lixaa: Aanaa Amboo qofarratti kan xiyyeeffateedha. Sababni isaas al tokkootti aanaalee hunda irratti qorannoo gaggeessuun yeroo, humnaafi baasii guddaa waan gaafatuuf ulfaataa ta’a. Akkasumas, afoola Oromoo akka cirracha galaanaa baay’atu kana keessaa qabeeyyee qorannoon kun irratti xiyyeeffatu, malleen dubbiiti. Malleen dubbii afoolaafi ogbarruu barreeffamaa adda addaa keessatti kanneen akkaa walaloo, asoosama, sirba, geerarsa, durduurii, mammaksaafi hiibboo keessatti mul’achuu ni danda’u. Haata’u malee, qorannoon kun malleen dubbii mammaaksaafi hiibboo Oromoo keessatti mul’atan xiinxaluu irratti kan daangeeffameedha. Gosoonni malleen dubbii xiixalamanis: akkasaa, iddeessaa, nameessaa, arbeessuu, habalaka, anyaarsee, ateessa, eemitii, fakkee, mallattoofi tuqseedha.

Haaluma kanaan xiinxala malleen dubbii mammaaksaafi hiibboo keessatti taasiifamuun gosoota malleen dubbii, qabiyyeewwan mallen dubbiitiin ibsaman, tajaajila malleen dubbii mamaaksaafi hiibboo keessatti mul’atani, sadarkaa malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessatti yeroo ammaa irra jiran xiinxalamaniiru.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeessamu rakkoolee hedduun mudachuu danda’u. Rakkoolee kanneen keessaa kan qorattuu mudatan: hanqiina yeroo, humnafi baasii irraan kan ka’e afoolli Oromoo qoratamuu qabu hedduun osoo jiruu, xiinxala malleen dubbii mammaaksaafi hibboo kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo qofaarratti daangeffamuunsaa hanqina guddaadha. Inni biroo immoo, afoolli Oromoo qoratamee barreeffamaan taa’uun isaa seenaa yeroo dhiyoo waan ta’eef ragaawwan mata duree kanaan wal qabatan kan kanaan dura qoratamanii taa’an haala gahaa ta’een argachuu dhabuudha. Akkasumas, muuxxannoo gahaa dhabuunis rakkoo qorattuu mudate ture. Haata’u malee gufuuwwan kana hundumaaf fala barbaaduudhaan qorannoon kun akka galma ga’u taasifameera.

### 1.7 Ibsa Naannoo

Aanaan Amboo akka aanaatti bara kana hundeeffamte jechuu yoo banneeyyuu ragooleen maanguddoota irraa argaman akka ibsaniitti bara Mootummaa Miniilik irraa eegalee akka ta’e ni dubbatama. Haata’u malee aanaan Amboo kan beekamtee bara Mootummaa Miniilik II booda. Yeroo ammaa aanaan Amboo gandoota 33 kan qabdu yoo ta’u, aanaoolee birootiin

daangeefatee argamti. Isaanis kaabaan aanaa Cobiifi Ilfata, lixaan Tokkee kuttayeefi midaa Qanyi, kibbaan godina kibba lixa Shawaafi bahaan aanaa Dandiitiin daangeeffamtee argamti.

### 1.7.1. Haala Qileensaafi Dinagdee Aaniichaa

Aanaan Amboo haallii qileensii eshii jireenyaafis ta'ee omishaaf baayyee mijaa'adha. Kanaafuu aanaalee qileensa gaarii qaban keessaa eshee tokko. Haallii qileensa eshee baddaan 6%, badda dareen 74% fi gamoojjiin 20% dha. uumman aanaa Amboo haala adda addaan bakka gara garaa qubatee argama. Haaluma kanaan akka istaatksiin Uummataa ibsuutti dhiirrii 55,305 dhalaan 55,491 waliigala 110,796 aaniicha keessa jiraatu. Jiraatan maagalaa dhiira 34,350 dhalaan 35,3089 waliigala 69,739 ta'u. Kanneen keessaa qonnaan bulaan 95%, daldaltootni 2%, hojjattoon mootumaa 1.5% fi kanneen biro 1.5% ta'u.

Dinagdee ilaalchiisee Uumman aanaa Amboo irra caalaan isaa qotee bulaa dha. Kunis lafa qootuufi hoorii horsiiuun jireenya isaa gaggeesa. Gosoon omishaalee bayyinaan aaniicha keessatti omishaman kanneen akka xaafii, boqqooloo, garbuu, qamadii, baqeelaa, atarii, saliixiifi kkf dha. Galiin aanaa kanaa irra guddaan gosa tokkoo irratti kan hundaa'e waan ta'eef jireenyi Uummatiicha harka irraa gara afaaniiti. Yeroo ammaa kana qotiisaafi hoorii horsiisuufi baakka guddaa kennaa jira. Aanaan Amboo qabeenya uumamaa kanneen akka Bishaan Amboo, Dhagaa Amboo, Circha diimaa, Warqee, Albuuda gara garaa, boosonaafi lageen bonaa ganna yaa'an kanneen akka laga huuluuqaa, dabbis, qaaleefa'aa qabdi. Akkasumas bakkeewwan seeroon sirna gadaa Oromoo ilmaan Maccaa itti tumamuufi lallabamu kanneen akka bokkuu cittuu, bokkuu xulee, irreecha wacan fa'aa qabdi.


### 1.7.2 Aadaafi Amantaa Hawaasa Aanichaa

Hawaasni Aanaa Amboo ilma gahe kan ittiin fuusiisuufi intala geese kan ittiin heerumsiisu aadaa fuudhaafi heerumaa, kan wal-dhabe kan ittiin araarsu aadaa araaraa, lubbuu darbe kan ittiin gumaa baasu aadaa sirna gumaa qaba. Kana malees qiixisuun nooruu kennee hangafni immoo kan nibaruu ittiin fudhatu aadaa wal kabajuu qaba. Uummanni Oromoo Aanaa Amboo keessa jiraatu amantaa Waaqeeffata, Piroteestaantiifi Ortodoksii hordofa jechuu baannus namoonni amantaalee garagaraa hordofaa jiran kun jaalalaafi wal kabajuun jiraatu.

### 1.7.3 Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Amboo


Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Amboo yoo ilaallee horteen Oromoo aaniichaa harkii caalaan ilmaan Maccaa akka ta'an beekama. Manguddoon umuriin bubulanii seenaa beekan akka jedhaniitti Macaafi Tulamni obboolaadha. Isaanis yeroo dheeraaf naannoo odaa nabee waliin jiraataa eerga turanii booda sababa adda addaatiin irraa caalaattimmoo sababa dhiphiina lafaafi baayyina namaa irraa kan ka'e qubsuma isaanii babal'ifachuuf jecha kallatti adda addaattii qajeelan. Tulmnii gara bahaattii idda isaa kan babal'ifatee yoo ta'u, Macci immo gara Lixaatti hidda isaa kan babal'ifateefi heddumiinaan Oromiyaa keessatti akaakileefi abaabilee hooree akka jiru beekama. Ilmaan Maccaa shananis Liban Maccaa, Guduruu Maccaa, Sayyoo Maccaa, Calliyaa maccaafi Daannoo Macaati. Kanneen keessaa Liibana Maccaa iddoo yeroo ammaa aanaa Dirree Incinnii jedhamuudhaan beekamu keessa qubatee akka tureefi yeroo booda wirtuu kanaa ka'un gara aanaa Ambootiis akka dufe ni dubbatama. Kanaafuu, yeroo ammaa ilmaan kuttaayee caalmaatti aanaa Amboo keessatti qubatanii akka jiran maanguddoonni ni dubbatu.

( Maddi : Waajiira Aadaafi Turiizimii Aanaa Amboo)





(Madda: Waajira Aadaafi Tuuriziimii Aanaa Amboo)

**Fakkii 1: Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Amboo**





(Maddii : Waajiira Maallaqaafi Walta’insa Dinagdee Godiina Shawaa Lixaa

## Fakkii 2: Kaartaa Oromiyaa




**Fakkii: 3** **Kaartaa Godina Shawaa Lixaa**




( Maddii : Waajira Mallaqaafi Walta'insa Diinagdee Godina Shawaa Lixaa)

**Fakkii:4** **Kaartaa Aanaa Amboo**

# Boqoonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

## 2.1. Afoola

Afoolli dhallii namaa naaf haa ta'u jedhee qooqasaatti fayyadamuun eenyummaasaa, yaada, fedha, amantaa, aadaa, duudhaa, mo'uu fi mo'amuusaa, deggarsaaf diddaasaa kkf dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarsaa ture umrii dheeraa kan qabu qabeenya uummataati. Misgaanuu (2011:23 ). Yaada kanarraa akkuma hubatamu afoolli hawaasichuma itti fayyadamu sanaan kan kalaqame, bifa adda addaatiin hawaasa tajaajila kan ture, tajaajilaas kan jiru, gara fuuldaraattis kan itti fufu ta'u isaa hubanna.

Afoolli jiruuf jireenya hawaasaa keessatti iddoo olaanaa qaba. Afoolli haawaasa tokko lubbuu horatee hawaasichi kufama beekumsaa qabuun gara fuulduraatti akka tarkaanfatu kan taasiisuudha. Yaada kana ilaalchisee, Bukenyaan (1994:85) akka armaan gaditti ibsa. "Oral literature is the heart of a people's way of life. It is thw very soul of their cu;ture. As the reservoir of a poelple's values, it expresses a given society's world view & them a spring board from which their day-to day axistence is propelled" jedha

Afoolli ogummaa hawaasaa kan afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbudha. Waantii afaaniin lufaa dhufan kuniimmoo seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha hawaasaa, duudhaa, amantii, safuu, dinagdee, siyaasa uummatichaa, beekumsa, muuxannoofi akka waliigalaatti jireenya dhala namaa baataniiti as ga'an. afaan Oromoo og barruu barreeffamaatiin mul'achuu jalqabuun isaa waggoota dhihoo yoo ta'u, afoolaan garuu seenaa dheeraa qaba. kanaafuu, Uummanni Oromoo jiruufi jireenya hedduu dabarsee keessatti afoola qofatti fayyadamaa akka ture hubachuu ni danda'ama. yaada kana Adduunyaa (2016:166) yoo ibsuu:

> *Hawaasni Oromoo bakkaafi yeroo adda addaatti dhimma adda addaatiif afoolatti gargaarmee ergaa isaa dabarfataa ture; dabarfachaas jira. Afoollii isaa kunis seetoo isaa waan ta'eef, isaan gorfata: seemmoo dinagdee, aadaa fi eenyummaa isaa waan ta'eef, isa ilaalee quufa. Natoon of jaajjabeessee har'umeetti quba aqaba. Daawiitii jireenya isaa waan ta'eefis, kalleessa mul'atee har'a jiraata: harr'a ciniinnatee boruufis suqqata. Isatu jireenya; jireenyat isa jedha.*

Kanaafuu afoola hawaasa tokko qorachuun eenyummaa saba sanaa hubachuuf nama dandeessisa. Yaada kana Finnegan (1970:18) akka armaan gaditti ibsiti. "The study and

appreciation of oral literature is more important than ever for understanding the complexity of human cognition."

Walumaagalatti afoolli kuufama mudannoo fi muuxannoo hawaasaa kan hawaasni eenyummaa, aadaa, safuu, amantaa, falaasama, ilaalcha isaa kan ittiin calaqisiifatudha.

### 2.1.1. Faayidaa Afoolaa

Faayidaan afoolaa heddudha. Manni barumsaa fi barnoonni ammayyaa har'aa kun utuu hin dhufiin dura hawaasni sammuu daa'immanii afoolaan qara. Hawaasa naannoo, safuu, seera, kkf waliin daa'imman kan wal barsiisu afoolatti fayyadameeti. Yaada kana Asafaa (2009:20) yoo ibsu, "ilmoon namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hin jalqabiin dura afoolaan ofii isaa ibsaa ture" jedha. Haaluma wal fakkatuun Misgaanuu (2011:35) yoo ibsu, "Ummata kamiifuu osoo barnoonni ammayyaa kun hin dhufiin dura akka madda barnootaafi ammayyaa kun hin dhufiin dura akka madda barnootaafi beekumsaatti kan tajaajilaa ture afoolasaati" jedha. Afoollii aadaa, eenyummaa, seenaa, falaasamaa jiruu fi jireenya hawaasaa kan ittiin ibsamudha.

Afoolli duudhaan hawaasaa akka hin cabne, seerrii hawaasaa akka kabajamu taasiisuu irraatti gahee inni qabu guddaadha. Kana jechuun gochooniifi amaloonni gaarii itti fuufinsa akka qabaatan kan jajjabeeffaman, gochoon siirrii hin ataneefi safuu hawaasiichaa cabsaniimmoo kan ittiin qeeqaman afoolaani. Hawaasni tokko  seenaa akkamii keessa akka darbee dhufe adda baafachuuf afoolaafi waan afoola keessatti hammataman qorachuun dirqama ta'a. Sababni isaas afoolli waa'e labata darbee isaa har'aati himuuf humna waan qabu. Waanti hawaasa keessatti fudhatama qabu akka itti fuufu, kan hin taneemmoo akka hafuuf afoolatti gargaaramna. Hawaasni miira keessatti dhaga'amu, dhiibbaa irra geessiifameefi dhiibee uummamaan isa qaqqabullee afoola isaatiin ibsata. Dhimmoota hawaasaa, dhimmoota dinagdeefi weeddifaman, siirbi tikseen siirbitu, yeroo namni du'uu boo'ich boo'amu, yeroo ayyaana waggaafi cidhaa siirboon gammachuu of ibsachuuf weeddifaman, baacoo hiriiyoota waliin taasiifamu, sheekkoofi af seenaan maanguddootaan dubbataman hundi afoola keessatti kan hammatamu, ogummaafi faalasama uummatichaa kan ibsan.

Afoollii hubannaafi beekumsa nama gonfachiisuu irratti gahee oolaanaa qaba. Yaada kana ilaalchisee Bukeenya (1994:85) yoo ibsuu "oral literature impacts to the growing person useful coginitive and affective skill which enable the person of life and to be useful members of

society” jedha. Akka yaada kanaati afoollii sii’ayinan hawaasa irraa barachuufi beekumsa argachuuf nama dandeessiisa. Akkasumas, namni tokko beekumsa gonfateen hawaasa keessatti hirmaannaa cimaa taasiisuudhaan hawaasichaaf bu’aa akka buusuu afoollii gahee guddaa qaba.

Afoolli waliigaltee saba tokkoo keessatti iddoo guddaa kan qabudha. Hawaasni kamuu odeeffannoo dhaloota darbee kan argatu afaaniin daddarbaa kan dhufee yoo ta’u, kunis gahee afoolaa agarsiisa. Kunis dhalli namaa afoola isaatti gargaaramee waan darbe yaadata, isa har’aa jiraata, isa boruu raja (Misgaanuu (2011:27). Dabalataanis Addunyaa (2016:70) faayidaa afoolaa ilaalchisee yoo ibsu, “Afoolli tajaajila heddu qaba. Isaan keessaa muraasni haala yeroo ibsuufi ta’iinsota kuusuu, hir’inaafi cimina jiru qeequu, honnachiisuu, barsiisuu fi miliquudha” jedha.

Haaluma kanaan afaan oromoo og-barruu barreeffamaatiin mul’achuun isaa dhiyoo yoo ta’eyyuu, uummanni oromoo jiruuf jireenya hedduu dabarse keessatti afoolasaatti fayyadamee, aadaa, eenyummaa, seenaa, falaasama, amantii isaa ibsachaa akka ture hubana.

### 2.1.2. Gosoota Afoolaa

Okpewho (1992) Afoola Afriikaa gosoota gurguddoo saditti qoode. Isaanis: seeneffemoota afoolaa (oral Narratives), Afwalaloo (oral poetry) fi unka gaggabaaboo (Witticisms) jechuun qoqoode. Akka inni ibsutti, seeneffamoonni warren jaargochaa dhangalaan himaman, raagamtaa, afseenaa fi durduriidha. Afwalaloon, amala walaloon kan guutaman kanneen akka sirba aadaa, weedduu ateetee, faatuu loonii, geerarsa, tapha ijoollee fa’aadha. Kanneen unka gaggabaaboo keessatti hammataman immoo, mammaaksa, hibboo, jechamoota fa’i. Unkawwan gaggabaaboo kana keessaa xiyyeeffannoon qorannoo kanaa malleen diubbii mammaaksaa fi hibboo keessatti xiinxaluu waan ta’eef, isaanuma kana akka armaan gaditti ilaalla.

#### 2.1.2.1. Mammaaksa

##### 2.1.2.1.1. Maalummaa Mammaaksaa

Hayyoonni adda addaa mammaaksaaf hiikawwan garagaraa kennaniiru. Isaan kunis akka armaan gaditti dhiyaataniiru.

Misgaanuu (2011:47) Nagy (1979) wabeeffachuun maalummaa mammaaksaa yoo ibsu, *“A proverb is popular set phrases having no author known mostly in different languages,*

*expressing in one sentence a principle, advice, a genuine or assumed truth in general, concise form, its basic idea being of general validity, or at least its user considers it as such"* jedha.

Akka yaada kanaatti mammaksi hima ykn gaalee beekamaa, barreessaan isaa eenyu akka ta'e adda ba'ee hin beekamne kan qajeelfamni, gorsi dhugaan beekamaan ykn yaada namni hedduun dhugaadha jedhee fudhatu haala gabaabaa fi ifaa ta'ee fi fudhatama qabuun kan dhiyeessudha.

Gama biroon immoo Finnegan (1970:339) yoo ibsitu, "Proverbs are generally by terseness expression by a form different from that of ordinary speech and a figurative mod expression abounding in metaphor." Yaadni kun akka ibsutti mammaksi caasaa gabaabaa dubbii kaan irraa adda ta'eetti kan dhimmi ba'uufi malleen dubbiin kan guute ta'u hubanna.

Mammaaksi akaakuu afoolaa keessaa warra gabaabinaan beekaman keessatti ramadama. Mammaaksi saba Oromoo biratti beekamaa fi jaallatamaadha. Kanaaf Oromoon yoo mammaakuu "Ittoon soogidda hin qabnee fi haasaan mammaaksa hin qabne hin mi'aahu" jedha. Deeggarsa yaada kanaa Finnegan (1970:415) yoo ibsitu "proverbs are essential to life and language: without them, the language would be but a skeleton without flesh, a body without soul" jetti. Kanarraa wanti hubatamu mammaksi gabaabbina isaatiinfi dubbi cimaa ibsuusaatiin hawaasa kamiyyuu biratti beekamaafi jaallatamaa ta'uu isaati.

**2.1.2.1.2. Faayidaa Mammaaksaa**

Mammaaksi faayidaa hedduu qaba. Kanneen keessaa tokko yaada ofii ittiin miidhaksanii dhiyeessuudha. Haaluma Kanaan ergaa tokko dabarsuu keessatti mammaaksaan gargaaramanii yaada mammaaksaan gargaaramanii yaada namaa booji'uu, ilaalchaafi amala sirrii hin taane irraallee gara isa sirrii ta'eetti jijjiirruun ni danda'ama. Yaada kana Misgaanuu (2011:49) Sall (1999) wabeeffachuun akka armaan gaditti ibsa. *"Proverbs have the power to change people's conduct, because the truthportrayed in them are so plain and unchallengeable that those who understand the morals and advice they contain feel compelled to conduct their lives in the manner prescribed in the proverbs by the wise elders of old"* jedha

Mammaaksi jireenya hawaasaa keessatti ilaalchaa fi aadaa hawaasichaa ibsuu keessatti ga'ee olaanaa taphata. Dhimmoota kan akka gammachuufi gadda, amantaafi shakkii, jabinaafi laafina, jaalalaafi jibba, gowwummaafi abshaalummaa fi kkf ibsuuf, kan yakketti dheekkamuuf, safu-hin beeknee qeequuf, qajeelinaafi gaarummaa jajuuf, galateeffachuuf, jajjabeessuuf, kan

waldhabe walitti fiduuf, jajjabeessuuf, kan wal dhabe walitti fiduuf, haala adda addaa keessatti sabni akka aadaa isaatti kan itti tajaajilamudha.

Mammaaksi barnootaaf illee ni gargaara. Hawaasa barnoota idilee hin barannef, mammaaksi gituma barnoota idileetti akka tajaajilu, Finnegan (1970:413) akkasitti ibsiti. “In a non-literate society instruction through proverbs provides a means for relatively formal education and transmission of cultural traditions”

Walumaagalatti mammaaksi haasaa godhamuuf bareedina kan kennu, Amala ilma namaa haala gaarrin qaranii baasuuf kan gargaaru yoo ta’u, yaada tokko guddisanii, humna kennanii, ifa taasisanii dabarsuufi haala ergaan namaaf galuutiin xumuruuf kan fayyadudha.

#### 2.1.2.2. Hibbo

##### 2.1.2.2.1. Maalummaa Hibboo

Hibboon haala gaaffii fi deebiin kan dhiyaatu, unka gabaabaa kan qabuu fi garee lama giddutti kan taphatamu yoo ta’u, tokko kan gaafatu, inni biro immoo kan deebisu yookiin kan tilmaamudha. Yaada kana hayyuun Okpewho (1992:293) akka armaan gaditti ibsa. “Riddle is a verbal puzzle in which statement in posed in challenge and another statement offered in response either to the hidden meaning as the form of the challenge.” jedha.

Haaluma walfakkaatuun Yaadannoo (2014:103) yaada kana akka armaan gaditti ibseera.

> *Hibboon afoola Oromoo keessaa isa tokko ta’ee kan hawaasni Oromoo jiruufi jireenyasaa keessatti yeroo waarii fi waaree bifa gaaffii fi deebiitiin ilmaan isaa ittiin barsiisuudha. Hibboo gaggeessuuf namoonni lama kan gaaffii gaafatuu fi kan deebisaa deebisu dirqama jiraachuu qaba. Hibboon akkaataa itti dhiyaatu adeemsa mataasaa qaba. Kana jechuun kan gaafatu yeroo gaafatu inni kaan immoo ni dhageeffata. Kan gaafatame yoo deebisaa wallaalu biyya kennaaf; sana booda arrabsoon arrabsama. Akkuma yaada olii kanarraa hubatamu hibboon Oromoo biratti beekamaafi jaallatamaa kan ta’e, ijoollee barsiisuuf gahee guddaa kan qabu ta’uu hubanna. Akkasumas taphni hibboo yoomeessaa fi addeemsa kan qabudha.*

Karaa biraammoo maalummaa hibboo ilaalchisee hiikni kenname kanaa gaditti dhiyaateera.

> *Riddle is word puzzles in which familiar objects or situations are referred to in figurative terms for us to decipher what is actually meant. This definition points to how riddles are rich language and meaning. In his earlier publication, miruka observes that riddles presents peculiar characteristics of a concept whether those characteristics are physical, behavioural or habitual and requires the unreveling of the concealed literal reference. (Masarat 2009:19, Okumba 1999:135 waabeffaachuun)*

Akkuma armaan olitti ibsame hibboon tapha waa'ee wantoota ykn haaoota beekamoo ta'an dubbii qolaatti fayyadamuun gaaffii nama rakkisuuf deebii kan kennudha. Kunis hibboon hiika bal'aafi gadi fagoo kan qabu, amaloota adda addaa kan mul'ataniifi hin mul'anne kan ibsuu danda'udha.Hibboon gosoota afoolaa biro irraa kan adda isa taasisu unka gaaffii fi deebii kan qaba ta'uu isaati.

#### 2.1.2.2.2. Faayidaa Hibboo

Hibboon sammuu daa'immanii qaruuf akka mala barsiisuu tokkootti fayyada.

Hibboon gaaffii gaafachuun yookiin mamii dhiheessuun naannoo barsiisuufi dandeetti sammuu cimsuuf ga'ee guddaa qaba. Hibboon akka dorgommiitti kan dhihaatuufi dandeettii waa yaadachuu namaa cimsuuf, ilaalchaafi akkaataa itti yaaduu namaa gabbisuuf, akkasumas murtii kennuuf gargaara.

Yeroo baay'ee faayidaan hibboo akka bashannana ijoolleetti hubatama. Haa ta'u malee hibboon bashannanaaf qofa osoo hin taane dandettii yaaduu daa'immanii cimsuuf ga'ee guddaa taphata. Kanaaf daa'imman hibboo yoo taphatan dandeettiin dafanii waa yaaduu isaaniis kan gabbifatan. Kana malees, hibboon amala namaas ta'e kan wantotaa akkasumas kan beeyiladootaa barsiisuuf ga'ee guddaa qaba. Yaada kana Finnegan (1984:442) akka armaan gaditti ibsiteetti.

> "*The explicit purpose of riddles, then is almost invariably amusement. Commentators have however predictably pointed to many of their incidental functions as well. Becides entertainment, riddles are sometimes claimed to play an indirect aducational role by training children in quick thinking, in intellectual skill and in classification, providing, through their sexual or comic bias, a release from*

*tensions imposed by the moral and social code, or leading to a full participation in social life*."

Qabxiiwwan armaan olii kanarraa hibboon jireenya hawaasummaafi barnootaa keessatti ga'ee guddaa akka taphatu ilaaluun ni danda'ama.

## 2.2. Malleen Dubbii

### 2.2.1. Maalummaa Malleen Dubbii

Malleen dubbii fayyadama afaanii ergaa tokko haala salphaa fi miidhagina qabuun kan dabarsanidha. Hiika malleen dubbii Addunyaa (2016:208) yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisaniidha. Kana jechuun, karaa itti waan guddaa tokko kineessanii, kinoo ammo arbeessanii, binoo nameessanii, namoo bineensanii, walcinaas qabanii, cinaachaan himaniifi wkf taasisuun hubannoof haala mijeessan jechuudha" jedha.

Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubatamuun danda'amutti, malleen dubbii tooftaa garaagaraatiin fayyadamuun mala ergaa dabarfachuuti. Maloonni kunis waldorgomsiisuu, amala waan tokkoo kan biraaf kennuu, faallaa wanta jedhamuun barbaadame Sanaa dubbachuun haala salphaa ta'een ergaa dabarfachuudha.

Haaluma wal fakkaatuun Misgaanuu (2012:77) malleen dubbii akka armaan gaditti ibsa.

> *Dubbiin qolaa wanta tokko wanta biraatiin walbira qabuun waan hin beekamne akka beekamu taasisuu, wanta lama bifa fuullee hin taaneen waldorgomsiisuu, wanta tokko maqaa dhahuun wanta biraa walbira qabuun ibsuu, amala lubbuu qabeeyyii yookaan lubbuu dhabeeyyiif kennuu, amala namni tokko hin qabne olkaasuun yookaan gadi buusuun dogoggora hawaasa tokko keessa jiru sirreessuurratti iddoo guddaa qaba jedha.*

Malleen dubbii ergaa barbaachisaa ta'e haala dhaggeeffataan gadi fageessee hubatutti kan dhiheessudha. Malleen dubbii yaadni tokko sammuu dhala namaa keessatti fakkii kaasuun akka dafee hin dagatamne kan taasiisanidha. Akkasumas namoonni waan dubbatamu sanatti xiyyeeffannaa kennanii akka dhageeffatan haala hawwataa ta'een kan dhiyaatanidha. Yaada kana Yaadannoo (2014:83) akka armaan gaditti ibsa.

*Dubbiiwwan qolaa kun sadoommii yookiin malleen dubbii jedhamuun beekamu. Maanguddoonni Oromoo durii afaaniin yookiin barreessitoonni ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka asoosamaa, diraamaa, walaloo, hololoo, waliin dubbii adda addaa keessatti ijoo dubbiisanii haala mi'awaa fi miira namaa harkisuun yaadaan fakkii sammuu keenya keessatti uumanii kan barbaadan xiqqeessuun, kan tuffachuu barbaadan jajuun kan abaaruu fedhan eebbisuun salphaatti dagatamuu akka dagatamu hin dandeenye hubachiisuuf akka itti fayyadaman dubbii qolaa yookiin sadoommii jedhama.*

Akka waraabbii kanaatti maanguddoonnii Oromoo malleen dubbitti bal'inaan kan itti fayyadaman akka ta'efi dubbii haala mi'aawaa miira namaa harkisuun kan itti dhiyeessan ta'uusaa hubanna. Karaa biraa immoo Harry (1972:208) yoo ibsu, "A figure of speech in which the literal meaning of a word or statement in the opposite of that intended. In literature, it is a technique of indicating an intention or attitude opposed to what is actually stated." Jedha.

Akka yaada kanaatti malleen dubbii yaada dabarsamuu barbaadame sana faallaa isaa jechuudhaan karaa yaada ofii amansiifachuu danda'amu akka ta'e hubanna. Deeggarsa yaada kanaa Qoriche(2016 :19) Kennedy (1987:128) wabeeffachuun "Malleen dubbii yeroo waan tokko kallattiin dubbannu wanta biraas faallaan ibsuudha" jedha. Malleen dubbii galumsa hiika jechaa yookaan gaalee kan barame irraa maqsuun yaada darbu sanaaf xiyyeeffannaa kennuudha.

### 2.2.2. Gosoota /Akaakuu/ Malleen dubbii

Gosoota Malleen dubbii Ibsaa (2009:14) Guddo (1982:27) wabeefachuun akka armaan gaditti qooda, "There are many figure of speech devices. Figure of speech devided into: Smile, metaphor, Personification, apostrophe, hyperbola, antithesis, syneodoche, paradox and symbol" jechuun qoqqoodeera. Addunyaa (2016:208) yaada kana deeggaruun gosoota malleen dubbii yoo ibsu, "Malleen dubbii akaakuu garaagaraa qaba. Isaanis: akkasaa, iddeesaa, nameessaa,habalaka,eemitii,arbeessuu,kineessaa fi wkf ta'uu malu" jedha. Yaadoota kanarraa wanti hubatamu malleen dubbii akaakuu garaagaraa qabaachuusaaniti. Akaakuwwan isaanii kanas armaan gaditti tokko tokkoon yaa ilaallu.

#### 2.2.2.1 Iddeesaa:

Malli dubbi kun waan tokko guutumaan guutuutti amala waan biraa gonfachiisuun haala itti dhiyaatudha. Iddeessi karaa dhokataa ta'een wantoota wal dorgomsiisa. Kana jechuun wantoonni amalaan, bifaan, gochaa fi kkfniin wal hin fakkaanne bakka wal bu'uun akka waldorgoman taasiisa. Yaada kana Lawrence (1972:11) akka armaan gaditti ibsa.

> "*This definition ties in with the notion of metaphor (one type of figurative language) as defined in traditional rhetoric. The word itself derives from the Greek 'meta' expressing change, and 'pherein' meaning 'to carry' (In other words, metaphors involve a carrying across 'of meaning from one object to another. Thus, a comparison is made between two essentially dissimilar things by identifying one with the other*"

Yaada kanarraa wanti hubatamu jechi iddeesaa jedhu kun maddi isaa Giriik yemmuu ta'u, hiikni isaa waan tokko waan biraatiin bakka buusuudha. Kanaafuu iddeessuun one tokko bakka isa biro buusuudhaan wantoota wal hin fakkaanne wal dorgomsiisuu dha. Adeemsa wal dorgomsiisuu kana keessatti ergaan dabarfamuu barbaadame kan hubatamu wanticha bakka bu'e sana irratti hundaa'uudhaan ta'a.

Hudson (1980) yaada kana deeggaruun yoo ibsu, "Metaphor is the transferred sense of a physical word; the personification of an abstraction; the application of a word or collocation to what it does not literally denote." Jedha.

Finnegan (1970:384) mammaaksoonni Afriikaa hedduun mallen dubbii iddeessaafi akkasaatiin guutamani akka jiran akka armaan gaditti ibsiti.

> *A more detailed discussion of form in African proverbs is there fore needed hee to show these two charactoristics more clearly. The general truth touched on in a proverb can be conveyed in several ways: more or less literaly, through a simile, or most commonly through ametaphor. The relatively literal forms of proverbs often contain some allusion or a picturesque form of speech, and among certain peoples atleast are marked by some poetic quality such as rhythm.*

Haaluma Kanaan iddeesi mammaaksaafi hibboo keessatti waantoota amalaan, bifaan, gochaafi kkf adda ta'an jechoota amma, akka, fakkata jedhan osoo hin fayyadamiin wal dorgomsiisudha. Fakkenyaaf:

- Ollaa hamaan injiraan hucuuti.
- Gurbaan diimaa lagaa lallaba /arraba/

Fakkeenyoota armaan olii kana keessatti **Gurbaan diimaa** bakka **Arrabaa** bu'e. Akkasumas, **Ollaa hamaan** immoo **Injiraan** hucuutiin bakka bu'e.

#### 2.2.2.2 Nameessaa

Nameessuun akaakuu malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee, amala dhala namaa lubbu-qabeeyyii yookiin lubbu maleeyyi biro gonfachiisuudhaan ergaa dabarsuu barbaadame dabarsuudha. Yaada kana ilaalchisee Meyer, (2008:37), "Personification is a way of speaking or writing in which in animate object or obsattactions given human qualities" jedha.Yaada kanarraa akkuma hubatamu nameessi wantoota nama hin taaneef amala namaa kennuun dubbii keessatti yookiin barreeffama keessattu akkaataa yaada ofii itti ibsanidha

Haaluma walfakkaatuun Ibsaa (2008:15) Miller fi Greenberg (1991:66) wabeefachuun nameessuu akka armaan gaditti ibsa. "Personification is used in speech and writing for giving in animate objects, abstract concepts of actions, human or near human characteristics, having the quality of metaphor since it is a metaphoric way of spicing up writing and making the abstract more relatable. In it, distinctive human characteristics, e.g honesty, emotion, volition, etc.. attributed to an animal, object or ideas".

Nameessuun dubbii fi barreeffama keessatti wantoota amaloota qabatamaafi mul'achuu hin dandeenyee qaban amala namaatiin wal fakkeessuudhaan; yaadichi haala irra caala qabatamaa ta'een akka hubatamu taasiisuudha. Amala namaa gonfachuudhaan kanneen akka namaatti miira dhalli namaa agarsiisu. Fakkeenyaaf dubbachuu, aaruu, nyaachuu, amanamuu, yaaduu fi kkf kan calaqisiisan bineensoota, beeyladoota, wantootaa yookiin yaadota ta'uu danda'u.

Yaaduma armaan olii kana deeggaruun Addunyaa (2016:211) Nameessaa yoo ibsu, "Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu-maleeyyii yookaan lubbu-qabeyyii biroo amala namaa gonfachiisuudha. Haala Kanaan, akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan,

ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqanii fi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniiti.” Jedha.

Haaluma Kanaan mammaaksaafi Hibboo keessatti wantoonni dhala namaatii ala ta’an wanta dhalli namaa raawwachuu danda’u yeroo raawwatan argina. Fakkeenyaaf:-

- “Shanis elmamu shantamnis dhalu koo qiraaciitti” jette adurreen.
- Wajjiin nyaanna maaf huuqqatta? Fal’aana

Akkuma fakkeenya armaan olii irraa huban adurreen’ akkuma namaa dhiibbaa irra gahe yeroo dubbatu argina. Hibboo keessatti immoo nyaachuufi huuqqachuun wantoota dhalli namaa raawwatan ta’ee osoo jiru, garuu amalli kun’ fal’aanaaf’ kenname jira. Kanaafuu malli dubbii nameessaan mammaksaafi hibboo keessatti namoonni waan kallattin dubbachuu hin barbaanne tokko lubbu-qabeeyyi fi lubbu-maleeyyitti qabachuudhan haala yaada isaanii ittiin ibsatanidha.

### 2.2.2.3 Akkasaa

Akkasaan gosa malleen dubbii keessaa isa tokko. malli dubbii kun akkuma maqaa isaarraa hubatamu gaalee ‘akka isaa’ jedhurraa ijaarame. Akkasaan jechoota akka, hamma, fakkaatafi hanga jedhanitti fayyadamuudhaan wantoota lama walcinaa qabne kan wal dorgomsiisudha. Melakne (2006:65) yaada kana akkanatti ibsa. “Simile is a figures of speech in which a comparison is expressed by the specific use of a word or phrase such as like, as, than, seem or favorite as if.”

Akkasaadhaan yeroo wantoota waldorgomsiisnu wanta ibsuu barbaanne sana waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta’een walcinaa qabna.kunis ergaa dabarsuun barbaadame sun akka salphaatti akka hubatamu gargaara.

Akkasaan waldorgomsiisaa wantoota lamaa haa ta’uu malee wantoonni waldorgomsiisaman sun guutumaan guututti ta’uu yoo baateyyuu, waa muraasaan kan walfakkatan ta’u danda’u. Fakkeenyaaf

- Hamma majii geessi biyya waliin geessi. Aduu
- Alaa hanga gaalaa, manaa hanga baalaa

Mammaksaafi hiibboo armaan olii keessatti wantoonni lama jechoota hanga ykn hamma jedhaniin walcinaa qabamanii yeroo dorgomsiifaman argina.

#### 2.2.2.4 Arbeessuu

Arbeessuun waa'ee waan tokko dhugaa ta'een olitti garmalee gurra guddisanii dubbachuu yookiin waan tokko garmalee xiqqeessanii yookaan salphisanii dubbachuudha. Yaada kana Addunyaa (2016:214) yoo ibsu, "Arbeessuun waan tokko garmalee guddisanii yookaan garmalee xiqqessanii dhiyeessuudha. Kunis jechuun, waan tokko guddisanii hanga araba, kineessanii ammo hanga huubaa taasisuu jechuudha."Jedha.

Yaada kanarraa wanti hubatamu amalli yookiin wanti ibsamu barbaadame sun dhaggeeffataa biratti xiyyeeffannaa akka argatuufi dinqiisiifatamuuf jecha dhugaa mul'atu irraa baay'ee ol guddisuu yookiin gadi xiqqeessun mala itti yaada ofii ibsatani ta'uu isaati.

Fakkeenyaaf

- Marabbaan jiraannaan man'een mixii cidha galcha
- Kan shantamni dhaabe shantamni hin buqqisu/awwala/

Mammaaksotaafi hiibboo armaan olii keessatti wantoonni ibsaman dhugaa jirurra olkaafamanii fi gad xiqqatanii dhiyaataniiru. Mammaksa isa tokkoffaa keessatti 'Jaalalli jiraannaan man'een mixii cidha galcha jedha' kana jechuun ammam ille jaalallii fi waliigalteen jiraatu man'een mixii cidha galchuu hin danda'u. Haa ta'u malee waa'een jaalalaa xiyyeeffannoo akka argatuuf jecha yaadni isaa garmalee olguddisame dhiyaachuu isaa argina.Hibboo isa lammaffaa keessatti immoo awwaalli garmalee kan jabaatu fi akka namni hedduu illee buqqisuu hin dandeenyeetti ibsameera.Kunis yaanni isaa xiyyeeffannaa akka argatuuf jecha mala dubbii arbeessuutti dhimma ba'uun kan dubbatame ta'uusaa mul'is

#### 2.2.2.5 Habalaka

Habalakni gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee, yaada dabarfamuu malu tokko faallaa isaattin ibsudha. Kana jechuun waa'ee wanta ibsuun barbaadame Sanaa kallattiidhaan yookiin ifatti mul'isuun osoo hin taane faallaa waan jedhamuun yaadamee jechuudhaan malaergaa ittiin dabarsanidha.  Fedhasaa (2013:97) yaada kana ilaalchisee akka armaan gadiitti ibsa.

> *Habalakni dubbii addummaa wanta fakkatuufi dhugaan ta'e giddutti mul'atudha. As keessatti wanti jedhamuuf ka'e isa jedhame miti. Hiikasaa hubachuun kan danda'amu waan barreessaan dhugaan jechaa jiru sirriitti yoo hubatameedha. Hiikni himamu faallaa isa jedhameeti. Fakkeenyaaf,*

*mucaa waa balleesse tokkoon 'ishoo kormee koo jabaadhu!' yoo jedhan habalaka. Sababni isaa, balleessaatti jajjabeessuun seera miti. Akka baay'ee hadheeffatan ibsuuf habalakaan kan dubbatanidha. Kanaafuu, habalakni yaada faallaa ta'e qaba.*

Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubatamu hiikni wanta dhugaan jedhame Sanaa faallaadhaan dhiyaata waan ta'eef, yaada dhugaa ibsamuun yaadame sana sirriitti hubachuun barbaachisaadha. Akkasumas hiika waan ibsamee hubachuuf haala keessatti ibsameefi aadaa hawaasichaa hubachuun barbaachisaadha. Bakka hubannaan akkanaa hin jirreetti garuu ergaa sana hubachuun rakkisaa ta'uu mala.

#### 2.2.2.6 Eemiti

Eemitiin yaadoota waliif faallaa ta'an lama walfaana hiriirsiisuudhaan yaada dhugaa ta'e tokko haala ittiin ibsinudha. Addunyaa (2016:212) deggarsa yaada kana cimsuu yoo ibsu, "Jechi 'eemiti' jedhu 'eeyyee fi miti' jechoota jedhanirraa uumaman. Jechoonni kunneen faallaa waliiti. Amaluma jechoonni kun dhuunfaan qaban faana bu'uun bakka wantoonni faallaan lama wal-faana dubbataman taasisuun itti fayyadamuudha." Jedha.

Akka yaada olii kanarraa hubannutti yaadonni walfaalleessan lama walcinaatti hiriiruudhaan yaada dhugaa hin fakkaane tokko garuu immoo kan dhugaa ta'e haalli itti ibsamu mala dubbii eemitidha.

Fakkeenyaaf:

- Ija wajjin dhalatteet osoo hin ilaaliin duuti/Biddeen/
- "Waatole waabade gaariin mudaa hindhabu.''

Fakkeenyoota armaan olii kana keessatti yaadonni faallaa waliif ta'an waliin hiriiruun yaada tokko yemmuu dabarsan mul'ata.Yaadichii gubbaan isaa yoo ilaallamu dhugaa kan hin taaneefi kan waldiigu fakkaata.Ergaan isaa gadifageenyaan yoo xiinxalamu garuu waan dhugaa ta'e tokko dabarsa.

#### 2.2.2.7 Atee /Jedhiyaadii/

Ateen mala dubbii keessaa tokko ta'ee waan nama bira hin jirree tokkotti akka waan nama bira jiraatee namatti dubbatuufi namaaf deebisuu danda'utti lakkaa'udhaan itti dubbachuudha.

Yaada kana ilaalchisee, Ibsaa (2016:22) Isaaq (2003:10) fi Zarihuun (1992:116) wabeeffachuun haala Kanaan ibseera."Jedhiyaadiin waan nu bira hin jirre tokko namas ta'ee namaan ala kanneen ta'an akka waan nu bira jiranii nu dhaggeeffataa jiraniifi deebii nuuf kennuu danda'anitti fudhachuun, gaaffii gaafachuun, marii wajjiin taasisuun, haasofsiisuu, qaaqsuu, **gaddisiisuun** yookiin kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamuudha."

Yaada olii kanaraa wanti hubatamuu danda'u, mala dubbi kana keessatti wanti ergaan itti darbaa jiru sun lubbu-qabeeyyii yookiin lubbu maleeyyii ta'uu ni danda'a. Akkasumas waan dhihoo ta'ee dubbii namaa dhaga'uufi deebisu danda'u miti kun isa dhageeffachaa jiranitti fudhachuudhaan itti dubbata.

#### 2.2.2.8 Tuqsee

Tusqeen mala yaada dabarsuu barbaadame tokko waan biraa waliin walqabsiisuun dhiyeessuudha. Wantoonni ergicha waliin walqabsiifamanii dhiyaatan kanneen akka aadaa, safuu, amantii, duudhaa, iddoo, namootaa, gochaa fi kanneen kana fakkatanidha. Namni mala dubbii kanaa tokko wantoota tuquu barbaade sana karaa kallattis ta'ee, alkallattiin wabii godhatee tuquun yaada isaa dabarfata.

#### 2.2.2.9 Irra deddeebii /Fakkee/

Fakkoon gosoota malleen dubbii keessaa tokkodha. Malli dubbii kun wantoonni caasaafi hiikaan walgitan yammuu irra deddeebi'anii galan kan uumamudha. Yaada kana Yaadannoo (2014:89) yoo ibsu "Fakkoon yemmuu gaalee, hiikaa fi caasaan walfakkaatu irra deebi'uudha. Malli dubbii kunis walaloo Hibruu, Hindootaa fi Ameerikaa keessatti bal'inaan kan mul'atuudha." Jedha.

Akkuma yaada kanarraa hubatamu malli dubbii kun bal'inaan kan mul'atu walaloo keessatti. Haalli itti uumamuus irra deddeebii gaaleewwan, hiikaafi caasaa walgitu qabaniin ta'u isaati. Irra deddeebiin jechootaa kun immoo ergaan dabarfamuu barbaadame sun akka xiyyeeffennaa argatu kan taasiisanidha. Dabalataanis, haalli dhiyeenya isaa miidhagina akka gonfatu taasiisu. Walumaagalatti irra deddeebii gaaleewwan fi jechoota caasaa fi hiikaan walgitanitti fayyadamuun malli yaada ofii ibsachuu fakkee jedhama.

#### 2.2.2.10 Mallattoo

Malli dubbii kun waa’ee wanta ijaan hin mul’anne fi qabatamoo hin taane tokkoo yaada dabarsuun barbaadame sana waan mul’atuun bakka buusanii mul’isudha. Yaada kana ilaalchisee Melakneh (2006:146) yoo ibsu, “Symbolism is the representation of reality on one level of a reference by corresponding reality” jedha.

Yaada armaan olii irraa akkuma hubannu mallattoon bakka bu’aa waan ibsamuu barbaadameti. Mala dubbii kanatti yeroo fayyadamnu bakka bu’ee ta’anii kan tajaajilan wantoota garaagaraa ta’uu ni danda’u. Kana ilaalchisee Melakneh (2006:65) akka armaan gaditti kaa’a. “Symbol is a thing could be an object, person, situation or action which stands for some thing else more abstract for example, our flag is a symbol of our country” jedha.

Akka yaada armaan olii irraa hubatamutti wantoonni bakka bu’an meeshaa, nama, haala ykn gocha ta’uu ni danda’u. Kanneen kunis waantota qabatamaa hin taane bakka bu’uun yaada dabarfamuu barbaadame sana ifa taasiisu.

Misgaanuu (2012) gosonni fakoomii bakka gurguuddaa sadiitti akka qoodaman ni ibsa. Isaan keessaas fakkoommiin inni jalqabaa, fakkoommii akka waliigalatti (addunyaatti) beekamaniidha. Inni kun haala walfakkaatuun hawaasa hunda biratti waan beekamuuf hiika isaa bira gahuun nama hin rakkisu. Fakkeenyaaf : gugeen; Nageenya bakka buuti fakkoommiin inni lamaffaammoo, akkaata aadaa, barsiifata, safuu, kabaja hawaasaa, waliin kan walqabatudha. Fakkoommiin akkasi hawaasicha keessaa kanneen bahan waan ta’aniif alagaan fakkoommii akkanaa hubachuuf ni rakkata. Fakkeenyaaf, Uummata Oromoo biratti bifti gurraacha Waaqatti ykn amala Waaqaatti yommuu fakkeeffamu, Uummata biro biratti immoo mallattoo gaddaati. Kuni immoo fakkoommiin falaasama jiruufi jireenya hawaasaafi mudannoo uummata tokkorraa kan uummamee ta’u isaa agarsiisa. Sababa kanaaf, akka fakkoommii waligalaatti haala walfakkaatuun hubachuun rakkisaadha. Fakkoommiin inni sadaffaan immoo fakkomii dhuunfaati. Fokkoommiin dhuunfaa kan waloon xiyyeeffannoo addaa kennuudhaan akka ilaalchaafi hubannoo isaatti itti gargaaramuudha. Kunis kan dhuunfaa isaa waan ta’eef karaa walichaa qabatanii qara sammuu ofiitiin gad fageenyaan yaadani deemani suuta yaadani yoo bira gahan malee ergaan isaa hin hubatamuu.

### 2.2.3 Faayyida Malleen Dubbii

Malleen dubbii gosoota afoolaa garagaraa keessatti faayidaa adda addaa qabu.Yaada kana ilaalcuisee Yaadannoo(2014:83) akkanatti ibsa, Walaloo mi'eessuu keessatti sagalee akka rasaasaa dhuka'u uumuun miidhaksee,afaan bansiisee nama dhggeeffachiisa. Aarii,gadda,gammachuu keenyaafi kkf haalaan ibsachuuf bakka guddaa qaba.Fakkeenyaaf, barreessaan asoosamaa ,filmii ykn sirbitoonni dhaaba siyaasaa mormuu barbaadan tokko kallachaan dubbachuu yoo sodaatan dalga qabanii dubbii qolaatti fayyadamuun ergaa isaanii dabarfatu.Jedha.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubatamu malleen dubbii ga'umsa dubbii miidhaksanii dhiyeessuu ni qabu. kanaaf, dubbiin dubbatamu gurra dhaggeeffataatti akka tolu gochuudhaan ergaan akka darbu barbaadame sun xiyyeeffannaa akka argatu taasiisa. Akkasumas,miira namatti dhaga,aamu tokko haalaan ittiin ibsachuuf gargaaru.Dabalataanis, yaada kallattiidhaan ibsachuuf nama rakkisu illee malleen dubbiitti dhimma bahuun ibsachuun ni danda,ama

Malleen dubbii wantoota wal cinaa qabuun qabata waan tokkootiin isa biro akka hubatamu taasisuurratti qooda guddaa qabu. Kana ilaalchisee Misgaanuu(2012:77)yoo ibsu,

> *Dubbiin qolaa wanta tokko wanta birootiin wal bira qabuun waan hin beekamne akka beekamu taasisu, wanta lama bifa fuullee hin taaneen wal dorgomsiisuu,wanta tokko maqaa dhawuun wanta biraa wal bira qabuun ibsuu,amala namaa lubbu qabeeyyii ykn lubbu dhabeeyyiif kennuu,amala namni tokko hin qabne ol kaasuun ykn gadi buusuun dogoggora hawaasa tokko keessa jiru sirreessuurratti iddoo guddaa qaba.*

Malleen dubbii yaada darubu tokko kallattiin ibsuurra alkallattiin ykn karaa kallattii irraa maquun dhiyeessuun ergichi gadi fageenyaan akka xiyyeeffatamu taasisa.Yaada kana Warrinnier (1982: 352) irratti yoo ibsu,'' It is figuratives when it imaginatives rather than factual."jedha.

Malleen dubbii fayyadama afaanii karaa salphaa ta,een dhaamsa kan ittiin dabarsinuudha. Dubbiin malleen dubbiitti fayyadamuun dubbatamu sammuu namaa keessatti haala fakkii uumuu danda'uun dhiyaata waan ta'eef,yaadicha darbu salphaatti hubachuun ni danda'ama.Kunis malleen dubbii ,wanta lubbuu hin qabne akka lubbuu horatu, wanti dimimmisaa jiru akka ifu, wanti xiqqoon guddatee akka mul'atu gochuudhaan waan dhiyaataniifi.Yaada kana cimsu Shaw (1972:159) yoo ibsu,*"Figurative language is deliberate*

*and international depature from normal meaning or word order so as to gain freshness and strength of expression the basic purpose of figuratives languages are to employ ornamental devices for comparing dissimilar things and for creating sound and images"jedha.*

Akkuma yaada kana irraa hubatamutti malleen dubbii yaada dabarsamu tokko miidhagina uumuudhaan, ergichi gurra namaatti hawwataa akka ta'u ,sammuu namaa keessatti suura akka uumuu gochuudhaan,ergaa darbu sana ifa godhu.Akkasumas, dhaggeeffataan xiyyeeffannaafi fedhiin akka dhaggeffatu taasisu.

## 2.3 Waliitti Hidhannaa Malleen Dubbiifi Afoolaa

Afoollii ogummaafi muuxannoo jiruufi jireenya hawaasaa labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbuudha. Afoollii afaaniin darbu kun immoo aadaa, seenaa, amantaa, dinagdee,siiyaasafi haala jiruufi jireenya uummataa kan ibsuudha. Kunis, hawaasiichi afoola ofii kalaqee kanattii gargaaramuun mudannoo jireenya isaa hunda ifa baasa. Keessumaayyuu sabni Oromoo afoolaan kan badhaadhee ta'uun isaa dhugaa mul'atuudha. Kuufama ogummaa isaa kanaan barnoonni ammayyaa har'aa kun otoo hin dhufiin dura sammuu daa'immanii afoolan qara, hawaasa naannoo, safuu, seera kkf waliin daa'imman kan wal barsiisuu afoolatti fayyadameeti. Akkasumas, hawaasni Oromo bakka adda addaa jiraatu kan wal gorsu, wal barsiisu, gocha siirrii ta'e kan ittiin jajjabeessu, waan safuu hawaasa cabsu immoo kan ittiin qeequ afoola isaatti gargaarameeti. Afoolli immoo miidhagina qaba. Yaada kana Misgaanuu (2011:33) yoo ibsuu, "Og afaan yommeessa kamiyyuu keessatti yoo dhiyaatu miidhagummaa gonfateeti. Uumamumaanis waanti og afaan keessaa burqu miidhagaadha. Kanattuusi gaafa og barruu waliin laaqamu og barruu miidhagina gonfachiisee dubbiisaa ofitti harkisa" jedha. Kanaafuu, yaadni yookiin ergaan karaa afoola garagaraa darbu gurra dhageeffataa kan hawwatuufi qalbii namaa kan booji'u ta'ee afoolaan dhiyaata.

Afoolli miidhagina akka qabaatuuf waantoota gahee guddaa taphatan keessaa tokko malleen dubbiitiin dhiyaachuu isaati. Fakkeenyaaf: mammaaksa, hibboo, durdurii, walaloo, siirba, faaruu fi kkf keessatti malleen dubbii bal'inaan mul'atu. Malleen dubbii afoola gara garaa keessatti argaman kun ergaa karaa afoolaatiin dhiyaatu sana miidhaksuudhaan akka dhageeffataan miira guutuudhaan ofitti fudhatu taasiisuu. Akkasumas, ergichi salphaatti akka

hubatamuufi sammuu namaa keessatti suura uumuun osoo hiin dagatamiin yeroo dheeraa akka turuuf shoora oolaanaa qaba. Yaada kana Rabbiirraa (2009:183) yoo ibsuu:

> *Malleen dubbii jechuun dubbiifi barreeffama keessatti holooloonis ta'e walaloon dhaamsa dabarsuuf barbaadame sana humnaafi miidhagina gonfachiisuudhaan sammuu dhageeffataa yookiin dubbiisaa keessatti fakkii uumee, miidhagee, salphaati akka hin dagatamne taasiisee dhiyeesyuudhaan dubbiin sun bakka guddaa akka argatu taasiisuu kan danda'uudha jedha.*

Akkuma yaada olii kana irraa hubatamuuti malleen dubbii humna yaadni tokko akka xiyyeeffatamu gochuu qabu. Kanaafuu, afoolli malleen dubbii gara garaatiin waan dhiyaattuuf dhageeffata hawwata, dubbii mii'eessa, qalbii namaa booji'a jechuudha. Kunis afoolliifi malleen dubbii waliitti hidhannaa cimaa qabaachuu isaan kan mirkaneessuudha.

## 2.4 Yaaxxina Qoranniicha Tumsu

### 2.4.1. Yaaxxina Faayidaa

Yaaxxinni faayidaa qo'annoon afoolaa gama faayidaa isaatiin gaggeeffamu akka qabu mirkanneessa. Kanaafuu, afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalatme hiika qabaachuu dhiisuu danda'a. Kanaafuu, namoonni afoolatti gargaaraman hundii haala barbaachiisuummaa isaa hubatanii ykn faayidaa isaa irratti hunda'anii akka itti fayyadamaniif kan carraa kennudha.Akkasumas,yaaxxinni faayidaa tooftaa ittiin jiruuf jireenya hawaasaafi aadaa hawaasaa qoratanii, akka jiraachisaniif uumame. Yaada kana (Okpewho,1992) yoo ibsu "Functionalism thus emerged as a method of studing the life and cultures of a society by examing the function or role performed by any thing practiced in the society(e.g tale told by its members) as well as the way in which thes functions help to ensure the survival of society,"

Yaaxxina faayidaa kan hundeessee nama WilliamBascoom jedhamuudha. Akka yaada Bascoomiitti artiin mallattoo (Verbal art) jechii isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajilu, waliitti fiduufi aadaan giddu galeessuummaan akka ijaaramuuf gargaara. Haaluma kanaan beekaan kun tajaajillii afoolli gara garaa qabuus akkasiin ilaala: Mammaaksii murtee seera qabeessa dabarsuuf gargaara, hibboon sammu qara, dur duriin amala sirreesa, sirbii onnee gootaa cimsa. (Alamaayyoofi Alamiituu 2010).

Haaluma kanaan xiyyeeffannaan qorannoo kanaas faayidaa malleen dubbii mammaaksaafi hibbbb Oromoo keessatti qaban qorannoodhaan ifa baasuudha. Akkasumas, ittifayyadamni gosoota afoolaa kun akka dabalu gochuu dha. Kanaafuu xiyyeeffannaan yaaxxiina faayidaas hawaasichi afoola isaa gama faayidaasaatiin akka ilaalufi dhimma akka itti ba'u kan jajjabeessu waan ta'eef qorattuun yaaxxina kana bu'uura godhachuun qorannoo kana gaggeessite.

## 2.5. Sakkata'a Barruu Walfakkii

Kutaa kana keessatti qorannoowwan gara garaa qorannoo kana waliin firooma qaban sakkata'amanii dhiyaataniiru. Sakkata'a taasiifamee kanaanis qorannoon kallattiidhaan mata duree kana irratti hojjatame akka hin jirree mirkanaa'eera. Haata'u malee, qorannoowwan qorannoo kana waliin walitti dhufeenya muraasa ta'e qaban ni jiru. Isaaniis armaan gadiitti dhiyaataniiru.

Fireewot (2010) mata duree "*qaacceessa malleen dubbii durdurii Oromoo keessatti*" jedhu irratti ulaagaa digiirii 2ffaa guuttachuuf qorannoo gaggeessiteetti. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa malleen dubbii durdurii keessatti argaman qaacceessuudha. Kaayyoon Qorannichaas, gosoota malleen dubbii isaan kamtuu bifoota dur durii isaan kam keessatti caala akka baay'atan ibsuu, baay'ina gosoota malleen dubbii isaan kamtuu bifoota durdurii isaan kam keessatti caala akka heddumatu ibsuu, durdurii Oromoo keessatti ergaan malleen dubbii dabarsan ibsuu kan jedhuudha. Haaluma kanaan, argannoon ishee gosoota durdurii arfan jiran keessaa durduriin biineensootaa mala dubbii nameessuutiin kan dhiyaatu tau'uu isaa, durdurii goototaa keessatti malleen dubbi arbeessuu, akkasaafi ateen kan argaman ta'u, durdurii ibsaa keessatti immoo akkasa, habalakaafi nameessuun kan argaman ta'uun isaa ibsameera. Qorannoon kuniifi qorannoon koo hamma tokko wal fakkeenya qabu. Kunis lamaan isaaniiyyuu malleen dubbii irratti xiyyeeffachuu isaanii, akaaku qorannoo, tooftaa ragaan itti funaanameefi mallii ragaan ittin xiinxalame wal fakkaatu. Garaagarummaan isaani immoo qorannoon kun malleen dubbii durdurii keessatti argaman qaacceessuu yoo ta'u, qorannoon koo garuu malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessatti xiinxaluudha. Akkasumas, kaayyoowwan qorannoo lachuu garaagarummaa qabu.

Ibsaa (2016) mata duree "*qaacceessa itti fayyadama malleen dubbii, ogwalaloo, Anaaniyaa keessatti"* jedhu irratti ulaagaa digiiri lammaffaa guuttachuuf qorannoo gaggeesseera.

Xiiyyeeffannoon qorannoo isaatiii malleen dubbii walaloo Anaaniyaa keessatti argaman qaacceessuudha. Kaayyoon qoranichii ka’umasa gadhatee ka’ees, maalummaa maleen dubbii addeessuu, gosoota malleen dubbii keessa jiraan addaan baasuu, akkaataa barreessaan ogwalaloo kanaa malleen dubbiitti dhimma bahee ibsuu, Malleen dubbiitti gargaaramuudhaan bu’aa inni qabu addaan baasuudha. kanuma irratti hundaa’udhaan argannoo isaa kaa’eera. Isaaniis ogwalaloo Aanaan’yaa keessatti malleen dubbii dhimoota addaaddaa ibsuuf ooluu isaanii, ogwalaloo keessatti malleen dubbii heddumiinaan gargaaramuun cimina waloo ta’uusaa, gosoonni malleen dubbii ogwalaloo Aanaan’yaa keessatti argaman kanneen akka nameessuu, arbeessuu, habalaka mitee, akkasaa, iddeessaa, tuqsee, ateefi fakkoo ta’uu isaanii ibsameera. Qorannoon kun malleen dubbii xiinxaluurratti xiyyeeffachuun isaa qorannoo koo waliin walitti dhufeenya akka qabaatu isa taasiisa. Akkasumas, akaakuu qorannoo akkamtaa ta’uun isaa wal isaan fakkeessa. Garaagarummaan isaanii immoo qorannoon kun, malleen dubbii walaloo keessatti argaman qaacceessuu ka’umsa godhate ka’e. Qorannoon koo garuu malleen dubbiii mammaaksaa fi hibboo keessatti argaman xiinxaluun dha. Akkasumas, mala odeeffannoon ittiin funaannamee fi maddii ragaa qorannowwan lachuu garaagarummaa qaba.

Masarat(2008) Mata duree *“Qaaccceessa Adeemsaafi faayidaa Hibboon Oromoo Ijoolleef Qabu”* jedhu irratti ulaagaa digrii lammaffaa guuttachuuf qoratteetti. Qorannoon kun adeemsaa fi faayidaa hibboorratti kan xiyyeeffate dha. Kaayyoon isaas, adeemsi fi faayidaan hibboo gumaacha taasiisuu adda baasuu, sadarkaa hubannoo hawaasaa gama faayidaa fi adeemsa hiibbootiin jiru ibsuu, faayidaa hibboon afaan barsiisuu keessatti qabu ibsu dha. Kaayyowwan kanneen irratti hundaa’uudhaan argannoonis lafa kaawwameera. Isaaniis hibboon ijoolleen dandeettiiwwan afaanii fi dandeetti waa yaaadachuu akka cimsatan kan gargaaru ta’uusaa, adeemsa raawwii hibboon eeganii taphachuun ijoolleen akka seera kabajuu baran gochuusaa fi ijoolleen aadaa hawaasa keessa jiru akka baran kan taasisu dha. Qorannoon kun mata dureen isaa, kaayyoo fi argannoon isaa kan walsimuu fi haala gaariidhaan kan xiinxalamee dha. Qorannoon kun qorannoo koo waliin walfakkeenyi inni qabu, afoola keessaa hibboorratti kan gaggeeffamee ta’uu isaa, madda ragaa, mala qorannoo, fi malli ragaan ittiin xiinxalame wal isaan fakkeessa. Garaagarummaan isaanii immoo mata duree qorannoo, kaayyoo fi daangaa qorannoo fa’a.

# Boqoonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

Boqonnaa  kana keessatti tooftaa qorqnnichaa, iddattoo, mala iddatteessuu, madda ragaa, meeshaalee funaansa ragaaleefi malleen qaacceessa odeeffannoo qorannicha keessatti dhimma itti ba'ameetu dhiyaate.

## 3.1.Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun malleen dubbii mamaaksaafi hibboo Oromoo keessatti argaman xinxaluu irratti xiyyeeffata. Qorattuun odeeffannoo maddoota garagararra argaman qaacceessuuf mala qorannoo akkamtaatti  gargaaramte. Sababa malli kun filatameefis, qorannoon tokko haala ibsu irratti xiyyeeffata yoo ta'e, toofataan qorannichaas ibsa dha. Kun immoo ragaawwan afgaaffii, marii garee xiyyeeffannaafi sakata'a dokumeentitiin funaanaman xiinxaluuf mijataadha. Yaada kana Addunyaa (2011:63) yoo ibsu, "Qorannoon tokko haala ibsu irratti xxiyyeeffata yoo ta'e, saxaxni isaas ibsa akkamtaadha." jedha.

## 3.2 Madda Ragaa

Qorannoo kana keessatti madda ragaa ta'ani kan odeeffannoon iraa funaanamuuf karoorfame hawaasa aanaa Amboo jiraatan keessaa maanguddoota, barsiisoota, barattootaafi hojjattoota aadaafi turiiziimii aaniichaa dhimma kana irratti ragaa keennu danda'u jedhamanii yaadamniidha. Itti dabalees kitaaboolee adda addaa sakatta'udhaan ragaan  funaanameera.

## 3.3 Mala Iddattoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf iddattoo qorannichaa murteessuun barbaachisaa dha. Kunis namni qorannoo gaggeessu tokko hawaasa naannoo qorannicha itti gaggeessu hunda hirmaachisuuf humni, baajatniifi yeroon waan isaaf hin eeyyamneef iddattoo filachu qaba. Haaluma kanaan,Gandoota Aanaa Amboo keessatti argaman 33 keessaa , qoranno kana geggessuuf mijataafi fagoo kan hintaane Gandoota7 filachuudhaan maanguddoota 14,barsiisota 4fi barattoota 20 irraa odeeffannoon walitti qabame .Adeemsi filannoo isaas mala iddattoo kaayyeffataafi iddattoo eerummaatti dhimma bahuun filatame.

### 3.3.1 Iddattoo Kaayyeeffataa

Malli iddaattoo kaayyoo, odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa qaama waa'ee dhimmichaa hubannoo qabu irraa kallattumaan aargachuuf gargaara. Yaada kana Dastaa (2013: 136) yoo ibsu, "Yemmuu mala kana fayyadamnee odeeffanno funaanu  odeef-kennitoota itti yaadneetuma

filanna.”  jedha . Haluma kanaan barsiisoonni kutaa 5ffaa fi 6ffaa afaan Oromoo barsiisan afur (4) iddattoo ta’anii filatamaniiru.

### 3.3.2 Iddattoo Eerummaa

Iddattoo eerummaan dhimma tokko irratti nama beeknu irraa ka’uun nama kan biraa dhimmicha gad fageenyaan beeku iyyaaffachuudhaan bira ga’uun odeeffannoo irraa fudhachudha. Sababni kun filatameef namoota (manguddoota) aanaa Amboo keessa jiraatani mammaaksa bal’inaan beekan hunda isaani beekuun ulfaataa waan ta’eefi. Haaluma odeeffannoo Aadaafi Turiizimii Aanaa Amboorraa argadheen, maangudoota naaf eeran irraa ragaan walitti qabameera. Akkasumas, barattoota digdama (20) barsiisoonni naaf eeran irraa ragaan funaanameera.

## 3.4 Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qrattuun qorannoo kana yemmuu adeemsiistu, af-gaaffii, marii garee xiyyeeffannaafi sakata’a dokumeentiitti fayyadamtie.

### 3.4.1 Af-gaaffii

Af-gaaffiin qorattuun odeef-kenniitoota waliin fuulleetti walitti dhiyaattee mammaaksotaafi hibboowwan malleen dubbii garaa garaatiin dhiyaatan funaannachuuf,faayidaa malleen dubbii mammaaksaafi hibboowwan Oromoo keessatti qabanfi sadarkaa yeroo ammaa malleen dubbii gosoota afoolaa kana lammaan keessatti irra jiran ilaalchisee,odeeffannoo bal’aa argachuuf filatamaadha.Kanamalees, gosoota afoolaa kana ilaalchisee namoonni odeeffannoo kennan keessaa muraasni dubbisuufi barreessuu waan hindandeenyeef af-gaaffiin mijataa ta’a. Akkasumas,af-gaaffiin waan odeef-kennaadhaaf ifa hintaanee tokko irra deebi’anii ibsuudhaan odeeffannoo bal’aafi gadi fageenya qabuargachuuf nama dandeessisa.Yaada kana Dastaa (2013:111) yoo ibsu, “Af-gaaffiin gosoota meeshaalee odeeffannoon itti funaannammu keessaa tokko ta’ee,kan qorataafi odeef-kennaan fuulleetti walarganii odeeffannoo waliif kennan.Odeeffannoo af-gaaffiidhaan funaanamu waanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeef-kennaa gaaffachuu danda’u isaati”jedha.

Haaluma kanaan namoota karaa hojjeettoota Aadaafi Turiizimii aanichaatiin eeraman namoota 14 keessaa namoota 8 qorattuun mana isaanii dhaquudhaan,odeeffannoo irraa funannattetti

### 3.4.2 Marii Garee Xiiyyeeffannaa

Odeeffannoo gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf mare gareetti fayyadamuun gaariidha. Sababni isaas odeeffannoo karaa af-gaaffiitiin argame irra deebi'anii mirkanneeffachuuf nama gargaara. Dabalataaniis, marii garee keessatti isa namnii tokkoo beeku, inni biraa hin beekuu. Kan tokko dagate inni biro itti dabalu danda'a. Kana keessa odeeffannoon gahaa argamu waan danda'uf qorannoo kana keessatti maanguddoota  ja'a (6)  garee tokko keessatti hirmaachisudhaan ragaan funaanameera.

### 3.4.3 Sakatta'a Dookumeentii

Meeshaan funaansa ragaa qorannoo kana keessatti filatame inni biro sakatta'a dookumeentiiti. Sakatta'a dookumeentii ilaalchiisee Dastaa (2013:131) yoo ibsuu, "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduudha. Isaan keessaa kanneen akka kitaabolee, barruulee, xalayoota, gaazeexaa, barreeffama murtii, yaadanoo fkf  ta'u malu. Dookumeentooni kuniis mana kitaabaatti ykn namoota harkatti argamuu danda'u" jedha. Qorannoo kana keessattis qorannoowwan mata-duree kanaa waliin deeman adda addaa, kuusaa afoola  oromoo adda addaa,yaadannoo dhuunfaafi kkf sakatta'uun odeeffannoo irraa fudhatameera.

## 3.5 Mala Xiinxala Ragaalee

Qorattuun odeeffannoo barbaachisaa ta'an meeshaalee faunaasa odeeffannoo kanneen akka af-gaaffii, marii garee xiyyeeffanaafi sakkata'a dookumeentii gargaaramuun ragaalee erga waliitti qabatee booda mala xiinxala ragaalee keessaa mala akkamtaatti fayyadamuun xiinxalteetti. Odeeffattootaa irraafi dookumeentii sakkata'n mammaksootaafi hibboowwan keessatti malleen dubbii argaman sakkata'uudhaan gosa gosa isaniitiin xiinxalamanii mata dureewwan isaan ilaallattu jallatti dhiyaataniiru.

# Boqonnaa Afur: Xiinxala Ragaalee

Qorannoon kun, "xiinxala malleen dubbii maamaksaafi hibboo ormoo keessatti argaman (haala Aanaa Amboo: Godina Shawaa Lixaa) irratti xiyyeeffata. Kaayyoo mata dureen kun qabatee ka'e irratti hundaa'un boqonnaa kana jalatti, ragaawwan qorannichaa mala qorannoo gara garaa fayyadamuun funaanamantu qacceeffamee jira. kanaafuu, odeeffannoon ijoo kutaa kana jalatti qindaa'anii dhiyatan, gosoota malleen dubbii maamaksaafi hibboo oromoo keessatti, qabeeyyeewwan malleen dubbii maamaksaafi hibboo keessatti argamaniin ibsaman, faayidaa malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessatti qabaniifi ittifayyadamiinsi malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessatti argaman yeroo ammaa sadarkaa maalirra akka jiru ibsuudha. . haaluma kanaan, adeemsiifi xiyyeeffannon qorannichaa boqonnaawwan duraa keessatti qiqindaa'aafi karoorfamaa turan boqonnaa kana keessatti ragaalee odeef- kennitootarraa argame bu'uura godhachuun xiinxalamanii ibsamaniiru,

## 4.1. Xiinxala Malleen Dubbii Mammaaksa Oromoo Keessatti Argaman

Malleen dubbii fayyadama afaanii ergaa tokko haala salphaafi miidhagina qabuun kan dabarsaniidha. Malleen dubbii gosoota gara garaatti qoodamu. Yaada kana Addunyaa (2014:208) yoo ibsu, "Mallen dubbii akaakuu gara garaa qaba. Isaaniis: akkasaa, iddeessaa, nameessaa, habalaka, eemiti, arbeessuu, kineessaafi wkf ta'uu malu" jedha. Malleen dubbii gara garaa kun mammaaksa oromoo keessatti bal'inaan argamu. Yaada kana Misgaanu (2011:47) yoo ibsu,

> *"mammaaksi gama xinqooqaatiin yaada tokko human miidhaksee, sammuu keessatti fakkii ergichaa kaasee ittiin hambisu qaba. gama afaan walgaltee ta'ee tajaajiluutiin irrasaa yoo ilaalle ergaa ifa ta'ee mul'atu kan hunduu hubachuu danda'u kan dabarsu ta'uusaafi ergaan sungaruu qola dubbii kan qabu yoo qollisaa irraa ka'e, ergaan biro kan jala jiruudha."*

### 4.1.1 Mammaaksota Mala Dubbii Bakkasaatiin Mammaakaman

Bakkasaan mala dubbii amala waan tokkoo gutuumaan guutuutti waan biraa gonfachiisuudhan haala ergan itti darbuudha.

**Fakkkeenya (1):**

1. lammiin ofii kafana.
2. Keessa keesa adureen bineensa.
3. Abbaan warraa gaaddiduu manaati.
4. Agamsi ollaa diina.
5. Warqeen harkaa qaban siibila diimaadha.
6. Obboleessii gaaddiidduudha.
7. Biyyi ofii kafana.
8. Calliisaan gamna.
9. Qeerroon ture suubbodha.

Mammaaksoota fakkeenya (2) jala jiran keessatti waantootni amalaan, bifaan, gochaafi kkfniin wal hin fakkaane bakka wal bu’uun dhiyaataniiru. Fakkeenyaaf **lammiin** amala **kafanaa** gonfatee. **Adureen** amala **bineensaa** gonfattee arginee. Haalli kun waantootni amala walii gonfatan keessa beekeettiin waldorgoomaniiru. Haala kanaan Waantoota waldorgoomsiisanii dhiyeessuudhaan ergaa dabarfachuun mala dubbii bakkasaa jedhama.

### 4.1.2. Mammaaksoota Mala Malleeen Dubbii Akkasaatiin Mammaakaman

Mallii dubbii akkasaa jechoota akka, amma, fakkataafi hanga jedhaniitti fayyadamuudhaan waantoota lama wal-cinaa qabee kan wal dorgomsiisuudha. Mala dubbii kana mammaaksoota armaan gadii keessatti haa ilaalluu:

**Fakkeenya (2)**

1. Akka leencaan utaala jettee qamaleen tafaa buqqaate.

2. Akka abaluuttan siirbaan morma nama jallisa.

3. Afaan dabeessaa hang hubboo bal’ata.

4. Allaattin fira fakkatte simbira nyaatte.

5. Yaadni gara guba akka madaa bobaa.
6. Ni fakkata daaraan daakuu.
7. Kan akka walii loon waliin tifkatti.
8. Alaa hamma arbaa mana hamma garbaa.

9. Sangaan bakka oole fakkaata.
10. Akka mana ofii malee akka ollaatti hin bulan.

Mammaaksoonni fakkeenya (1) jalatti tarreeffaman jeechoota akka hamma, hanga fakkata jedhaniitti gargaarumuun lama wal bira qabun dorgomsiisee dhiyyeessera.Fakkeenyaaf,mammaamksa"**Akka Leencaan ta'a jettee Qamaleen tafaa buqqaate**."jedhu keessatti Leenciifi Qamaleen jecha **akka** jedhuun waldorgomsiifamanii dhiyaataniiru. wantoonni wal dorgoman kun guutumaan guutuu yoo ta'uu baateyyuu waan irratti wal fakkaatan walbira qabee dhiyeesse. Haala kanaan wantoota walcinaa qabanii mammaaksakeessatti fayyadamuun ergaa dabarsuun mala dubbii akkasaatti gargaaramuudha.

### 4.1.3. Mammaaksoota Mala Dubbii Nameessaatiin Mammaakaman

Mallii dubbii nameessaa amala dhalli nama calaqqiisuu lubbu qabeeyyii ykn lubbu dhabeeyyii biro gonfachiisuudhaan eergaa dabarsuu barbaadame dabarsuudha.

Af-gaaffii (Ebla 5 fi 14/2011) kennitootni (Addee Qananii Dallallanyiifi Naggasaa Milkeessaa) waliin taasiifame irratti akka ibsaniitti, mammaaksa oromoo keessatti cabi, kutamii osoo hin jedhiin waayitti qabatani eergaa dabarsuun beekamaa ta'u isaa ibsu. Waantootnii qabata ta'anii dhiyyaatan kun immoo bineensoota, beeladoota, biqiloota, meeshaaleefi kkf dha. Kuniis Mammaaksoonni oromoo malee dubbii nameessaa of keessaa qaban bal keessaa qaban bal'inaan jiraachuu isaanii miirkaneessa.

**Fakkeenya(3):**

1. "Abbaatu of mara" jedhe bofni.
2. "Kan garaa malee kan maqaa yoom nadhibe" jedhe waraabessi.
3. "Biyya abbaa koo" jetteetu injiraan moluu irratti duute.
4. "Asi biyyii keenya" jette allaattiin mukarra kortee.
5. "Siqaa hooqi" jette cittoon.
6. "Akka na gubaniitti maaliifan buddeena in gubnee" jette Eeleen.
7. "Otoo beeknuu huba wajjin" jette sareen.
8. "Malannee boolla lama qootanne" jette antuunni.
9. "Migiirii lagaa gubannaan gingiilachaan manaa boche' jedhan.
10. "Inuma turra malee inuma urra" jette boonbiin.

Mammaaksoota fakkeenya (3) jalatti tarreeffaman keessatti amalli dhala namaa bineensootaaf, beeladootaaf, biiqilootaafi meeshaaleedhaaf kennameera. Isaaniis akkuma dhala namaa yeroo dubbatan,miiraisaanii yeroo ibsan, yeroo quqaman mula'ta.Fakkeenyaaf,mammaaksa "**Abbaatu of mara**" jedhe bofni jedhu keessatti, bofni akka namaatti yeroo dubbatu mul'ata. Dubbachuun immoo amala dhalli namaa calaqqisiisudha malee, kan bineensotaa miti.Kanaaf,bofti amala namaa gonfatee jechuudha. Haala kanaan, amala dhala namaa waantoota biroof kennuun ergaa dabarsuun mala dubbii nameessaa jedhama.

#### 4.1.4. Mammaaksoota Mala Dubbii Eemitiin Mammaakaman

Eemitiin yaadoota wqliif faallaa ta'an lama walfaana hiriirsiisuudhaan yaada dhugaa ta'e tokko haala ittiin ibsamuudha. Mallii dubbii kun mammaaksa Oromoo keessatti dhimma itti bahama. kanas fakkeenyoota keessatti haa ilaallu:

**Fakkeenya (4):**

1. "Asuu hin boochi" gammadeetan jetti.
2. Arjoomaniif fira hin argatan.
3. Awwaalee galeeti sirbaa oole.
4. Boochiftuun boowa hin qabdu.
5. Boora'u malee hin taliilu.
6. Hundumaa jaalataan tokko dhaba.
7. Sirbi ganamaa galgala boowa.
8. Suuta deeman yeroon galan.
9. Goowwan bishaan keessa dhaabatee dheebota.
10. Osoo jaallatanii tiruun nama miiti.

Akkuma fakkeenya olii kanarraa hubatamuutti yaadoonni waliif faallaa ta'an walcinaa hiriiruun eergaa dhugaa ta'e tokko yemmu dabarsan mula'ata. Fakkeenyaaf: **Mamaaksa "Asuu hin boochi gammadeetan"** jetti jedhu keessatti boo'ichhifi gammachuun yaadoota waliif faallaa ta'antu walfaana hiriiree jira. Sababin isaas namni boowu nama gadde ta'u qaba. Namni gammadeemmoo kolfuu qaba ture. Yaadich gubbaan isaa yoo ilaalamu dhugaa kan hin taaneefi kan waldiigu fakkaata. Ergaan isaa gadfageenyaan yoo xiinxalamee hubatamu garuu waan dhugaa ta'e tokko dabarsa. Haala kanaan ergaa dabarsuu mala dubbii eemitii jedhama.

### 4.1.5. Mammaaksota Mala Dubbii Fakkootiin (irra deddeebii) Mamaaakaman

Fakkoon akkaakuu malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee waantootnii hiikan wal gitan yemmuu irra deddeebi'anii galan lkan uumamuudha. Mallii dubbii kun mammaaksoota bifa walaloo qaban keessatti mula'ata.

**Fakkeenya (5):**

1. Dhugaan baduu manna mataan baduu wayya.
2. Sobaan mana buluu manna dhugaan ala buluu wayya.
3. Ariitiin buna guba bunni afaan guba.
4. As antiifi achi aantiin wal caalti.
5. Waa cabsan waa cobsan.
6. Ija boosu argu malee garaa boosu hin argan.
7. Kan garaa garaatu beeka.
8. Nama dhadhaa afaan kaa'an dhagaa afaan nama kaa'a.
9. Namnii boollaa baasan boolla nama buusa.
10. Boofni biyyee wallin namni fira waliin jiraata.

Mamaaksoonni fakkeenya (5): jala jiran mala dubbii fakkootti fayyadamuudhaan kan mammaakaamniidha. Kanas kan dhugoomsu mammaaksa tokko keessatti jechoonni wal fakkaatan irra deddeebi'anii galuu isaaniiti. Fakkkeenyaaf, mammaaksa " Namni dhadhaa afaan kaa'n dhagaa afaan nama kaa'a" jedhu keessatti jechoonni afaan, nama, kaa'a jedhan irra deddeebi'anii galaniiru.Irra deddeebiin jechootaa kuniis mammaaksiichi bifa walalummaa akka qabaatu taasiisuudhaan, haallii dhiyeeny isaa miidhagina akka gonfatu taasiisuuf gargaara.

### 4.1.6. Mammaaksoota Mala Dubbii Arbeessuutiin Mammaakaman

Af-gaaffii (Caamsaa, 6fi 8 2011) barsiisoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 barsiisan (B/tu Abbabach Itichaa, Ijigaayyoo Haayiluu, Askaala Dirriibaafi B/sa Lammeessaa Isheetuu) waliin taasiifameeen akka ibsaniitti, arbeessuun waa'ee waan tokkoo dhugaa ta'een olitti garmalee guddiisanii dubbachuu ykn garmalee xiqqeessani dubbachuudha. Kuniis, eergaan dabarfamuu barbaadame sun xiyyeeffannoon akka itti kennamuuf gargaara. Yaada kana Yaadannoo (2014:89) yoo ibsu, "akkaakuun sadoommi kanaa waan waanti tokko hin qabne ykn dhugaa xiqqoo jirtu humnaa ol guddisee, hafarsuun odeessa. garuu falaasamma dubbii qolaa kanaa

xiinxallee yoo ilaallee, dhugaa irraa kan fagaate ta'a" jedha. Mammaaksoota mala dubbii kanaan kalaqamaniis fakkeenyoota armaan gadii keessatti haa ilaallu:

**Fakkeenya (6):**

1. Buqqeen bara argatte dhagaa cabsiiti.
2. Jaallallii jiraanan foon tafkii cidha galcha.
3. Dubbiin sobaa dhakaa huba.
4. Of jajjuun loon lamaa tikseen kudha lama.
5. Leenca bosoonaa baroodu lafti asitti rom'iti.
6. Of jajjuun hantuutaa eegeen lafa hin gahu.
7. Afaan dubbii bareutubaatti asaasa.
8. Deddeebii keessa wadaroon dhagaa mura.
9. Ariifata bishaantu hudha.
10. Malaan bishaan waadu.

Mammaaksoota fakkeenya (6): jala jiran keessatti eergaan dabarsan sirrii ta'ee otoo jiru, garmalee ol guddisuutu mala'ata. Fakkeenyaaf mammaaksa **"jaalallii jiraanaan foon tafkii cidha galcha."** jedhu keessatti jaalallii wal gargaaruuf, waliin jiraachuuf, waan qaban waliif hiruuf, wal danda'uuf barbaachisaa ta'un isaa sirriidha. Haata'u malee, amma barbaadeyyuu yoo wal jaalatan foon tafkii cidha hin galchu. Kanaaf, dhugaa jiru oliitti ol qabamee jiraachuu isaa mul'isa.

### 4.1.7. Mammaaksoota Mala Dubbii Mallattootiin Mammaakaman

Akka odeeffannoon af-gaaffii Ebla 10fi 14 2011 (Obbo Lachiisaa Sarboo, Nagaasaa Miilkeessaa, Baqqaanaa Godaanaa, Sarbeessaa Godaanaa) irra argame akka ibsutti, mammaakasa Oromoo keessa mala dubbii mallattootiin kan mammaakaman heddumiinaan jiraachuu isaaniiti. Kuniis, waa'ee waanta ijaan hin mul'aneefi qabatamaa hin ataane tokko yaada dabarsuun barbaadame sana waan mul'atuun bakka buusanii mul'isuudha. Waantootni bakka bu'an meeshaa, nama, haala, ykn gocha ta'u danda'u. kanaas fakkeenya armaan gadi keessatti hubachuun ni danda'ama.

**Fakkeenya (7):**

1. Obsaan  silga goromsaa dhuga.
2. Dubbiifi uleen yoo qajeelte tolti.
3. Jabbiin hootu hin mar’attu.
4. Teepha jiidhaa muru.
5. Yoo bulte tiruun lafee horatti.
6. Adaamiin olla agamsaa immimmaan irraa hin qooru.
7. Hidda malee xandhach hin dhiiguu.
8. Ajjeerraa tochanii dhimmuu hin sodaatan.
9. Abbaan warraa gaaddidduu manaati.
10. Dhugaan ilmoorra nama mararti.

Akkuma fakkeenyoota armaan olii kanarraa hubachuun danda’amuutti waantootni ijaan hin mul’aneefi qabatamaa hin taane waantoota mul’ataniifi aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta’aniin bakka bu’anii mul’atu. Fakkeenyaaf: **mammaakaa “obsaan silga goromsaa dhuga”** jedhu keessatti yaadni **obsaa** jedhu **silga goromsaatiin** bakka bu’eera. Kuniis obsaa inni jedhu waan qabataamaafi ijaan hin mul’annee yoo ta’u, silga goromsaa isa mul’atuufi qabatamaa ta’een bakka bufamee ibsamuu isaa agrsiisa. Haala  kanaan dhaamsa dabarsuun eergicha caalatti akka ifa ta’u taasiisa.

### 4.1.8. Mammaaksoota Mala Dubbii Anyaarseetiin Mammaakaman

Mallii dubbii anyaarsee eergaa dabarsuu barbaadame tokko kallattiin dubbachuu osoo hin taane yaada biraatiin haguuguun dhiyeessuudha. Af-gaaffii Ebla 5, 2011 taasiifameen odeef kennituun (Addee Qananii Dalallany) yaada kana yoo ibsan. “Cabi qurxam osoo hin jedhiin eergaa dabarfachuun barbaadame mala dubbii kanaan dabarfachuun ni danda’ama” jedhu. Yaada kanarraa akkuma hubatamu mallei dubbii kun amala badaa hawaasa keessatti barbaachisaa hin taane ittiin ceepha’anii sirreesuuf kan gargaaruudha. Mammaaksa Oromoo keessatti mallei kun bal’inaan argama.

**Fakkeenya (8):**

1. Dhadhamoottuutii bona midhaan guruuruu..
2. Boru hin beekneen qoda bukoon ishee sagal qodaan ittoo ishii kudha lama.
3. Gaafan magarsaatti harreen gurra dhabde.
4. Amallii badaan ija nama balleessa.
5. Jarjartuun saree dil'u goromsaa dhabdi.
6. Gadamoojjiin bona dhifteeti ganna soogida nagaddi.
7. Qaalluun kan ofii hin beektuu kan namaa xibarti.
8. Fagaara irraa hin qabdu aguugadheen aga jetti.
9. Raadni harree wajjin oolte dhuufuu baratti.
10. Kan harree hin qabne farad namaa tuffatti.

Mammaaksoonni fakkeenya (8) jalatti tarreeffaman waan hawaasichi jibbuu, safuu hawaasichaa waan cabsuu, amala badaa ceepha'udhaan kan diyaataniidha. Fakkeenyaaf, mammaaksa "**Dhadhaamoottuutti bona midhaan gurguru**" jedhu keessatti ganna yeroo oomishin omishamuu qabutti dhibaa,uun, bona yemmuu namni qonnasaarraa galchatee quufee bulu beelarra akka nama buusu ibsa.Kun immoo amala badaa hawaasicha keessatti hundee fageeffachuu hinqabne dha. Kanaafuu ,amalli kun ceephaa'aamuu qaba.Haala kanaanis hawaasa goorsuu, deebisuufi sirreessuun mala dubbii anyaarseetti fayyadamuudha.

### 4.1.9. Mammaksoota Mala Dubbii Habalakaatiin Mammaakaman

Akka odeeffannoon af-gaaffii (caamsa 6fi 8 2011) barsiisoota afaan oromoo kutaa 5fi 6 barssisan (B/stu Abbabach Itichaa,Ijjigaayyoo Haayiluu, Askaalaa Dirriibaafi B/sa Lammeessaa Isheetu) irraa argamee ibsutti, mallei dubbii ahabalakaa waan jeedhamu barbaadame tokko faallaa isaa dubbachuudhaan ergaa dabarfachuudha. Kana jechuun hawaasich yeroo baayyee waan tuffachu barbaadee tokko ittiin ibsachuuf jecha akka miirri tuffii kun haamilee nama itti dubbatamu hin tuqnetti faallaadhaan dubbatama. Haaluma kanaan mammaksa oromoo keessatti mallei dubbii kun bal'inaan mul'achuu baatuyyuu fakkeenyoota armaan gadi keessatti mala dubbii kana hubachuun ni danda'ama.

**Fakkeenya (9):**

1. Haati ballaa deessee “yaa bakalcha koo” jetti.
2. Haatii naafaan “yaa shininniqaa koo” jetti
3. Gamattu si jaalladhe;   gamanatti natti dhuftee.
4. Garagalchii intalli haadha miixuu gorsiiti.
5. Garagalcha mataan harka hooqa.

Mammmaaksoota fakkeenya (9) jalatti tarreeffaman kana keessatti mallei dubbii habalakaa ni mul’ata. Sababni isaasii waanti jedhamu barbaadame ykn hiikni in dhugaa ta’ee, faallaa isaa dubbachuun ergaan darbee. Fakeenyaaf mammaaksa **garagalchii intalli haadha miixuu gorsiiti** jedhu keessatti yaadni dabarfamuu barbaadame haadhatu intala miixuu gorsuu qabaadha. Haata’u malee intallii haadha miixuu gorsiitiidhaan dubbatame. Kanaaf, mallei haala kanaan yaada ofii ibsachuun habalaka jedhama.

### 4.1.10. Mammaaksoota Mala Dubbii Ateessaatiin Mammaakaman

Ateessi mala dubbii waan nama bira hin jirree tokkootti akka waan nama bira jiraateefi nama dhageeffatee namaaf deebisuu danda’utti lakkaa’udhaan haasofsiisuudha. Waantootni haasofsiifamana lubbu qabeeyyii ykn lubbu maleeyyii ta’u ni danda’u. Haaluma kanaan maammaaksoota funanaman keessaa muraasa kan ta’an mala dubbii ateessatiin kan mammaakaman armaan gadiiti tarreeffamaniiru.

**Fkkeeny (10):**

1. Yaa marqaa hin gowwoomin si afuufuun si liqimssufi.
2. Yaa ija koo yaa si hin ergifannee.
3. “Yaa birbir otuman ani burqaa kee beeku na nyaattaa?” jedhe namich.
4. “Yoo sitti qufuu baadhee sitti hin dhuufu?” jette jaartiin gombisaatti dhuuftee.
5. Yaa ashaboo ofi jettu mii’aayi, yookin dhakaadha jedhaniin si gatu.
6. Si tufe yaa raafu  nama siguure wajjin.
7. Si akkeekkachoo gabaa biyya keenyaa, korbeesa jettee goromtii natti gurgurtee?
8. “Ugum! yaa raafu namni si nyaate hin laafu” jedhan.
9. “Siifan ka’a  yaa sanbataa, achumaanan gaayyaa koo fudha” jette jaartiin.
10. “Otoon si beeku na nyaattaa? yaa lagana” jette daaktuun.

Mammaaksoota fakkeenya (10) jalatti tarreeffan keessatti, waantoota dhaga'anii namaaf deebisu hin dadadeenyetti haasofasiisuun, gaaffii gaaffachuun mariisiisuun akka taasiifame ni hubatama. Haata'u malee waanttooni itti dubbatamaa jiraniimmoo yaadicha fudhatanii deebii kan kennan mit. Fakkeenyaaf"**Yaamarqaa hin gowwoomiin si afuufuun si liqimsuufi**" jedhu keessatti,akka waan marqaan kan itti dubbatamu dhagayee namaaf deebisutti yeroo itii dubbatamu argina. Haata'umalee,namni miira ofkeessaa qabu tokko calaqqisiisuu yoo barbaade haala kanaan wantoota dhaga'aanii deebii kennuu hindandeenyeetti miira isaa ibsata.Kanafuu, mammaakoota kana keessatti mala dubbii ateessaatu hojii irra ole jechuudha.

### 4.2. Xiinxala Gosoota Malleen Dubbii Hibboo Keessatti Argamanii

Af-gaaffii (Ebla 6fi 8 2011) barsiisoota afaan oromoo (B/tu Abbabach Itichaa, Ijjigaayoo Haayiluu, Askaalaa Dirriibaa, B/sa Lammeessaa Isheetuufi barattoota kutaa 5fi6) waliin taaasiifameen hiibboon afoola oromoo keessaa bifa gaaffiifi deebiitiin kan taphatamuudha. Haallii gaaffii isaas wanta gaaffatamu barbaadame sana malleen dubbiitiin hagugamee iccitiidhaan dhiyaata. Iccitii ta'ee dhiyaachuun isaammoo ijoolleen deebii hiibboo sanaa argachuuf jecha waa'ee naannoo isaanii gad fageenyaan akka yaadan isaan taasiisa. kuniis dandeettii yaadu ijoollee gabbisa. Kanarraa wanti hubatamu hibboon malleen dubbii adda addaatiin kan guutame ta'uu isaati.Isaan kanas armaan gaditti haa ilaallu.

#### 4.2.1. Hibboowwan Mala Dubbii Akkasaatiin Taphataman

Malli dubbii akkasaa tapha hiibboo keessatti bal'inaan argama. Ijoolleen tapha hiibboo yemmuu taphatan waantoota naannoo isaaniitti argaman walbira qabanii, walfakkeessuudhaan, wal madalchisuufi wal dorgoomsiisuudhaan wal gaafatu. Kuniis, qabata waan beekan sanaan waan hin beekne akka tilmaamaniifi akka baran isaan gargaara. Yaada kana caalatti hubachuuf fakkeenya kanaa gad haa ilalluu.

**Fakkeeyna (11):**

1. Baala fakkata Waaqarra kaata. **/Billaacha/**
2. Bakkalcha fakkaatti lapheerraa kaatti**./Amartii/**
3. Buburree akka shaamaa dubbataa akka namaa**./Barreeffama/**
4. Hiiriyaan lamaan wal fakkaatu waliin deemu**./Kophee/**
5. Yoo ciisuu akka namaa ilkaan dhibaaf shantama**./Nyaatamura/**

6. Hanga majii geessii biyya waliin geessii**./Biiftuu/**
7. Yoo ilaalan akka dhagaa yoo nyaatan akka dhadhaa**./Qochoo/**
8. Yoo ciisuu akka reenfaa yoo ka,u akka leencaa./**Qaawee**/
9. Abbaas hin fakkaatu hayyoos hin fakkaau./**Gaangee**/

Hiibboowwan fakkeenya (11) jala jiran keessatti wanti gaaffatamu barbaadame sun wanta beekamuun wal bira qabame dhiyaateera. Waldorgoommii wantoota kanaa mul'isufmmoo jechoota akka, fakkata, hanga jedhanitti dhimma bahameera.Fakkeenyaaf**,** hibboo **Baala fakkaata waaqarra kaata** jedhu deebiin isaa **Billaacha**.Kana keessatti,Baallifi Billaachi wal bira qabamanii dhiyaataniiru.Jechi wantoota lamaan kana waldorgomsiise immoo fakkaata kan jeedhudha. Kaanaaf, haala kanaan malli ergaa dabarfachuu mala dubbii akkasaa jedhama.

### 4.2.2. Hibboowwan Mala Dubbii Bakkasaatiin Taphataman

Akka odeeffannoo af-gaaffii (Ebla 6fi 8) barsiisoota afaan oromoo (B/tu Abbabach Itichaa, Ijjigaayoo Haayiluu, Askaalaa Dirriibaa, B/sa Lammeessaa Isheetuufi barattoota kutaa 5fi6) irraa argame ibuutti, hiibboon yerooo baayyee kan gaafatamu wanti gaaffatamu barbaadame sun waan biraan bakka bu'eeti. Fakkeenyaaf hibboon **Adii qorkee waaqaan morke.** jedhu deebiin isaa **Xiyyaara** ta'a. Haala dhiyeenya isaa yoo ilaallee wanti jedhamu barbaadamee xiyyaara ta'ee osoo jiru, bakka xiyyaaraa adii qorkee kan jedhun bakka bu'e. Kanarra wanti hubatamu ammallii xiyyaaraa guutumaan guututti adii qorkeetiif kennamu isaa mul'isa. Mala kanaan fayyadamun ergaa dabarsuun mala dubbii bakkasaa jeedhama.

**Fakkeeyna (12):**

1. Abbaan ijoollee shan qaba shananuu walcinaa oolu**./Quba harkaa/**
2. Ayyoo dinqii yaa lola ishee**./Kannisa/**
3. Ulee abbaan koo naa mure hin cabuus hib badus**./Maqaa/**
4. Dunkanni gumbii guute**./Nuugii/**
5. Abbaan bullukkoo marmaratee rafe**./Booqqolloo/**
6. Sabbata ayyoo mareen dadhabe**./Karaa/**
7. Culluullen butee foon dachee fute./**Xiyyaara/**
8. Mana ijaareen karra isaa wallallee. /**Tullaa miidhaanii/**
9. Xaafii adii gara irra facaasee./**Cinii/**

10. Jaartiin mata arrrii nama walitti naqxi. **/Biqila/**

Hibbboowwan fakkenya (12) jala jiran keessatti waantootni gaafataman hundii isaaniiyyuu amalaafi maqaa waan biraatiin bakka bu'amnii dhiyaatanii jiru. Kuniis mallii dubbii bakkasaan kara ifa hin taaneen wantoota wal dorgomsiisee kan dhiyeessu ta'u isaa hubachisa.

### 4.2.3. Hibbboowwan Mala Dubbii Nameessaatiin Taphataman

Akka odeeffannoo af-gaaffi (Ebla 6f8 2011) barsiisoon afaan oromoo (B/tu Abbabach Itichaa, Ijjigaayoo Haayiluu, Askaalaa Dirriibaa, B/sa Lammeessaa Isheetuufi barattoota kutaa 5fi 6) kennaniitii, ijooleen tapha hiibboo yeroo taphatan amala dhalli namaa calaqiisiisu waantoota gaaffachu barbaadan sana gonfachisuudhan wal gaafatu. Kunis, ijoolleen amalaafi gocha dhala namaa beekan sanarraa ka'udhaan waa'ee wanta gaafataman sanaa akka baran isaan gargaara. Hibbboowwan armaan gadi keessatti mala dubbii nameessa haa ilaallu.

**Fakkeenya (13):**

1. Loon hin qabdu ni elmati./**silmii**/
2. Abbaa marxoo marxifate siirba./**Calii jiirbii**/
3. Namichi tokko loon dhibba oofa. **/Muka akkaayyii/**
4. Gurbaan diimaa lagaa lallaba**./Araba/**
5. Balbala ishee cuffatee siirbiti. **/Ittoo/**
6. Niitiin soqoolatee randa baate. /**Dibaabee/**
7. Guyyaa ni caraaqxii galgala ciffatee rafti. **/Ija/**
8. Yoo xuqan ni boo'a. **/Adaamii/**
9. Haatii raafuu gurtii intallii bitaafi mirgati utaaltii./**Eegee horii/**
10. Farsoo dhugee machaa'ee karaa dhabee raata'e. **/Obooboleetti/**
11. "Ija keessa nan ilaaliin" jetti. **/Biiftuu/**

Hiibboowwan fakkeenya (13) jala jiran keessatti gochoon dhala namaatiin dalagaman kan akka siirbuu, lallabuu, rafuu, boohoo, machaa'u, soqoolachuufi guuruu jedhan waantoota dhala namaatiin raawwatamaniidha. Haata'u malee, gochoota kana akka waantootni biro raawwatamniitti dhiyaatee jira.Fakkeenyaaf, hibboon **Loon hin qabduu ni elmatti** jedhu deebiin isaa **Silmii** dha.Hibboo kana keessatti Silmiin akka gocha elmuu raawwatteetti ibsameera .Elmachuun immoo gocha dhalli namaa raawwatu malee ,kan ilbiisonni dalagan miti.

Kanaafuu, Silmiin amala dhala namaa gonfatte e dhiyaatte jeechuudha. Kanaafuu, hiibboowwan armaan olii keessatti mala dubbii nameessaa akka dhiimma itti bahamee miirkaneeffachuun ni danda'ama.

### 4.2.4. Hibboowwan Mala Dubbii Eemitiitiin Taphataman

Akka af-gaaffii (Ebla 6f 8 2011) (B/tu Abbabach Itichaa, Ijjigaayoo Haayiluu, Askaalaa Dirriibaa, B/sa Lammeessaa Isheetuu)iraa hubatameetti, mallii dubbii eemiitii hiibboo oromoo keessatti bal'inaan akka dhimma itti bahanu kaasuu. Kuniis, ijoolleen yaadota faalla wal cinaa hiiriirsani dhiyaatan xiinxaluudhaan gad fageenyaan waan yaadaniif dandeetti yaaduu ijoollee ni gabbisa. Fakkeenyii hiibboo mala kanaan taphataman armaan gadiiti tarreeffamniiru:

**Fakkeenya (14):**

1. Ilkaan hin qabduu dheedhii nyaachuu hin dadhabdu./**lukkuu/**
2. Ija wajjin dhalatteeti otoo hin ilaaliin duuti**./Bideena/**
3. Ijaaratte mana hin qabdu bakka bultii hin dhabdu**./Biillacha/**
4. Mucha hin qabdu ni eelmamti**./Muka dhiigu/**
5. Qara qaba nnama hin muruu. **/Baala/**
6. Baallee hin qabdu ni barristii gaafa hin qabdu ni waraanti./**Rasaasa/**
7. Hin dhiqattu hin dibattu ni barreeddi**./Iddii/**
8. Harka hin qabuu nama qunxuuxa**./Mixii/**
9. Odoo walbira jirtu wal hin agartu**./Ija/**
10. Ari'ani hin qabani ta'aan hin dhaban**./Gaaddidduu/**

Hiibboowwan fakkeenya (14) jala jiran keessatti yaadoon waliif faalla ta'an lama walfaana hiiriiruun ykn dubbatamuudhaan yaada dhugaa ta'e tokko yemmuu dabarsan argina. Fakkeenyaaf hiibboo **ilkaan hin qabdu dheedhii nyaachuu hin dadhabduu** jedhu keessatti, ilkaan dhabuufi dheedhii nyaachuu dadhabuun yaadoota waliif faalla ta'aniidha. Yaadni kun gad fageenyaan yoo xiinxalamee malee dhuguumman isaa dafee bira hin gahamu; waan wal diigu fakkata. Haata'u malee, yaada dhugaa ta'e tokko dabarsa. Haala kanaan ergaa dabarfachuunimmoo mala dubbi eemiitii jedhama.

### 4.2.5. Hibboowwan Mala Ateessaatiin Taphataman

Mallii dubbii ateessaa waan nama bira hin jirree tokkootti akka waan nama bira jiraatee namatti dubbatuufi namaaf deebiisuu danda'utti lakkaa'udhaan itti dubbachuudha. Mala dubbii kana keessatti rammaddii lammaffaatiin fayyadamnee ergaa keenya ifa baafna. Haaluma kanaan, tapha hiibboo keessattiis ijoolleen waan gaaffachuu barbaadan tokko lubbu qabeeyyiis ta'e lubbu dhabeeyyii kallattiidhaan itti dubbachuun dhiyeessu. Kanaafuu, mallei dubbii kun hiibboo oromoo keessatti akka dhimmaa itti bahamu hubachuun ni danda'ama.

**Fakkenya (15):**

1. Ana warratu na waamee si maaltu si waame./**Gaaddiduu/**
2. Dhahee si albaase. /**Gingilchaa/**
3. Ol uutalee si cuqqalee./**Mooyyeefi muktumaa/**
4. Afan bantee maf na ilaalta. /**Hubboo/**
5. Wajjin nyaannawwoo at maaf huqatte. **/Fal'aana/**
6. Yoon si ilaalu maf na ilaalta. /**Daawiitii/**
7. Muuxadhe si tufee. /**Shonkoora/**
8. Maree sirra taa'e**./Gogaa/**
9. Cubee si liqimse./**Marqaa/**

Hiibboowwan fakkeenya (15) jala jiran keessatti ramaddii lammaffaatti gargaaramuudhan akka waanti sun dhaga'ee deebiisuutti lakkaa'udhaan gaaffii gaaffachuun, haasofsiisuun, mariisiisuun ni mul'ata. Kanaafuu, mala kanaan ergaa dabrsuun mala dubbii ateessaati.

### 4.2.6. Hibboowwan Mala Fakkootiin Taphataaman

Hiiboowwan gosa afoolaa keessaa warra unka gaggabaaboo qaban keessatti ramadama kana irraan kan ka'ee jechoota irra deedeebi'ani ka'an. Haata'u malee, hiibboowwan muraasni kan unkii isaanii dheeratee taphataman ni jiru. Isaan kana keessatti mallei dubbii fakkoo ni mul'ata.

**Fakkeeny (16):**

1. Dhaabaa hin ta'uu, dagalee hin ta'uu, isa malee hin ta'uu. **/Quncee/**
2. Isuma qabanii, isumaan qabanii, isuma dhananii, isumaan dhaananii. **/siibila/**
3. Jiinii baate; muka gogaatti baate./**dubara jaarsatti heerumte/**

4. Eegeen gara mata, mataan gara eegee**./saawwa jabbii hoosistu**/
5. Biixillee ayyoon tolchitu yaa mii'aa isaa, arccumeen eshii yaa gubaa isaa. **/Dammaafi ilkee kaniisaa/**
6. Gamaniis randa, gamniis randa, gidduu isaa jawweetu ciisa./**Kooraa/**
7. Abbaa hin fakkaatu, ayyoos hin fakkatu. **/Gaangee/**
8. Kootiin isaa diimaa, shamiiziin isaa adii, uraan isaa sadii, nama tuqnaan yaabadi. **/Qarabaa/**
9. Abbaan koo dheeraadha, maxinoon koo beeddeedha. /**Gaaguraafi dhaaba dammaa/**

Hiibboowwan fakkenya (16) jala jiran keessatti jechoon irra deeddeebi'an ni mul'atu. Fakkeenyaaf hiibboo isa jalaqabaa keessatti dham jechi **hin** jehuufi jechi **ta'u** jedhu irra deeddeebi'amanii jiru. Kuniimmoo hiibboowwan kun mala dubbii fakkiitiin akka taphataman mirkaneessa.

### 4.2.7. Hibboown Mala Arbeessuutiin Taphataman

Mallii dubbii arbeessuu akkataa ergaa ykn yaada dabarsuu barbaadan tokko garmalee ol kaasuudhaan ykn gad buusuudhaan dubbachuudha. Yaadni mala dubbii kanaan darbu waan dhugaa ta'e tokko qabatee ka'a. Garuummoo dhugaa kun gurra guddata ykn ni kineeffama. Kana irraa kan ka'e dhageeffataan dinqisiiffachuudhaan xiyyeeffana itti kennee dhageeffata. Fakkeenyoota mala dubbii kanaa armaan gadiitti haa ilaalluu.

**Fakkeeny (17):**

1. As taa'ee salaaleetti waraane. **/Ija/**
2. Bakkalcha fakkaattii lapheerraa kaati. **/Amartii/**
3. Gudii waaqaa lafti ka'ee ijjaajjee. **/Dogoogoo/**
4. Duraa dubni ibbida. **/Ibsaa konkolaataa/**
5. Anoo asiin si kaa'e maaltu waaqa si kaa'e. **/utuubaa/**
6. Shokok hin godhu gamaan ba'e**. /Limmoo/**

Hibboowwan fakkeenya 17 jala keessatti yaada dhugaa ta'e tokko qabata godhachuudhaan yaadni garmalee afarsamee ykn xiqqaatee ibsameera. Fakkeenyaaf hibboo **asi taa'ee salaaleetti waraane** jedhu deebiin isa **ija**. Akkaataa hibboon kun itti dhiyaate yoo ilaallee,ijjii waan hunda fageessee arguu danda'uun isaa yaada dhugaadha. haata'u malee ijjii ammumma barbaadee

fagootti arguu haa danda'u malee, namni biyya tokko taa'e biyya biraa arguu hin danda'u. Kaanaaf, haalli ergaan kun itti darbee garmalee ol ka'udhaan ta'u isaa hubanna.

### 4.2.8. Hibboowwan Mala Dubbii Mallattootiin Taphataman

Mallii dubbii mallattoo waa'ee wanta ijaan hin mul'aneefi qabatamaa hin taane tokko yaada dabarsuun barbaadame sana waan mul'atuun bakka buusani mmul'isuudha. Kunis yaada darbu sana irra caala qabatamaa taasiisuuf kan gargaaruudha. Haalum kanaan sakkata'a taasiifameen hibboon Oromoo yeroo baayyee gaffiin isaa yaada qabatamaa hin taane yemmuu ta'u, deebiin isaammoo yeroo baayyee want ijaan mul'atuufi qaqqabatamu ta'a. Kanaaf, mallei dubbii kun heddumiinaan hibbo keessatti yoo mul'achu baateeyyuu darbee darbee mul'achuu danda'a.

**Fakkeeny (18):**

1. Ulee abbaan koo naa mure hin baduus hin cabuus**. /Maqaa/**
2. Madaa hin fayyiine. **/Arabsoo/**
3. Ganama nama lama,  galgala nama sadii. **/Dulluuma/**

Fakkeenyaaf hibboo ulee abbaan koo naa muree hin cabuus hin baduus jedhu deebiin isaa maqaadha. Haala dhiyeenya hibboo kana kessatti waantii gaaffatame maqaadha. Maqaanimoo waan qabatamaa miti. kanaafuu wantii qbatamaa hin taane kun uleedhaan bakka bu'ee gaaffatamuu isaa argina. Uleenimmoo waan mul'atuufi qabatamaa dha. Kanaafuu, mallei hibboon kun itti dhiyaatee mallattoo ta;u isaa hubachiisa.

## 4.3. Qabiyyeewwan Malleen Dubbii Mammaaksa Keessatti Argamaniin Ibsaman

Akka odeeffannoon afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannaa (Ebila 5,10,14fi Caamsaa 8/2011) irraa argame ibsutti, haawaasni oromoo malleen dubbii garaagaraa mammaaksota keessatti gargaaramuun dhimoota ykn qabiyyeewwan adda addaarratti wal barsiisu,wal gorsu,yaada isaanii waliif ibsu.Qabiyyeewwan kunis bal'aafi jiruuf jireenya hawaasichaa hunda waliin hidhata kan qabaniidha.Isaan kanas armaan gaditti haa ilaallu.

### 4.3.1. Ofittummaa Ilaalchisee

Aadaa oromoo keessatti waliif yaaduun, wal gargaaruun, waan qaban waliif hiiruufi wal deeggaranii jiraachuun beekamaadha. Namni hawaasicha irraa adda of baasee dantaa mata isaa qofa guuttachuuf fiigu, waa'een namaa garuu kan itti hin dhaga'amnee hawaasa oromoo biratti

fudhatama hin qabu; hin jaallatamus. Namoon akkasi ofittoo jedhamu. Kanaafuu, Oromoon gocha akkasii kana balaaleeffachuuf, “**Ani duunaan araddaan hin margin**” jette harreen jedhee mammaaka. haala kanaa namoonni gochaafi amala badaa kana qaban sirraa’anii amala

gaarii akka horataniif malleen dubbii adda addaa mammaaksa keessatti fayyadamuun haawaasa isaa gorsata; barsiifatas.

**Fakkeenya (19):**

- “Ani duunaan araddaan hin margin” jettee harreen. **/Nameessa/**
- Yaarabbii nabaasi kan feete albaasi.**/Ateessa/**
- Namni waan jedhe haa jedhuu anatti garaan achi hha jedhu. **/Fakkee/**
- Kennuu hin beektuu fudhachuuf harka afarsiti. **/Eemiitii/**
- Hin quufu jettee tutuufaa bulti jedhan. /**Anaarsee/**
- “Kan garaa malee kan maqaa yoom na dhibe” jedhe warabeessi. **/Nameessa/**
- Isa qooxii fudhuutti inni ukaa nama bu’a. **/Anyaarsee/**

Malleen dubbii gara garaa mammaaksoota keessatti mul’atan kun ofitummaan amala gadhee ta’u isaa qeequuf kan dubbatamaniidha. Oromoo biratti namoon ofittoo ta’an namoota safuu cabsaniidha. Kanaaf, namoota akkasii kana amala badaa irraa deebiisuuf, gorsuufi barsiisuuf jecha akkasumas gorsii darbu kun yaada namaa keessa akka bulu gochuuf mallleen dubbii adda addaatti dhimma bahu. Haaluma kanaan fakkeenyoota armaan olitti kennaman keessatti malleen dubbii nameessaa, fakkoo, eemitiifi anyaarsee fayyadamuudhaan ergaan qabiyyee kan ilaallatu darbu isaa argina.

### 4.3.2. Dhugaa Ilaaichisee

Hawaasa oromoo biratti sobnii iddoo hin qabu. Kanaaf oromoon **“soba gadheetu jaalataa, dhugaa Waaqatu jaalataa”** jedhee mammaaka. Namnii waan sobaa dubbatus ta’ee waan sobaa hojjatu hawaasa keessatti tufatamaadha. Jiruufi jireenya hawaasuummaa keessatti shakamaa jiraata. Namoon soban hawaasa gidduutti walitti bu’insa uumudhaan nagaan akka boora’u, waldhabbin akka babal’’atu, tokkummaan hawaasaa akka diigamu, jaalalli akka dhabamu sababa ta’u. Kanaafuu, Oromoon namoota amala akkasii qaban kana malleen dubbiitti fayyadamuudhaan ni qeeqa, ni gorsa, ni barsiisas.

**Fakkeenya (20):**

- Dubbiin sobaa dhakaa huba. **/Arbeessu/**
- Dubbiifi uleen yoo qajeeltu tolti. **/Mallattoo/**
- Dhugaan baduu manna, mataan baduu wayya. **/Fakkee/**
- Mannii googaa waarabeessaatiin ijaarame yoo waarabeesii yuusu jigaa. **/Mallatto/**
- Ulfiifi dhugaan bulee guddata. **/Mallattoo**/
- Sobaan mana buluu manna dhugaan ala buluu wayya. **/Fakkoo/**
- Soba haasa'e booda qaana'e. **/Fakkee/**

Malleen dubbii mammaaksoota armaan olii keessatti mul'ataniin sobni akka balaalleffamuufi dhugaaniimmo akka jajjabeeffamu argina. Fakkeenyaaf mala dubbii mallattootiin kan mammaakame "**ulfiifi dhugaa bulee guddata"** kan jedhu haaala jireennyaa keessatti kallatti hawaasummaan, siiyaasan, bulchiinsan, dinagdeedhaan waan dhugaa dubbachuufi waan dhugaa raawwachuun kan dafee bu'aan isaa hin mul'anneefi gara bu'aattis jijiiruuf aarsaa baasuu kan nama gaafatu ta'u isaa agarsiisa. Haata'u malee, mul'achuun isaa hin oolu. Kanaafuu, malleen dubbii gara garaatti fayyadamuudhaan haallii hawaasichi itti mammaaku kun namoonni dubbiifi gochaan dhugaa irratti akka hundaa'uu qaban kan jajjsabeessuudha.

### 4.3.3. Ofta'anii Jiraachu Ilaalchisee

Namnii hundiinu sadarkaa jireenya adda addaa qaba. Ammumma humni isaaf eeyyame jiraatas. Haaata'u malee, namoon tokko tokkoo ofta'anii jiraachuu dhiianii yeroo jireenya namoota biro akkeessuudhaan bara isaani dabarsan ni mul'ata. Gochii akkasii kuniis siirrii akka hin taaneefi namoon amala akkanaa calaqiisiisaniis akka baratanii deebi'aniif hawaasnii Oromoo malleen dubbii gara garaa mammaaksoota keessatti gargaaranuun mammaaku.

**Fakkenya (21):**

- Akka abaluutti siirbaan morma nama jallisa. **/Akkasaa/**
- Akka qotiiyyootan gooba jettee raachi dhootee duute. **/Akkasaa/**
- Gaarii ormaarra gadhee ofii wayya. **/Anyaarsee/**
- Akkeessaa tafkii injiiraan utaaltee cabdii. **/Anyaarsee/**
- Akkaa mana ofii malee akka ollaatti hin bulani. **/Akkasaa/**

- Akkeessaa obbo guddaa waraabeetiin aaddi. **/Anyaarsee/**

Malleen dubbii akkasaafi anyaarseen mammaaksoota armaan olii keessatti mul'atan kun amma sadarkaan ofii nama daneessiisuun alatti jiraachuuf yaaluun miidhaa fiduu isaa agarsisa.Kanaafuu, Oromoon "**Akka abaluuttan sirbaan morma nama jallisa**" jedhee mammaaka hawaasa keessatti ofta'ani iftoominaan jiraachuun jireenya ddhugaa yemmuu ta'u, akkeesaan garuu jireenya qabaatamaa hin taane ta'u isaa hubana.

### 4.3.4. Olmaa Namaa Dagachuu Ilaalchisee

Hawaasa Oromoo keessatti oolamaa waliif oolun baramaadha. Namoon dhamaatii jireenyaa moo'achuuf taasiisan keessatti kallatti gara garaatiin oolmaa waliif oolu. Nama waan gaarii namaaf godheeff waanuma gaarii gochuutu sirriidha malee, hammeenyatti jijjiiruun barbaachisaa miti. Haata'u malee, yeroo tokko tokkoo fugisoo ta'ee yoo raawwata. Gocha kana mormuuf Oromoon yoo mammaaku **"Namni dhadhaa afaan kaa'an dhagaa afaan nama kaa'a"** jedha. kana irraa waanti hubatamu gaaruummaa namaaf godhamu ammeenyaan deebi'u akka danda'u. Kanaaf, Oromoon goch kun aadaa isaa keessatti fudhatama akka hin qabaanne agrsiisuuf malleen dubbii gara garaatti fayyadamuun mammaaka.

**Fakkeeyna (22):**

- Arjoomaniif fira hin argatan. **/eemitii/**
- Ijoolleen akka ijaatti jaalatan ija nama baafti. **/Akkasaa/**
- Namnii foon kutaniif, mo'oo nama kuta. **/Fakkee/**
- Namni boollaa baasan boolla nama buusa. **/Fakkee/**
- Namni aanan buusaniif dhiiga namaa buusa. **/eemitii/**
- Boochiftuun boo'a hin qabdu. **/Eemitii/**
- Namni mana baasan manaa nama baasa. **/Fakkee/**

Mallen dubbii akkasaa, eemitiifi fakkeen mammaaksoota armaan olii keessatti argaman oolmaa namaa dagachuun sirrii akka hin taane hubachiisa.

### 4.3.5. Tokkummaa Ilaalchisee

Tokkummaan jiraachuun, tokkummaan sochoo'un, tokkummaan hojjachuun bu'a qabeessuummaa hawaasaatiif murteessaadha. Uummanni Oromoos aadaa gamtaadhaan

jieraachuu gabbataa ta’e qaba. Kanuumaafu **“waliigalan alaa galan**” jedhee mammaaka. Kana irraa waantii hubatamu Oromoon durii kaasee jiruufi jireenya isaa keesstti waliin hojjachuu, walgargaaruu, gaddas ta’ee gammachuu waliin hirmaachuu, waliin ta’nii diina ofrra faccisuun akka jiraataa turee; akka jir, haaluma kanaan akka itti fufuudha. Aadaan kuniimmoo irra caala cimaa akka deemu malleen dubbiitti fayyadamuudhaan wal gorsu.

**Fakkeenya (23):**

- Tokkummaan humna. **/bakkasaa/**
- Kirriin walgargaartee Arba hiiti./**Arbeessuu/**
- Waliin ta’an waliif ta’an. /**Fakkee**/
- Qubni tokko tisiisa hin qabu. **/Anyaarsee/**
- Mukni tokko hin boba’u. /**Anyaarsee/**
- Adda nyataniif hin gabbatan. **Eemitii/**

Mammaaksoota olii kana keessatti malleen dubbii fakkee, anyaarsee, bakkasaa , eemitiifi arbeessuutti gargaarumuun gamtaan barbaachiisaa ta’un isaa ibsameera. Akkasumaas bakka waliinummaan barbaachisuutti tokkummaa dhabuunmiidhaan inni geessiisuu salphaa miti, Yaada kana Oromoon yoo ibsuu “**qubn tokko tiisiisa hin qabu”** jedha. aadni kun waantii baay’ee xiqqoo taate tiisiisnu quba lamaaan malee tokkoon qabu akka hin dandeenye agarsiisa. Kanaafuu, tokkummaan galma ga’iinsa barbaadamu kam birayyuu gahuuf akka riiqichaatti kan gargaaru ta’u isaa malleen dubbii  armaan olitti tarreeffamaniin xiyyeeffannaadhaan ibsameera.

### 4.3.6. Yeroo Ofiitti Seeraan Fayyadamuu Ilaalchisee

Yeroon badhaasa Uumaan dhala namaatiif kenneedha. Galma ga’iinsi dhala namaas ta’e, milkaa’u dadhabuun yeroo ofiitti sirnaan itti fayyadamuufi dhiisuu waliin kallattidhaan walqbata. Kana jechuun yerootti seeraan dhimma bahuun jiruufi jireenya hawaasaa keeaatti kallatti gara garaatiin fooyya’insa, qaroominaaf guddina yemmuu fidu, yeroo qisaasesunimmoo kallatti guddinaa irraa duubatti deebi’uufi doofummaa babal’isu ta’a. haaluma kanaan, sabni Oromoos wldhaansoo jireenya moo’achuuf taasiifamu keessatti yeroo ofii seeraan itti fayyadamuun barbaachisaa ta’u isaa beeka. keessattu maanguddoon Oromoo  dhaloon haaraa ykn drgaggoonni yeroo isaaniitti akka dhimma itti bahaan malleen dubbii gara garaatti fayyadamuun mammaaku.

**Fakkeenya (24):**

- Ganna darbeef mana hin ijaaran. **/Anyaarsee/**
- Harkaan gatee millaan barbaada. /**Eemiitii/**
- Googaa jiidhaa maran. **/Mallattoo/**
- Gadamoojjiin buna dhiifteetu ganna soogda nagaddii. **/Anyaarsee/**
- Guyyaa guuranii alkan daakkatu. /**Anyaarsee/**

Malleen dubbii anyaarsee, eemiitiifi mallattoo mammaksoota arman olii keessatti argaman kun dhalli namaa yeroo ofii qisaaseesuu dhiisu qofa ooso hi taane, yeroofi dalagaa raawwatu tokoo wal simsiisee akka raawwatu kan hubachiisaniidha. Fakkeenyaaf mammaaksii mala dubbii anyaarseetti gargaaramuun mammaakame tokko yoo ilaallee, **"Abaaramaan ganna soogida daldaleetu, birraa dhadhaa daladaala"** jedha. Yaadni kun yeroo ofiifi waan yeroo sana keessatti raawwatamu wal simsiisuu dadhabuun rakkoo guddaadhaaf akka nama saaxilu ibsa. Gochi kuniis hawaasa biratti kan qeeqamu taa'u isaa hubanna.

### 4.3.7. Amala Badaa Ilaalchisee

Hawaasa tokko keessatti jaalalaafi wal galeedhaan jiraachuuf amala gaarii kan hawaasicha keessatti fudhatama qabu horachuun murteessaadha. Waliin hawaasummaa keessatti amalli badaa jechaan ykn gochaan calaqisuu danda'a. Amallii badaan jechaan mul'ata jechuun waan hawaasich keessatti dubbatamu hin qabneefi waan safuu hawaasichaa cabsu dubachuudha. Fakkeenyaaf sobuu, arabsoo, hamii, nama waliitti naquufi kkf dha. Amallii badaan gochaan mul'ataniimmoo ganuu, hanna, saamuuf fkf dha. Namoon amala badaa qaban saba Oromoo biraatti fudhatama hin qaban. Kanaafuu, Oromoon, **"kan dubbataan baduu manna kan dhalchan baduu wayyaa"** jedha. Haaluma kanaan amallii badaan jechaafi gochaan mul'atan kana mormuuf, namoonis gorsamani amala gaarii akka horatan gochuuf malleen dubbii mammaaksa keessatti fayyadamuun ergaa isaan dabarsu.

**Fakeenya (25):**

- Afaan dubbii bare bulluuqa alanfata. **/Arbeessuu/**
- Masaa gadheen sanyii nyaataa namni gadeen imaana nyaata. **/Fakkee/**
- Gurrii nama baduu mannaa, mannii nama baduu wayya. **/Fakkee/**

- Araba gabbachuun yaada bilchaachuudha**. /Bakkasaa/**
- Amallii badaan ija nama balleessa. **/Nyaarsee/**
- Waan gaarii hojjadhu itti faarfatamt; waan hamaa hin hojjatiin itti gaafatamta. **/Fakkoo/.**

Akkuma fakkeenyoota armaan olii keessatti mul'atuut malleen dubbii mammaaksoota keessatti dhimma itti ba'aman amallii badaan akka dhuunfaattis ta'e, jireenya gamtaa keessatti barbaachiisaa akka hin taanee kan ibsanidha.

### 4.3.8. Jarjaruu Ilaalchisee

Waldhaansoo jireenyaa moo'achuuf taasiifamu keessatti karoorsuu irraa kaasee hanga hojiirra oolmaatti waantootnni raawwataman hundii hubbannaa barbaadu. Kanaaf, Oromoon yoo mammaaku **"surreen fiigaa hidhatan osoo fiiganii nama irraa bu'a"** kan jeedhu. Wantii jarjaraan raawwatamu bu'aa isaarra miidhaa iaatu caala. Kanaaf, waan raawwatamu tokko tasgabbiifi hubannaadha gochuun karaa milakaa'inaati. Haaluma kanaan Oromoon namoota ariifatan kana kan ittiin gorsu mammaaksoota malleen dubbii of keessaa qaban ni qabu.

**Fakkeenya (26):**

- Jarjartuun ree'e hin hortuu. /**Anyaarsee/**
- Waarabeessii jarjaraan gaanfa loonii ciniina. **/Anyaarsee/**
- Jarjaraanii nyaachuun hudhamanii du'uu fida. **/anyaarsee/**
- Ariitiin buna gubaa; bunnii afaan guba. **/Fakkee/**
- Jarjartuun saree dul'u gormsaa dhabdi. **/Anyaarsee/**

Akkuma fakkeenyoota armaan oli keessatti mul'atu malleen dubbii mammaaksoota tarreeffamn keessatti mul'atan irraa jireenny isaan anyaarseedha. maalli dubbii kuniimmoo waantoota hawaasa keessatti ittiin qeequuf hawaasichi kan itti fayyadamuudha. Kanaafuu, jarjaruun gocha hawaasichaan qeeqamu ta'u isaa agarsiisa.

### 4.3.9. Qusannaa Ilaalchisee

Dhalli namaa jireenya isaa yemmuu gaggeessuu yaadni isaa waanuma har'aa irratti qofaa hidhamu hin; waa'ee boruus yaadu qaba. Namni har'ara dhaabatee boruu isaa hin tillmaamne, jireenya isaa fooyyeessuufi gara funduurati tarkaanfachuuf karoora hin aqabu, galmas hin qabu. Oromoon namoota akkanaatiin "**bor hinbeekneen qoda bukoon ishee sagal, qodaa ittoo ishee**

**kudha lama"** jedha. Jireenya boruu yaadu dadhabuun waan of harkaa qaban har'uma qofaa nyaachuu, gammaduu, bashannanuu qofa irratti xiyyeeffachuudhaan jireenya boruu immoo gaabbii keessaa bahuu hin dandeenye keessa galchuudha. Haallii akkasii kun hawaasa Oromoo biratti ni qeeqama. Yaada kana Oromoon **"olkaa'an malee, ol ka'anii hin fudhatan"** jechuun mammaaka. Yaadni kun qabeenya qaban irraa boruuf jedhanii qasachuu baanaan rakkin akka nama qunnamu ibsa. Kanaafuu, hawaasichi namoon qabeenya isaanii haala barbaachisaa hin taane keessatti qisaaseenaan rakkoo irraa akka hin buuneef malleen dubbii adda addaa mammaaksoota keessatti fayyadamuun ni gorsa.

**Fakeenya (27):**

- Soqanii fudhachuun yoo suuqani. **/Fakkee/**
- Hundaa kutuuf foontuu dhama,hundaa qaluuf loontu dhuma**. /Fakkee/**
- Kan borii boruutu beeka. **/Fakkee/**
- Agabu bulanii mana hoo'isu. /**Anyaarsee/**
- "Akkaayyitu nafixee sanyii maal na fanniifataa" jettee qoqqooloon. **/Nameessa/**
- Warqeen harkaa qabn siibila diimaadha. **/Bakkaasaa/**
- Namnii hundee guurgurtuufi namni hunda guurgurtu hin fayyituu. **/Fakkee/**

Malleen dubbii anyaarsee, fakkee, nameessaafi bakkasaan mammaaksoota armaan olii keessatti mul'atan ergaan qusannaa ilaalchisee hawaasa keessatti dubbatamu xiyyeeffannaa akka argatu taasiiuudhaan namoonni kallattia barbaadame akka qabatan kan agarsiisaniidha.

### 4.3.10. Tooftaa Ilaalchisee

Jireennya moo'achuuf  dhama'un barbaachisaadha. Haata'u malee, tattaafiin jireenyaa taasiifamu keessatti tooftaa malee socho'un bu'aan isaa dadhabbidha. Tooftaa qabaachuun waan gochuu hin dandeenye tokkoollee raawwachuuf nama gargaara. Kanaaf, Oromoon **"malaan bishaan waadu"** jedha mammaaka. Namnii toofta qabu kan isa fayyaduufi isa miidhu addaan baasee beeka. Kanaaf, waantoota jireenya dhala namaa guufatchiisaniif karaatti ambiisuu yaalan baay'ee jalaa tooftaan miliiqun iddoo akkeeke gaha. Namni tooftaa hin qabne ykn gowwaan garuu mala jireenya isaa ittiin gaggeeffatu hin qabu waan ta'eef karaan hunduu gara galmaatti waan isa geessuu itti fakkata. Oromoon yaada kana yoo cimsuu **"gowwaa siiduban bowwaa"**

jedha. Akkuma yaada kana irraa hubatamuuti Oromoon abshaaluummaa ni jajjabeessa. Gowwuummadhaan tooftaa jireenyaa wallaaluummoo ni ballaleeffata.

**Fakkeenya (28):**

- Gowwaa nafa dhayani, qaroo lafa dhayani. **/Fakkee/**
- Abshaalli bar gamattuu, wallalaan of jallatuu. **/Fakkee**/
- "Malannee boolla lama qotanne" jettee antuutni. **/Nameessa/**
- Gowwaan bishaan keessa dhaabatee dheeboota. **/Eemiitii/**
- Kan beeku dubbiin taphata; wallaala dubbiitu itti taphata. **/Fakkee/**

Fakkeenyoota olii kana keessatti malleen dubbii fakkee, mallattoo, nameessaa, eemiitiifi anyaarsee mammaaksoota keessatti hojiirra oolaniiru. Kuniis hawaasa Oromoo keessatti waa deegaruufiis ta'ee wayiin moormuuf itti fayyadama afaani gargaraa mammaaksoota keessatti akka gargaaraman mul'isa.

### 4.3.11. Aantummaa Ilaalchisee

Oromoon lammii isaatiif bakka guddaa qaba. Kanaaf, **"lammiin ofii kafanaa"** jedhe mammaaka. Aanteen ofii iddoo rakkootti, gaafa muddamaa kan bira dhabbattee nama jajjabeessuu, iccitti garaa ofii kan itti himatan kafana ofiiti. Yaada kana Addunyaa (2016:193) yoo ibsu "aadaa Oromoo keessaa aantiin iddoo guddaa qaba. Kanammoo rakkinniifi bal'innii, beekumsiifi wallaalumni hin daanngeessu. "Firrii siyaagatu! jechuun abarsa isa cimaadha" jedha. Yaada kana irraa akkuma hubatamu firrii ofii rakkataas ta'u wallaala hin tufatamu. Oromoon yaada kana yoo ibsu **"firaan kooran malee firatti hin koorani"** jedha. Egaa aadaa Oromoo keessatti aantee ofii jibbuun ykn jibbamuun salphina. Oromoon fira isaa qafa miti alagaayyuu ofitti qabee waliin jiraata. Yeroo tokko tokkoo namoon hawaasicha irraa adda of baasan, lammii isaaniif kan iddoo hin qabne jiraachuu malu. Hawaasichi namoota akkanaa kan ittiin gorsoof, barsiisuufi sirreesuuf malleen dubbii mammaaksoota keessatti ni fayyadamu.

**Fakkeenya (29):**

- As aantiifi ach aantiin wal caaltii**. /Fakkee/**
- Fagaatuyyuu mana ofii; ammaatuyyuu fira ofii wayya. **/Fakkee**/
- Reenfa firaa sagal gargalchuu. **/Arbeessuu/**

- Alagaa gaafa kolfaa, fira gaafa golfaa. **/Fakkee/**
- Raammoo foon keessaa foonuma. **/Bakkasaa/**
- Hidda malee xan'ach hin dhiigu. **/Mallattoo/**

Akkuma fakkeenyoota oliirraa hubatamuutti hawaasa Oromoo keessatti aanteen waliin boonu, miidhama walii hin jaallatan; yoo waliiti mufataniillee garaa walitti hin jaabatan. Kanuumaan wal qabatee uummatichii aantummaa ilaalchiisee gocha sirriifi sirrii hin ta'in kan ittiin deggaruufi balaalleeffatu malleen dubbii gara garaa abaxhu usaa mirkaneess.

### 4.3.12. Tuffii Ilaalchisee

Oromoon awaan dhugaa irratti hin hundoofneefi fakkeessusdhaaf godhamu ni tufata. Kanaafuu, **"alaa hamma arbaa, manaa hamma garbaa"** jedhee mammaaka. Mammaaksa kana keessatti mala dubbii akkasaa argina. Inniis arbaafi garba jecha hamma jedhuun wal dorgoomsiisuudhaan dhiyeessa. Ergaan isaas namni tokko tokkoo alatti ykn hiiriyoota isaa biratti amala gaarii calaqiiiisuudhaan gaarii of fakkeessa. Akkasumas beekumsaafi qabeenya waan qabu fakkaatee dhiyaata. Kana irraa ka'un namoonni nama guddaa, kabajamaa, kan maatii isaa sirnaan gaggeessuu taasiisan isa fudhatu. Haata'u malee, namni akkanaa kun ni fakkeessa malee eenyummaan isaa inni dhugaan faallaa isa fakkeessu sanaati. Gocha akkanaa kun hawaasa biratti fudhatama hin qabu. Warra akkasii kana amala gadhee kana irraa akka siirra'aniif hawaasichi malleen dubbii gara garaa mammaaksa keessatti gargaaramuu ni qaba. Kana hubachuuf fakkeenyoota armaan gadi haa ilaallu.

**Fakkeenya (30):**

- Alaa ni boonaa manaa ni boo'a. **/Eemiitii/**
- "Kan dhiqantu nama dhiqa jettee waciitiin". **/Nameessa/**
- Qaalluun kan ofii hin beektu kan namaa xibaartii. **/Anyaarsee/**
- Ijjii amma abootee gahu agartuun keessa hin jiru. **/Akkasaa/**
- Fagaararraa hin qabdu aguugadheen aga jetti. **/Anyaarsee/**
- Of jajjuun loon lamaa tikseen kudha lama. **/Arbeessuu/**
- Kan harree hin qabne farad namaa tuffatti. **/Anyaarsee/**

Malleen dubbii eemiitii, nameessaa, anyaarsee, akkasaafi arbeessuu mammaaksoota olii keessatti mul'atan hawaasichii durii jalqabee kan itti fayyadamaa tureefi gocha dhugaa osoo hin ta'iin fakkeesuuf deemamu ittiin qeequuf akaa kalqate mul'isa.

### 4.3.13. Of eeggannoo Ilaalchisee

Jireenya dhuunfatti gaggeeffamu keessattis ta'ee jireenya gamtaa keessatti of eeggannoon barbaachiisaadha. Hawaasni sochii kallatti gara garaan taasiisu: gama siiyaasaan, dinagdee, hawaasummaa fkf keessatti hirmaannaa hoo'a taasiisuuf tattaafachu qofa osoo hin ta'iin sochii taasiifamu hundi of eeggannoon kan deeggarame ta'u qaba. Namni of eeggannoon hin socho'u yoo ta'ee kan isa fayyaduufi isa miidhu adda baasee hin beeku. kanaaf, Ormoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti of eeggannnoodhaan deedeebi'uun barbaachisaa ta'u isaa hubachiisuuf "**Allaattiin fira fakkaattee simbira nyaatte**"jedhanii mammaaku. Haaluma kanaan malleen dubbii garaa garaa mammaaksa  keessatti fayyadamuun walbarsiisa.

**Fakkeenya (31):**

- Fagaara of dagatee tusseen lama ciniinti. **/Anyaarsee/**
- Dhukuba garaa na jiru nagaan hin jiru. **/Fakkee/**
- Seeseeqaa seeneetu boochisaa bahee. **/Eemiitii/**
- Aallaattin fira fakkattee simbira nyaatte. **/Akkee/**
- Keessa keessa adureen biineensa. **/Bakkasaa/**
- Abbaatu of mara jedhe boofni. **/Nameessaa/**
- "Argu sindhiisu" jennaan "anuu hin dhiisifadhu" jette harreen". **/Nameessaa/**

Malleen dubbii anyaarsee, fakkee, eemiitii, akkasaa, bakkasaafi nameessaa mammaaksoota keessatti mul'atan hawaasiichi dhimma of eeggannoon jiraachuu irratti kan ittiin ergaa walii dabarsaa turee, jiru, garfulduraatiis kan itti fufu ta'uu isaa agarsiisuu.

### 4.3.14. Sodaa Ilaalchisee

Hawaasa Oromoo biratti soodattuun ykn lugnii hin simatamu. Maanguddoon Oromoo dhallii isaanii akka goota ta'an barbaadu. Kanaaf, gootni dhaqa gammada; lugni gala gammada jedhanii mammaakuun namoon onnee akka hooratan jajjabeessu. Kanarrayyuu darbee lolanii

dangaa biyya abbaa isaanii kan kabachisan, akka xiiqqeeffataniifi onnatan mammaaksoota malleen dubbiitiin dhiyaataniin ni barsiisa.

**Fakkeenya (32):**

- Goota garaa siibilaa lugna garaatuu ciniina. **/Fakkee/**
- Leenca lagaa baroodu lafti asiiti roqoma. **/Arbeessuu/**
- Madaan hudduufi madaan qomaa walii lama. **/Fakkee/**
- Afaan dabeessaa hanga hubboo bal'ata. **/Akkee/**
- Teenyee maa gubannaa deemnee of hubannaa, **/Fakkee/**
- Boora'u malee hin taliiluu. **/Eemiitii/**

Ergaan malleen dubbii armaan oliitiin xiyyeeffannoo akka argatuutti dubbatame kun gootni jabaa, du'a kan hin soodanne, waan ittii amanee tokko raawwachuuf kan duubatti hin deebiinnee ta'u isaa mul'isa. Akkasumas luniimmoo dubbii malee gocha irratti kan hin argamne, kan soodatuufi baqatu ta'uu isaa agrisiisa. Walumaa galatti aadaa Oromoo keessatti goota jajjabeessuuf, lugniimmoo ittiin qeequuf fayyadama afaani gara garatti akka dhimma bahan mirkanneessa.

**4.3.15. Aadaa Hojii Jajjabeessuu Ilaalchisee**

Namnii jiraachuudhaaf waanntoota bu'uuraa dhala namaatiif barbaachiisan guuttachuu qaba. Isaan kanammoo argachuudhaaf hojjachuu dirqama ta'a akkuma Oromoo **"folloqsani qotanii furdaa nyaatan"** jedhee mammaaku, dhallii namaa dhama'ee hojjachhufi dhiisudhaan sadarkaan jireenyaaa iiisaa wal caala. Namoonni hojiidhaaf xiyyeeffannaa kennan dhuunfaa isaaniirra darbaan warra kaanillee yemoo gargaaaran, namoonnii xiqqffatan hin hojjannee immoo ofii isaaniiyyuu jireenya isaan moo'achuu dadhabanii mul'atu. Kanaaf eega maanguddoon Oromoo namoonni aadaa hojii caalatti akka cimsataniif malleen dubbii mammaaksoota keesstti gargaaramuudhaan wal gorfatu.

**Fakkeenya (33):**

- Afaaniinii jirbii foo'un qullaa deemuudha. **/Eemitii/**
- Gangalataniif kofoo hin baafatan. **/Anyaarsee/**
- Qileensiifi iyyeessi hin teessu. **/Mallattoo/**

- Waa cabsan waa cobsan. **/Akkee/**
- Dibbeen hanga dhahaan iyyiiti. **/Mallattoo/**
- Dhagaan hanga abbaan darbatee. **/Akkasaa/**
- Sanyiin hanga abbaan facaase marga. **/Akkasaa/**

Malleen dubbii fakkeenyoota armaan olii keessatti mul'atan: eemitii, anyaarsee, mallattoofi fakkeen hawaasni Oromoo aadaa hojii akka qabaataniif xiyyeeffannoodhaan ergaa waliif dabarsaa akka turan kan mul'isaniidha.

### 4.4. Qabiyyeewwan Malleen Dubbii Hibboo Keessatti Argamaniin Ibsaman

Hiibboon aadaa Oromoo keessatti tapha beekamaadha. Hiibboon yeroo baayyee kan taphatamu ijoolleedhaan yemmuu ta'u darbee darbees namoonni gurguddan ni taphatu. Hiibboon mallee dubbii gara garaa waan of keessaa qabuuf daa'imman nuffii tokko malee naannoo isaan akka hubataniifi waantoota naannoo isaaniitti argaman akka beekaniif isaan gargaara. Daa'imman naannoo isaan hubachuu keessatiis qabiyyeewwan gargaraa baratu. Qbiyyeewwan kanas malleen dubbiihiibboo keessatti argamaniin xiinxaluudhaan dandeetti yaadu isaan cimsachaa deeemuu. Qabiyyeewwan kanas armaan gaditti haa ilaalluu:

#### 4.4.1. Waa'ee Qaama Namaa Ibsuu

Daa'imman naannoo isaan hubachu keessatti waa'ee qaama namaa ni baru. Malleen dubbii hiibboo keessatti argamaniitti gargaaramuudhan kutaa qaama gubbaafi keessa oolan, baayyina isaanii, guddinaafi xiqqeenya, furdiinaafi qallina, dheerinaafi gabbaabbina, faayyidaa isaa ni baru.Fakkeenyaaf, hibboon **Laga labee ulee qajeelaa dhabe** jedhu deebiin isaa **Lafee cinaachaa** dha.Malli hibbichi ittiin taphatame immoo Bakkasaa dha.Ijoolleen hibboo kana yemmu taphatan, lafeen cinaachaa qaama gubbaa osoo hintaane qaama keessatti akka argamu,fi bocni isaa jal'aa ta'uu isaa baru.Kunis waan beekaniifi hubachuuf salphaa ta'een ykn uleedhaan fakkeeffamee mala dubbii bakkasaatiin dhiyaachuun isaa ijoolleen akka hubataniif gargaara.

**Fakkeenya (34):**

- Daandii qalloo garaa gubbaa → **Nyaara. /Bakkasaa/**
- Suluula qalloo araddaa bal'oo → **Qonqoofi garaa. /Bakkasaa/**
- Guyyaa ni caraaqxi galgala cuffattee rafti → **Ija. /Nameessaa/**

- Gurbaan diimaa lagaa lallaba → **Araba. /Nameessaa/**
- Akka ayyaana keenyaa ayyallaa gubbaa teenya → /**Akkasaa/**
- Odoo wal bira jirtuu wal hin argartu → **Ija. /Eemitii/**
- Laga labee ulee qajeelaa dhabe. → **lafee cinnaachaa. /Bakkasaa/**
- Warrii gamasii falaxaadhaan balbala cufatu → **Ilkaan. /Bakkasaa/**

Malleen Dubbii bakkasaa, nameessaa,eemitiifi akkasaan hiibboowwan armaan olitti tarreeffaman ijoolleen waa'ee qaamaa akka xiinxalaniifi hubatan isaan gargaara. Akaasumas waan dhaga'an akka hin daganneefi ergicharratti xiyyeeffannoo akka taasisan isaan gargaara.

### 4.4.2. Waa'ee Nyaataa Ibsuu

Ijoolleen hibboowwan malleen dubbii adaa addaa of keessaa qabanitti fayyadamuudhaan yemmuu taphatan waa'ee nyaataa ni baru. Hibboon haala gaaffiifi deebiitiin dhiyaata. Akkasumas, haala iccitti ta'een malleen dubbiittiin haguugamee dhiyaata. Adeemsa gaaffiifi deebii kana keessa, namni gaafatame deebii sirrii argachuuf jecha shaakala taasifamuun waa'ee nyaataafi dhimmoota nyaata waliin walqabatan ni yaada, ni xiinxala, ni bara, ni hubata.

**Fakkeenya (35):**

- Ija wajjin dhalatteeti otoo hin ilaaliin duuti → **Bideena. /Eemitii/**
- Cuphee si liqimsee → **Marqaa. /Ateessa/**
- Muxadhee si tufee → **Shonkooraa. /Ateessa/**
- Yoo ilaalan akka dhagaa yoo nyaatan akka dhadhaa → **Qochoo. /Akkasaa/**
- Waan akka dhagaa taa'u waan lagaa yaa'u→ **Anqaaquu. /akkasaa/**
- Maxinoo bilaashee ugum yaa mii'aa ishee → **Dhaaba dammaa. /Bakkasaa/**
- Balbala ishee ciffattee siirbiti → **ittoo. /Nameessaa/**

Akkuma fakkeenyoota olii kana irraa hubatamuuti malleen dubbii hibboowwan keessatti mul'atan kun ijoolleen nyaata aadaa baramaa ta'an akka baran isaan gargaara. Fakkeenyaaf hibboon **cube si liqimse** jedhuuf deebiin isaa **marqaadha.** Mallii dubbii hibboo kana keessatti mul'atu ateessa. Ijoolliin mala dubbii kanatti fayyadamuun hibboo kana yemmuu taphatan, marqaan nyaata aadaa Oromoo keessaa tokko ta'u baru. Akkasumas haala qophii isaafi waan itti

dabalamee nyaatamullee kan akka shaameetaa, baaduu, qocqoocaaffaa ni baru. Dabalataaniis marqaan kan ittiin dhiyaatu meesaaleen aadaa maaliffa akka ta'an ni hubatu.

### 4.4.3. Waa'ee Meeshaalee Ibsuu

Malleen dubbii hibboo keessatti argamaniin daa'imman waa'ee meeshaalee adda addaa baarsiisuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf hibboon **dhahee si albaase** jedhu **gingiilchaadha**. Mallii dubbiin itti taphatame ateessa. Sababni isaas waan dhaga'ee deebii namaaf hin kenniine tokkotti akka waan namaaf deebiisuutti dubbatamuun taphatame. Ijoolleen iccitii mala dubbii kanaan dhiyaate argachuuf jecha waan baayyee tilmaamuu danda'u. Haaluma kanaan, gingiilchaan meeshaa aadaa keessaa tokko ta'u isaa, maliirraa akka hojjatamuufi faayyidaa isaa waliirraa baru. Akkasumasa qabata waa'ee meeshaa tokko gaafatamaniin meeshaalee aadaa kan biro baru danda'u. Yaada kana armaan gaditti haa ilaallu:

**Fakkeenya (36):**

- Karaan gibee naannoo naannoo → **Gundoo. /Bakkasaa/**
- Abbaan marxoo marxifatee siirba → **Calii. /Nameessa/**
- Afaan bantee maa na ilaalta → **Hubboo. /Ateessa/**
- Lukaan deema hin hiiqu → **Siiree. /Eemitii/**
- Qaawwa afur qabaa ni beeka tapha → **Uluullee. /Nameessa/**
- Garbiichi abbaa koo dhiiga fincaa'a → **Jabanaa. /Bakkasaa/**
- Jibbiitiin abbaa qeenxee eegee qabnaan dheedde → **Maqasii. /Bakkasaa/**

Ergaan karaa malleen dubbii hibboowwan kanaa darebe ijoolleen meeshaalee aadaafi ammayyaa akka adda baafatan, maliirra akka hojjatamaniifi fayyidaa isaan akka hubatan isaan gargaara.

### 4.4.4. Waa'ee Beeladootaa Ibsuu

Waantoota naannooa dhala namaatti argaman keessaa tokko beelladoota. Ijoolleen naannoo isaan hubachuu keessatti waa'ee beelladoota ni baru.Fakkeenyaaf, hibboo **Aayyoos hin fakkaatu abbaas hinfakkaatu** jedhu deebiin isaa **Gaangee** dha. Malli itti taphatame immoo akkasaa dha. Ijooiieen hibboo kana yeroo taphatan jecha hinfakkaatu jedhuutti fayyadamanii wal bira qabuunbifti Gaangee abbaafi haadha ishee akka hinfakkaane ni hubatu.

**Fakkeenya (37):**

- Namich tokko foon mataatti baatee deema, ofii hin nyaatu namaa hin laatu → **Kormaa hin daanqoo/Bakkasaa/**
- Abbaa fakkaata baala nyaata → **Ree'ee/Akkasaa/**
- Aayyoos hi fakkaatu abbaas hin fakkaatu → **Gaangee/Akkasaa/**
- Ilkaan hin qabduu dheedhii nyaachuu hin dandadhabdu → **Lukkuu/Eemitii/**
- Eegeen gara mata mataan gara eegee → **Saawwa jabbii hoosiistu/Fakkee/**

Malleen dubbii bakkasaa, akkassaa, fakkeefi eemitii hibboo keessatti mul'atan kun waa'ee beelladootaa bifa isaanii, bakka jireenya isaanii, soorata isaaniifi faayyidaa isaanii ilaalchisee ergaan darbu xiyyeeffannaa akka argatu taasiisaniiru. Akkasumas ijoolleen waan baran akka salphaatti akka hin daganneef isaan gargaara.

### 4.4.5. Waa'ee Bineensoota Ibsu

Bineensooni akka beelladootaa namatti madaqanii waan hin jiraaneef ijoolleen bineensoota adda baasani beeku dhiisu danda'u. Kanaaf, maatiin ijoollee isaanii hibboowwan malleen dubbii adda addaa of keessaa qaban taphachiisuun waa'ee bineensoota barsiisu danda'u. Fakkeenyaaf **lagarra kaattii saree fakkaatti** jedhu deebiin isaa **sardiidaa** dha. Maatiin hibboo kana keessatti mala dubbii akkasaatti gargaaramanii yeroo ijoollee isaanii hibboo taphachiisan, beellada manaa saree waliin wal dorgoomsiisanii waan itti himaniif salphaadhummatti waa'ee sadrdiidaa hubatu. Haaluma kanaan hawaasni Oromoo ijoollee barsiisaa akka dhufe beekamadha. Yaada kana Yaadannoo (2010:103) yoo ibsu, "Hibboon afoola Oromoo keessaa isa tokko ta'e kan hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti yeroo waariifi waaree bifa gaaffiifi deebiitiin ilmaan isaa ittiin barsiisuudha" jedha. Kanaaf, afoola Oromoo keessa hibboowwan mallee dubbii of keessaa qaban kanneen qabiyyeen isaanii waa'ee bineensoota ibsan hedduutu jiru.

**Fakkeenya (38):**

- Shuruubbaa qabdii boollatti galtii → **xaddee/Nameessa/**
- Korma korma caalu → **Leenca /Fakkee/**
- Afaaniin nyaata afaaniin udaana → **Roobii/Fakkee/**

- Waraabeessa fakkaata gad jeedhee kaata → **Abboo shamaanee/Akkasaa/**
- Qoraan dugdatti baattii garuu hin boofattu → **Xaddee/Eemitii/**
- Gurrii mata sicaalee → **Illeettii/Ateessa/**

Fakkeenyoota armaan olii irraa akkuma hubatamu malleen dubbii hibboowwan keessa jiran kun ijoollee waa'ee biineensoota ilaalchiisee bifa isaanii, akkaataa jireenya isaaniifi akkaata soorata isaanii akka hubataniif gargaaru.

### 4.4.6. Waa'ee Ilibiisootaa Ibsuu

Daa'imman naannoo isaanii hubachuu keessatti waantootni adda addaa akka isaan marsaan jiran xiinxalu. Isaan kana keessa tokko ilibiisoota. Isaan kunis gosootaafi akkaata jireenya gara garaa qabu. Garaagarummaa ilibiisoota kanaa daa'imman akka beekan gochuuf malleen dubbii gara garaa hibboo keessatti fayyadamuun gahee guddaa qaba. Fakkeenyaaf: hibboon **loon hin qabduu ni eelmatti** jedhu deebiin isaa **silmiidha**. Maallii dubbii hibboo kana keessatti mul'atu nameessa. Mala dubbii kanatti gargaaramuudhaan akkuma namni mucha saawwaa qabatee eelmu, silmiiniis yeroo baayyee mucha saawwaa irratti kan argamtuufi saawwan kan miitu ta'u ishee ni danda'ama. Yaada kana caalatti hubachuuf fakkeenya armaan gadii haa ilaallu.

**Fakkeenya (39):**

- Baala fakkaataa waqaarra kata. →**Billacha/Akkasaa/**
- Qoree laba gubbaa yaa waraansa ishii → **Kannisa/Bakkasaa/**
- Xaafii adii gararra facaasee → **Cinii/bakkasaa/**
- Harka hin qabu nama qunxuxa → **Miixii/Eemitii/**
- Fardii abbaa ni uutala malee hin gulufuu → **Tafkii/Bakkasaa/**
- Ijaarattee mana hin qabdu bakka bultii hin dhabdu → **Billaacha/Eemitii/**
- Aayyoo haati maatii lafa jala joorti. → **Kannisa daamuu/Bakkasaa/**

Fakkeenyoota armaan olii kanarraa waanti hubatamu hibboowwan malleen dubbii garagraa of keessaa qabaniifi qabiyyeen isaanii waa'ee ilibiisoota ibsuu irratti kan xiyyeeffatu hedduuminaan jiraachuu isaati.

### 4.5 Tajaajila Malleen Dubbii Mammaaksaafi Hibboo Keessatti Qaban

#### 4.5.1 Tajaajila Malleen Dubbii Mammaaksa keessatti

##### 4.5.1.1 Dubbii Karaa Mammaaksa Darbu Mii'eesuu

Malleen dubbii ga'umsa dubbii miidhaksanii dhiyyeessuu qabu. Kanaaf, mammaaksa mammaakamutti miidhagina uumanii gurra dhageeffataatti akka toluufi akka hawwatu taassiisu. Akka ragaa af-ggaaffii Ebila (10 fi 14/2011) odeef kennitoon (Obbo Lachiisaa Sarboo, Nagaasaa Miilkeessaa, Sarbeessaa Godaanaa, Baqqaanaa Godaanaa) ibasanitti, mammaaksii Oromoo dubbii dubbatamu mii'esa.

> *Mammaaksii ittoo dubbiiti. akkuma ittoon yeroo bideena nyaatan nama qabanneesu dubbiin mammaaksaan darbuus akkasummatti namatti tola jedhu. Akkasumas mammaaksii qoraasuma dubbiiti. Qodaan aananii dhiqamee yemmuu qoraasamu akkuma foolii tolu, akkuma mii'awus mammaaksiisi haasaa mii'eessa.(Obbo Sarbeessaa Godaanaa)*

Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubatamutti mammaaksii hasawaa mii'eessa. Mammaaksiimmoo ga'umsa dubbii miidhaksuu kan qabaateef malleen dubbii gara garaa waan of keessaa qabuuf. Yaada kana Finnegan (1970:384) yoo ibsiitu, "African proverbs are one of the first things one noties is the poetic, forms in which many are experessed. This allied to figurative mode of expression, serves to some degree to set them apart from every day speech." jetti. kuniis malleen dubbii ergaa karaa mammaaksaa darbu miidhaksuu irratti gahee taphatan kan agarsiisuudha.

##### 4.5.1.2 Dubbii Karaa Mammaaksaa Darbu Akka Xiyyeeffatamu Godha

Malleen dubbii humna dubbii dubbatamu tokko hoo'isanii dhiyyeesu qabu. Kuniis waa'ee ergaa sanaa sammuu namaa keessatti suura uumuudhaan, akka hin dagatamneefi xiyyeeffatamu taasiisuu. Kana jechuun, malleen dubbii gara garaa mammaaksii ittiin mammaakamu haala dubbii baramaarra maksuun keessatti dhiyyaatu. Yaada kana Warrinnier (1982:352) irratti yoo ibsu, "It is figuratives when it amaginative rather than factual" jedha. Akkuma yaada kanarraa hubatamutti malleen dubbii kan tuffachuu barbaadan jajuun, kan abaaruu barbaadan eebbisuun, waan tokkoo garmalee guddisanii ykn garmalee xiqqeessanii dhiyyeessu. Haala kanaan

mammaaksa keessatti dhiyyaachuun isaaniimmoo ergaan darbu sun dhageeffataa biratti xiyyeeffannaan akka itti kennamu taasiia.

#### 4.5.1.3 Ergaa Karaa Mammaaksaan Darbu Salphaatti Hubachiisu

Mallen dubbii akkaaku gara garaa mammaaksa keessatti argaman waanta jedhamu barbaadame sana dhageeffataan akka hubatu haala miijeessuu. Af-gaaffii Ebla (5 fi 14 2011) odeef kenniitoota (Addee Qananii Dallalanyiifi Obbo Nagaasaa Miilkeessa) ibsaniitti dubbiin mammaaksaan namatti dubbatamu namaaf gala jedhu. Mammaaksii yeroo mammaakamu kan dubbii dubbatamu sana waliin deemu ta'u qaba. Kuniis waan jechuun barbaadame sana ifa namaaf taasiisa. Yaada kanarraa waan lama hubanna. Tokkooffaan mammaaksii mammaakamu dubbii dubbatamu barbaadamee sanaan kan wal fakkaatu ta'u isaati. Kana keessatti malleen dubbii qooda guddaa qabu. Sababni isaas malleen dubbii waantoota wal ciinaa qabanii wal dogoomsiisuudjaan waan dhiyyeesaniif mammaaksiifi ergaan darbuu akka waliin deemu taasiisuu. Lammaaffaaniimmoo mammaaksiichi dubbiicha jechuuma barbaadame sanaan waliin deemuu isaa akka ergaan sun haala salphaa ta'een hubatamu taasiisa. Yaada kana Adduunyaan (2016:208) akka armaan gadiitti ibsa:

> *Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokkoo nama hubachiisaniidha. Kana jechuun, karaa ittin waan guddaa tokko kineessanii, kinoo ammo arbeessanii, binoo nameessanii, namoo biineessan, wal ciinaas qabanii, ciinaan himaniifi wkf taasiisuun hubannoof haala miijeessan jechuudha.*

Kanaafuu, malleen dubbii ergaa mammaaksan darbu tokkoo salphaafi akka hubatamu taasiisuu.

#### 4.5.1.4 Karaa Mammaaksaa Ittiin Barsiisuu, Gorsuufi Qeequuf Oolu

Mammaaksii jiruufi jireenya hawaasaa keessatti dhimmoota hedduun wal qabata. Qabiyyeen isaas bal'aadha. kan ilaalchiisee Yaaddannoo (2014:17) yoo ibsuu,

> *Mammaaksii gaabbii, tuffii, waldhabbii, dheekkamsa, jaallala, jibbaa, gamnuummaa, gadda, gammachuu, obsa, iftoomiina, hiree, doofummaa, abdii, kabaja, soda, carraqa, fakkaachoo, firooma, sababa, ofitummaa, beekumsa, shakkii, ariifachuu, gadoo, tokkummaa, faallaa, hubachuu, hawwii,*

*roorroo, qaanii, akkeesuu, tooftaa, haqaafi wkf qabiyyee mammaaksoota jedhamu jechuun ibseera.*

Yaada armaan olii kanarraa akka hubatamuu danda'utti hawaasni dhimmoota qabiyyeewwan kana jalatti hammataman hunda mammaaksan wal barsiisa, wal gorsa, wal qeeqa, wal sirreesa. Mammaaksoon faayyidaa barsiisuu, gorsuufi qeequuf oolan kun immoo malleen dubbii garagaraatiin guutamani jiru. Isaanis waantoota lama wal bira qabanii wal dorgoomsiisuudhaan, amala waan tokkoo waan biraan bakka buusuudhaan, faalleessuudhaan namoon qabiyyeewwab dhimmoota adda addaa kanarratti akka baratan, akka gorfamaniifi gocha sirrii hin taanee irraa wal qeeqan akka sirraa'an gochuun mammaaksoota keessatti gahee guddaa taphatu.

### 4.5.1.5 Miliiquuf

Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti namoon yeroo waliin jiraatan waantootni sirrii hin taane raawwatamuu danda'u haala kana keessatti hawaasnii waan balaalleffatu sana ifatti waliitti himu sodachuu ykn qaana'u danda'a. Qabata kanaanis miidha namarra gahuu jiraachuu mala. Kanaafuu, soda kana jala miliqifu jecha mammaaksoota malleen dubbii gara garaa qabaniiti fayyadamuun miira isaa ibsata. Asi keessatti keesumaayyuu mala dubbii anyaarseetti dhimma bahuun waanti toora gadhiisee tooratti akka deebii'u, safuun cabe akka sirraa'uu, namni seera malee deemuu gara duudhaa hawaasni itti gaggeeffamutti akka deebii;uf wal qeequufi wal deebiisun baramaadha. Walumagalatti hawwii, aarii, quqama, soda, xiqiifi kkf yaaddoo tokko malee ibsachuun ni danda'ama. Kuniisa faayyidaa malleen dubbii gocha miliiquuf taasiifamu keessaatti qaban agrsiisa.

### 4.5.1.6 Karaa Mammaaksaa Ittin Bashannanuuf

Falaasamni afoola Ormoo keessatti argamu xiinsammuu sabichaa waliin hidhata guddaa qaba. Kanaaf, namnii bu'aa bahii jireenyaa isa muddatu jala afoolatti miliiqa. Jireenya nuffiisiisaa kolfaan iraanfachuuf, adduunyaa haarawaa keessa seenee gammachuun jiraachuuf fayyidaa afoollii qabu oolaanaadha. Yaada kana Misgaanuu (2011:34) yoo ibsu:

*Jiruufi jireenya keessatti gaddaafi gammachuun, abdii argachuufi dhabuun, waan guddaa bira gahuuf hawwuufi gahuu dhabuun, biliisuummaaf dheebochuufi kkf ni mul'atu. Mammaaksaan oduu duriin faarsaafi weedduun qabdee kan dhiphate boqoochisuun ogafaani. Isaan kana keessatti ogafaan aliiti*

*akka fayyistuu dawaati, alii akka onnachiisuutti jajjabeessuun qeequunis ta'e, tuffachuun waan gidduu seenuuf aara galfii innii samuu namaaf kennuu gudaadha jedha.*

Akkuma yaadni kun ibsuutti gosa afoolaa keessaa kan ta'e mammaaksii sammuu dhiphaate boqoochiisuu keessatti  qooda guddaa kan qabuudha. Af-gaaffii Caamsaa (6 fi 8 2011) barsiisoota (B/tu Abbabach Itichaa, Ijjigaayyoo Haayiluu, Askaalaa Dirriibaafi B/sa Lammeessaa Isheetuu) waliin taasiifameen odeef kennitoonni, mammaaksii nama buhaarsaa eergaa bal'aa akka dabarsu dubbatan. Mammaaksi miira namaa tuqee, qirqiidee akka nama gammachiisuufi nama bashannansiisu kan taasiisan malleen dubbii keessatti argamaniidha. Kanaafuu, maanguddoon Oromoo yemmuu dubbii fidaniifi fixan, yoo wal gorsan, kan waldhabe yoo araarsan mammaaksoota malleen dubbii adda addaa qabaniitti dhimma bahuu. Kunis ergaan darbuu sun akka gurraa dhageeffataatti tolutti dubbatama waan ta'eef dhageeffataan gammachuufi kolffan ofiitti fudhata. Haallii kuniimmoo gahee malleen dubbii basshannansiisuu keessatti qaban mirkanneessa.

#### 4.5.1.7 Danddeettiwwan Afaanii Cimsu

Mammaaksoonni odeeffannoo ykn oduu akkasumaan odeeffaman utuu hin ta'iin,beekumsa hundee gadi fagoo qabanii dha.Kana malees,mammaaksi yaada sabni tokko haqa jedhee kan muuxannoo jireenya isaa keessatti jiraataa turefi dhaloota itti aanuuf ni tajaajila jedhee amanu oguma,dhugaa qabatamaa,haamilee,muuxannoo darbe kan saba mammaaku sana biratti fudhatama qabu dhaloota itti aanu ittiin barsiisuuf,gorsuuf,hamiilee hojii kakaasuuf muuxxannoo dabarsuuf kan tajaajilu dame afoolaati.Kanaaf mammaaksonni malleen dubbii garaa garaatiin dhiyaatan kun ergaa bilchaataafi gadi fagoo qabu jechuudha.

Akka odeef-kennitoonni(B/tu Abbabachi Ittichaa,Ijjigaayyoo Haayiluu,Askaalaa Dirribaa fi B/sa Lammeessa Isheetuu)af-gaaffii caamsaa 6fi8,2011irratti ibsanitti,mammaaksoota malleen dubbii garaa garaatiin dhiyaatan kana afaan barsiisuu keessatti dhimoota garaa garaa ibsuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf,afoola kanneen akka dur- durii,af-seenaafi kkf keessatti,dubbissa kanneen waa'ee saayinsii,waa'ee aadaa hawaasaa ibsan barsiisuu keessatti yaada bal'aafi keeyyattoota hedduu keessatti ibsame mammaaksotatti fayyadamuun gabaabsanii ibsuun ni danda'ama kana keessatti yaadni gabaabbatee mammaaksaan darbu sun akka salphaatti hindagatamnefi ergaan isaa ifa ta'ee dubbisaa ykn dhaggeffataa bira akka ga'uuf

gahee guddaa kan taphatan malleen dubbii mammaaksonni ittiin dhiyaatanidha. kanamalees, mammaaksota kitaaba barataa keessatti hammataman barsiisuu keessatti mammaaksonni malleen dubbii garaa garaatiin kalaqamanii, miidhagina gonfatanii haala miira namaa booji'uun waan dhiyaataniif barattoonni mammaaksota kana dubbisuu, dhaggeeffachuuf, barreessuu, ergaa isaanii xiinxaluuf fedhii guddaa godhatu; Nuffii tokko malees,baratu. kun immoo barattoonni dandeettiiwwan afaanii akka gabbifataniif gumaacha taasiisa. Mammaaksoonnii afaan keessatti barbaachisoo ta'uu isaaniifi guddina afaaniif faayidaa qabeeyyii ta'uu isaanii Finnegan(1970:415) yoo ibsituu, "Proverbs are essential to life,and language : with out them, the language would be but a skeleton without flesh, a body without soul" jetti. Kanaafuu, mammaaksonni malleen dubbiitiin dhiyaatan kun afaan barsiisuu keessatti bakka olaanaa qabu.

### 4.5.2 Tajaajila Malleen Dubbii Hibboo Keessatti

#### 4.5.2.1 Dandeettii, Xiinxaluu ijoollee Gabbisa

Akka odeeffannoon af-gaaffii Caamsaa (6 fi 8 2011) barattootaafi barsiisota waliin taasiifame ibsutti, afoola Oromoo keessaa hibboon bifa gaaffiifi deebbiitiin taphatama. Ijoolleen waa'ee wantoota naannoo isaaniitti argaman hedduu isaanii wal gaaffahuun taphatu. Haallii taphiichaas kallattidhaan osoo hin ta'iin, waan gaaffachu barbaadan sana waan biraatiin bakka buusanii, wal cinnaa qabniifii iciitiidhaan wal gaaffatu. Kana jechuun malleen dubbii gara garaatiin aguugamee dhiyata jechuudha. Kuniimmoo ijeelleetti icciitii waan ta'uuf, isa gaaffataman sanaaf deebii ssirrii argachuuf jecha gad fageenyaan yaadu; xiinxaluus. Kana keessa danddeettii yaaduu isaanii ni gabbiffatu. Yaada kana Finnegan (1984:442) yoo ibsiitu:

> *"Beside intertainment readers are sometimes claimed to play an indirect educational role by training children in quick thinking, in intellecutual skill and in classification, providing t an indirect educational role by training children in quick thinking, in intellecutual skill and in classification, providing through their sexual or comic birough their sexual or comic bias, arelease from tenstons imposed by the moral and social ccode" jettii.*

Kanaafuu, mallei dubbii hibboo keessatti argaman ijoolleen kaallatti adda addaan akka waa xiinxalaniif karaa saaqa.

### 4.5.2.2 Bashannansiisuuf

Tapha hibboo daa’imman yeroo baayyee galgala bakka maatiin walitti qabameetti taphatu. Kaayyoon taphatamuufiis sammuu guyyaa hojiidhaan qabamee oole buhaarsuuf. Akka barattootni af-gaaffii Caamsa (6 fi 82011) taasiifame irratti ibsaniitti, hibboon kan taphatamu galgala. Tapha kana irratti immo miseensootni maatii akka hirmaatan kaasu. Kaayyoon inni guddaan bakka maatiin walitti qabameetti taphatamuufis bashannanaaf. Tapha hibboo keessatti adeemsii hibboon ittiin taphatamu jira. Kuniis gaafatamuu, deebiisuu, deebii wallaaluu, deebii yoo wallalan abaramuuffa’a. Adeemsa kana hundumaa keessatti, dubbiin dubbatamu malleen dubbii gara garaa of keessaa qaba. Malleen dubbii kuniis warra hibboo taphataniifi dhageeffatan keessatti miira soda, gammachuu, kolfa, aarii, morkii, xiiqii uumuudhaan gahee bashannansiisuu taphatu.

### 4.5.2.3 Bariisuufi Gorsuuf oola

Qabiyyeen hibboo naannoo uumamaafi jireenya namaa kan xiyyeeffateedha. Akkaata jiruufi jireenya dhala namaafi aadaa saba sanaa kan garagarummaa hin qabne akka ta’e hubana. Kanaafuu, ijoolleen karaa tapha hibboo naannoo isaani baru. Barattootnis af-gaaffii caamsa (6 fi 8 2011) isaaniif taasiifameen yaadni isaan kennan yeroo hibboo taphatan waa’ee qaama, meeshaalee, biqiiloota, beeladootaafi kkfa wal gaaffachuudhaan akka taphatan ibsu. Akkasumas marii garee irratti akka ibsaniitti ijoolleen galgala hibboo yemmuu taphatan maatiinillee akka irratti hirmaatan kaasan. Hirmaannaan isaan taasiisanis waa’ee waantoota naannoo isaaniitti argamanii gaaffachuudhaan, akkasumas yeroo ijoolleen taphatan waan dogoggoran qajeelchuu irratti hirmaatu. Dabalataaniis akkaata ijoolleen hibboo itti walgaafatan ilaalchisee karaa ala kallattii ykn icciitiidhaan akka dhiyaatan himaniiru. Yaada kana irratti hundaa’udhaan ijoolleen karaa tapha hibboo waa’ee wantoota naannoo isaaniitti argamanii akkasumas haala jiruufi jireenya hawaasa keessa jiraatanii waa hedduu akka baratan hubatameera. Kuniis tapha hibboo keessatti gaaffiin yeroo gaafatamu waantoota waldorggomsiisuun, faalleesuun, wanta tokkoo kan biraatiin bakka buusuun, amala isa tokkoo kan biraatiif kennuun, gurra guddiisuun, kinneesuun fkk akka dhiyaatu agarsiisa. Akkasumas ijolleen gaaffii gaaffatamnii kallattidhuma kanaan wal biira qabanii sakkata’u. Haalli kuniimmoo malleen dubbii gara garaa hibboo keessatti argaman ijoollee barsiisuu, gorsoofo qajeelch uu irratti akka gargaaran kan mirkanneessuudha.

#### 4.5.2.4 Ergaa darbu salphaatti hubachuuf gargaara

Malleen dubbii ogafaan kam keessatti iyyuu sammuu namaa keessatti suura wanta dubbatamuuf barbaadame sanaa kaasuudhaan, dhaggeffataan yaada hubachuuf qabu salphaatti akka hubatu gochurratti shoora olaanaa qabu . Haaluma kanaan hiboo keessattis namni deebii hibboo gaafatame sana maalummaasaa, bifasaa, amalasaa,faayidaasaa,haala jireenya isaafi kkf malleen dubbiitiin sammuu isaa keessatti fakkii waan argatuuf sirriitti hubata. akkasumas, waan hubate sana akka salphaatti hindagatu.

#### 4.5.2.5 Wantoota wal cinaa qabani hubachuuf gargaara

Malleen dubbii wantoota garaagaraa wal bira qabuun,amala isa tokkoo waan birootiin bakka buusuun,amala dhalli namaa calaqqisiisuu qabu lubbu qabeeyyiifi lubbu maleeyyii biroo gonfachiisuudhaan,yaada dabarfamuu barbaadame tokko waan qabatamaa ta'een bakka buusuun ergaa jedhamuuf yaadame sun dhaggeeffataa bira akka gahu kan taasisani dha.Haaluuma kanaan malleen dubbii hibboo keessatti argaman kan akka nameessaa ,bakkasaa mallattoofi akkasaan ijoolleen wantoota garaagaraa wal bira qabuun amala,bifa,haala jireenyaa,gosa,faayidaa ,safuu, aadaafi kkf wal dorgomsiisanii akka adda baafatanfi waa'ee isa gaafataman sanaas gadi fageenyaan akka beekaniif isaan gargaara.Fakkeenyaaf,hibboon **yoo ciisu akka reenfaa yoo ka'u akka leencaa** jedhu deebiin isaa **qawwee** dha.Malli hibboon kun itti taphatame akkasaadha. Ijoolleen hibboo kana yeroo taphatan ,qawweefi leenci akkasumas,qawweefi reenfi maaliin akka wal fakkaatan,maaliin akka gargar ta'an,maaliif akka wal dorgomsiifaqman ni xiinxalu. Hibboowwan mala dubbii nameessaatiin taphataman keessattis,wantoonni amala dhala namaa gonfatanii dhiyaatan sun maaliin dhala namaa akka fakkaatanfi garaagarummaa jiru wal bira qabanii baru.

#### 4.5.2.6 Dandeettii Dubbachuufi Dhaggeeffachuu Barattootaa Gabbisa

Akka waliigalaatti yoo ilaalamu fooklooriin barnoota afaanii galmaan ga'uu keessattii ga,ee olaanaa qaba.Yaada kana Mayring Ph.(2000:56) yoo ibsu"Folklore is rich in thems and symbols which can stimulate the students to exercise the listening,speaking,reading and writing skills"jedha.Yaada kanarraa akkuma hubannu fookloriin barattoota si'aayinaanfi kakka'umsa qabaatanii fedhii guutuudhaan akka barataniif gargaara.Akkasumas,danddeettiiwwan afaanii afraniis akka gabbifataniif isaan gargaara.

Odeef-kennitoonni(B/tu Abbabbachi Ittichaa,Askaalaa Dirribaa,Ijjigaayyoo Haayiluufi B/sa Lammeessa Isheetuu)af-gaaffii caamsaa 6fi 8,2011 irratti yaada isaanii akka ibsanitti gosoota afoolaa keessaa tokko kan ta’e hibboon malleen dubbii garaa garaatiin kan kalaqamedha.Kunis afaan barsiisuu keessatti faayidaa guddaa qaba.Barattoonni hibboowwan kitaabilee barnootaa keessatti hammataman daree barnootaa keessatti yeroo shaakalan gaaffii karaa hibboo gaafataman sana deebisuuf jecha seeraan dhaggeeffatu.Akkasumas,erga dhaggeffatanii booda immoo deebii kennuuf jecha ni dubbatu.As keessatti barattoonni hibboowwan sana sirriitti akka dhaggeeffataniif shoora olaanaa kan taphatan malleen dubbiiti.Kana jechuun, hibboowwan malleen dubbiitiin waan dhiyaataniif icciitummaa qabu kan biraa immoo malleen dubbii kun miira nama dhaggeeffatuu ni booji’u ; gurrattis ni tolu. kanarraan kan ka’e barattoonni seeraan dhaggeeffatu. Erga dhaggeeffatanii booda immoo deebii kennu ykn ni dubbatu. Haaluma kanaan dandeettiiwwan afaanii kana dabaree dabareedhaan dhimma itti ba’u waan ta’eef, danddeettiiwwan kana cimsachaa deemu.

## 4.5 Malleen dubbii mammaksaafi hibboo Oromoo keessatti sadarkaa yerooammaairrajiru

### 4.5.1 Malleen dubbii mammaaksa Oromoo keessattii sadarkaa inni irra jiru

Uummata kamiifuu osoo barnoonni ammayyaa kun hin dhufin dura akka madda barnootaaf beekumsaatti kan tajaajilaa ture afoola isaati. Uummanni Oromoos aadaa, seenaa, seera ittin bulmaataafi kannen birookan inni dhaloota haaraa barsiisaa ture afoolaan gargaarameti. Afoolli aadaafi duudhaa kuusaa muuxxannoo hawaasaa kan jaarraa hedduu barsiisa. Gosa afoolaa keessaa tokko kan ta’e mammaaksi beekumsaafi falaasamaaf madda badhaadhudha. Mammaaksi hawaasicha keessa jiraachudhaan uummaticha irraa maddan bifa garaagaraan tajaajilu. Faayidaalee kanneen keessaa muraasni gorsuu, barsiisuu, qeequu, to’achuu, miiliquu, qajeelchuu, kan waldhabee walitti fiduu fa’a. Kanaafuu mammaaksi Orom-durii biratti jaallatamaafi beekamaadha. Kanaafuu **“Ittoon sogidda hin qabneefi haasaan mammaaksa hin qabne hin mi’aahu”** jedhama. Kana malees **“mammaaksi lamuma, tokko dubbii fida, tokko dubbii fixa”** jedhu. Kanarraa wanti hubatamu hawwasni Oromoo durii irraa kaasee muuxxannoo mammaksaa akka qabu fi kanaanis falaasamasaa, aadaasaa, duudhaasaa, eenyummaasaa, seenaasaa, haala jiruuf jireenyasaa mammaksaan ibsachaa akka turedha.

Haa ta’u malee, Ogummaan hawaasichaa gabbataan kun akka ta’utti dhaloota amma biratti xiiyyeffannaa argatee, itti fayyadaminsasaa itti fuufinsa argateeraa? gaaffii jedhu ‘eeyyee’

jedhanii deebisuuf nama hin dandeesisu. Sababni isaas, dhaloonnii ammaa haala garaagaraa keessatti mammaaksa yeroo fayyadamu hin mul'atu.

#### 4.5.1.1 Sababoota Dagatamuu Malleen Dubbii Mammaaksa Keessatti

#### 1. Dhimmoonni Hawaasaa Jijjiiramuu

Odeefkennaa obbo Baqqaanaa Godaanaa afgaaffii (Ebla 10, 2011) isaaniif taasifamee irratti akka ibsanitti, duri hawaasni Oromoo yoo walitti bu'an, bakka seeraa wal hin dhaaban; Jarsatu walitti araarsa. Bakka jarsuummaa kanattis maanguddoonni mammaaksa mammakuun walitti bu'insa bal'aa sana gara tasgabitti akka fidanifi rakkoo muudate sana akka hiikan duubbatan. Deegarsa yaada kanaa Finnegan (1970:339) yoo ibsitu "Society in which there is marked latent conflict or in which there is a particular need to regulate formalized conflict, that proverb by play on especially large part" jetti. Yaanni hayyu kannarraa hubannuu uummata keessatti walitti buu'insa cimaan haala garaagaraatiin yoo uummame kana gabaabsanii haala salphaa ta'een hiikuuf mammaaksi soora olaanaa taphata. Kanaafuu haawasichi bakka wal-diddaan jirutti mammaksatti fayyadamee akka hiikaa ture hubanna.

Yeroo amma garuu namoonni walitti bu'an iyyu irra caala bakka seeraa wal-shabuu malee, jaarsummaadhaan hin hiikaatan. Haalli kun immoo mammaaksonni malleen dubbii garaagaraatiin kalaqaman kun hojiirra oolmaan isaanii akka gadi xiqqachaa deemuuf sababa ta'a. Kana malees durratti maanguddoonni galgalas haa ta'u yeroo boqonna isaanii ollaadha walitti ya'aanii waliin taphachuun, haasa'uun, mari'achuun mukuu ba'u. Akkuma Oromoon **"mammaaksi lamuuma tokko dubbi fida tokko dubbii fixa"** jechu. Haasaa isaanii keessatti mammaksota malleen dubbiitin dhiyaatan heddu fayyadamu ture. yeroo ammaa garuu namni hundinu dhuunfaadhaan odeeffannoo garagaraa televisiin, moobayiilii, Raadiyoofi kkf irraa barbaaduufi dhaggeeffachuu malee wa'een walitti dhufanii hasa'uufi mammaksatti fayyadamuun xiyyeeffanna hin qabu. Kanarraan kan ka'e itti fayyadaminsii mammaksootaa gad bu'aa dhufeera.

#### 2. Ilaalcha ammayyuummaa fakkaatu

Hawaasni tokko afoola isaatti fayaadamee aadaa, seenaa, amantii, falaasamaa fi muuxxannoo jiruufi jireenya isaa ibsachuun of beekuudha. Haa ta'u malee nammoonni ammayyoofneerra jedhan tokko tokko dhimmoota hawaasaa garaagaraa keessatti mammaksatti fayyadamuu akka

dubbatti haffuummaati lakka’u. Qooda muuxannoo kuufamaa hawaasichaatti fayyadamuu yeroo itti qanaa’an muldhata. Yaada kana Misgaanuu (2011:39) irratti yoo ibsu, “Kuufama muuxxannoo keenyaa dhiifnee afee (text) warra ambaa duukaa fiiguun hin barbaachisu. kan ormaa faana bu’uun kun ofganuu dha laata?” jedha.

11. **Mammaaksonnii Malleen Dubbiitiin Dhiyaatan Haala Quubsaa Ta’een Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Keessatti Hammatamuu Dhiisuu**

Barsiisoonni afaan Oromoo (B/tu Abbabachi Ittichaa, Ijjigayyoo Hayiluum, Askaalaa Dirribaa fi B/sa Lammeessaa Isheetuu) fi Barattoonni af-gaaffii Caamsaa 6 fi 8, 2011 waliin taasifame irratti akka ibsanitti mammaaksonni malleen dubbii garaagaraatiin kalaqaman kun haala gahaa ta’een kitaablee barnootaa afaan Oromoo keessatti akka hin jirree dubbatan, Kanarraan kan ka’e barattoonni mammaaksota hawaasicha keessatti mammakaman heddumminaan hin beekani; muuxannoon gama kanaan barattoonni qabanis gadi aanaadha.

### 4.5.2. Malleen Dubbii Hibboo Oromoo Keessatti Sadarkaa Inni Irra Jiru

Hibboowwan malleen dubbii garaagaraatiin kalaqaman jawaasa Oromoo biratti jaallatamaafi beekamaadha. Kanaaf hawaasichi gama adda addaatiin hibbootti fayyadamaa akka ture mirkana. Barnoonni ammayyaa osoo hin eegalamiin dura hawaasichi daa’immansaa hibbootti gargaaramuun bashanansisaa, barsiisaa, naannoo isaani akka hubatan tasiisaa sammuu daa’immanii ittin qara akka turan ni beekama. Hibboon faayidaa hedduu haa qabaatuuyyuu malee yeroo amma kana haalli itti fayyadaminsa isaa hawaasicha kessatti dhiibbawwan garagaraan kan ka’e gadi bu’aa akka dhufee ragaawwan odeef-kennitoota irraa argaman ni ibsu.

Akka barattoonni af-gaaffii Caamsaa (6 fi 8, 2011) taasiifame irratti ibsanitti hibboon kan taphatamu galgala bakka maatiin walitti qabameetii, sammuu hojiidhaan dadhabaa oole bohaarsuufi itti mukuu ba’uufidha. haa ta’uyyuu malee, daa’imman darbee darbee malee yeroo mara hibboo akka hin taphanne kaasu. Akkasumas, hirmaattoonni marii garee (Obbo Tolchaa Tolaa fi Gonfaa Guddata) akka Caamsaa 12, 2011 kaasanitti ijoolleen galgala galgala hibboo caalayyuu taphoota garaagaraatiin akka yeroo isaani dabarsan dubbatu. Yaadoota olii kanarraa akkuma hubatamu, hibboowwan malleen dubbii garagaraatin taphataman kun hojiirra oolmaan isaanii gadi bu’aa dhufusaa agarsiisa.

#### 4.5.2.1. Sababoota Dagatamuu Malleen Dubbii Hibboo Keessatti

##### 1. Dhimmoota Ammayyuumaadhaan Wal qabatan

Akka barattoonni Caamsaa (6 fi 8, 2011) yaada kennanitti itti fayyadamni taphoota mobaayiliirraa(games),feesbuukii hedduumminaan baramaa akka ta'e kaasu. Kana malees teelevisiinii,raadiyoo, daawwachuu fi dhageefachuun akka yeroo isaanii dabarsan dubbatu. Hirmaattoonni marii garee irratti hirmaataniis, yaaduma kana ciimsuudhaan ijoolleen galgala galgala wantootuma bu'aa teeknoolojii ta'an irratti caala yeroo isaan akka dabarsan itti b ibsani. Kanumarratti hundaa'uun, daa'imman hibboo taphachuu caalayyuu teeknooloojii irratti yeroo isaanii akka dabarsan mirkanneffachuun ni danda'ama. Haalli kun immoo hibboowwan malleen dubbii garagaraatiin kalaqaman kun dhaloota ammaa birratti dagatamaa deemuu isaa agarsiisa.

Akkasuma,s maatiin daa'immannii illee yeroo bay'ee odeeffannoo karaa sab-qunnamtiittin darbu hordofuu malee ijoolleen hibboo akka shaakalan jajjabessuu, barsiisuu, ofiisaanis irratti hiramaachuu irratti kaka'umsi jiru quubsaa miti. Deeggarsa yaada kanaa Asafaa (2009:27) yoo ibsu "Ogafaan seenaa hawaasa tokko kessatti haala geeddarumsa jiruuf jireenyaa, dhiibbaan saayinsiifi teeknooloojii, siyaasa, diinagdee fi hawaasummaan mul'achuu danda'a. Sababa kanaan hawaasni aadaa mata isaa dhiisee kan biro faana dhahuu jalqaba. Kun immoo geeddaramsa ogafaaniif sababa guddaa ta'a."jedha.

##### 2. Hibboowwan Malleen Dubbiitiin kalaqaman Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Keessatti Yarachuu Isaanii

Akka deebii af-gaaffii barsiisoota afaan oromoofi barattootarraa hubatamutti,hibboowwan gahaa ta'an kitaabilee barnoota afaan oromoo keessatti hinhammatamne ibsu.Haalli kun immoo barattoonni gosa afoolaa kanattii dammaqanii shaakaluuu akka hin dandeenye gufuu ta'a. Kana amalees, barattoonni jaalalaafi xiyyeeffannaadhaan hibboodhaaf kennan gadi bu'aa akka ta'u taasiisa.Kanumaan wal-qabatee hibboowwan malleen dubbii garaa garaatiin dhiyaatan kun itti fayyadamiinsii isaanii dagatamaa akka dhufu ka'umsa ta'a.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, ArgannooFI Yaboo

Boqqoonnaan kun qabxiilee gurguuddoo sadii qabatee jira. Isaaniis cuunfaa, argannoofi yaboo yoo ta'an haala armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

## 5.1 Cuunfaa

Hawaasnii Oromoo fookloorii isaatiin seenaa bara dheeraa haaqabatuyyuu malee, ogummaafi muxxannoon sabni kun qabu qoratamee barreeffamaan qindaa'ee ta'uun, akkasumas dhaloota aanutti dabarsuun eegalamuun isaa dhiyoo dha. Kanuma irratti hundaa'udhaan ka'umsi qorannoo kanaas afoola Oromoo qoratamuufi barreeffamaan qindaa'un isaa umurii dhiyoo qabu kana qorachuudhaan bu'aa isaa ifa baasuudha. Akkasumas, bifa barreeffamaatiin qindaa'ee dhaloota itti aanutti akka darbu taasiisuudha. Kaayyoon qorannichaas, malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti xiinxaluudhaan adda baasuu, malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti argaman iin qabiyyeewwan garaa garaa ibsuu,tajaajila, malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessatti qaban ifa baasuufi ittifayyadamiinsi malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessatti sadarkaa yeroo ammaa irra jiru ibsuu dha.

Kaayyooee kana galmaan ga'uuf mala iddattoo kaayyeeffataafi eerummaatti gargaaramuudhaan iddattoowwan filatamaniiru. Odeeffannoon barbaachisuus, maanguddoota, barsiisota, barattootaafi kitaabilee afoolaarraa walitti qabameera. Meeshaalee ragaan ittiin funaaname af-gaaffii , marii garee xiyyeefataafi sakatta'a galmeeti. Ragaan walitti qabames mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun xiinxalameera.

Adeemsa xiinxala malleen dubbii mammaaksa Oromoo keessatti taasifameen mammaaksota malleen dubbii bakkasaa, akkasaa, nameessaa, eemitii, fakkoo, arbeessuu, mallattoo, anyaarsee, habalaka, ateessaan mammaakaman xiinxalamaniiru. Xiinxala malleen dubbii hibboowwan keessatti adeemsiifameenis hibboowwan Oromoo malleen dubbii bakkasaa, akkasaa, nameessaa, eemitii ateessa fakkoo arbeessuu mallattootiin kan taphataman ta'uun isaanii ibsamaniiru. .Mammaaksoota mala dubbii garaa garaatiin dhiyaataniin dhimmoonni hawaasaa qabiyyeewwan garaa garaa qaban eeramaniiru. Isaanis,ofittummaa,dhugaa, ofta'anii jiraachuu, oolmaa, tokkummaa, yeroo ofii seeraan fayyadamuu, amala, jarjaruu, qusannaa tooftaa, aantummaa, tuffii, ofeeggannoo, sodaa, aadaa hojii jajjabeessuu fa,a. Akkasumas, hibboowwan malleen dubbiin taphatamaniin qabiyyeewwan waa'ee qaama namaa, nyaataa, meeshaalee, beeladootaa, bineensotaa, ilbiisotaa ibsan xiinxalamaniiru.

Malleen dubbii mammaaksa keessatti fayyadamuun, dubbii mi'eessuu, ergaan akka xiyyeeffatamu gochuu, ergaa salphaatti hubachiisuu, barsiisuu, qeequu, miliquuf, dandeettiiwwan afaanii cimsuuf, bashannanaaf akka gargaaru ibsameera. Hibboo keessattis malleen dubbii gargaaramuun tajaajila adda addaa qaba. Isaaniis: danddeetti xiinxaluu ijoollee gabbisuu, gorsuu, barsiisuu, ergaa salphaatti hubachuu, wantoota walcinaa qabanii hubachuu, dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu barattootaa gabbisuu dha. Xiinxala sadarkaa itti fayyadama mammaaksootaafi hibboo Oromoo malleen bubbii garaa garaatiin dhiyaatan irratti taasifameen, gad bu'uu itti fayyadamiinsa mammaaksootaatiif sababoota kan ta'n dhimmoonni haawaasaa jijjiiramuu, ilaalcha ammayyummaa, mammaaksonni gahaa ta'an kitaabilee barnoota afaan Oromoo keessatti hammatamuu dhiisuudha.Akkasumas, hibboowwan malleen dubbiitiin taphataman itti fayyadamiinsii isaanii akka gad bu'uuf, dhimmoonni ammayyummaadhaan walqabataniifi hibboowwan kitaabilee barnoota afaan oromoo keessatti yarachuun isaanii ka'umsa akka ta'e ibsamee jira. Kanuma irratti hundaa'uun argannoofi yaboon qorannichaa akka armaan gadiitti dhiyaateera.

### 5.2. Argannoo

1. Mammaaksoonni Oromoo malleen dubbii gara garaatiin akka dhiyaatan mirkanaa'eera. Isaaniis: akkasaa, bakkasaa, nameessaa, habalaka, arbeessuu, eemitii, mallattoo, anyaarsee, ateessaafi fakkoodha.
2. Akkasumas, hibboowwan Oromoo malleen dubbii akkaakuu adda addaatiin taphatamu. Isaaniis: akkasaa, bakkasaa, nameessaa, eemitii, ateessaafi fakkoodha.
3. Malleen dubbii mammaaksota Oromoo keessatti argamaniin dhimmoota hawaasa qabiyyeewwan gara garaa qaban kanneen akka ofittummaa,dhugaa,ofta'anii jiraachuu,olmaa namaa dagachuu,tokkummaa,yeroo ofiitti seeraan fayyadamuu,amala badaa,jarjaruu,qusannaa,tooftaa,aantummaa,tuffii,ofeeggannoo,soda,aadaa hojii jajjabeessuu ibsuun akka danda'amu bira gahameera.
4. Akkasumas, malleen dubbii hibboo Oromoo keessatti argamaniin ijoolleen waa'ee naannoo isaaniifi waantoota naannoo isaaniitti argaman waa'ee qaama namaa,nyaataa,meeshaalee,beeladootaa,bineensotaa,ilbisotaa waliif ibsu; wal barsiisuus.
5. Malleen dubbii mammaaksota keessatti fayyadamuun bu'aa adda addaa akka qabu mirkanna'eera. Isaaniis: dubbii mii'essuu, xiyyeeffannoo kennuu, ergaa darbu salphaatti

hubachisuu, barsiisuu, gorsuu, qeequu,miliquu,danddeettii afaanii cimsuu, bashannansiisuu fa'a.

6. Malleen dubbii hibboo keessatti gargaaramuun faayidaa qaba. Isaaniis: danddeettii xiinxaluu ijoollee gabbisuu,barsiisuu, walbira qabanii waahubachuufi dandeettiiwwan dhageeffachuufi dubbachuu gabbisuu akka ta'e bira gahameera.
7. Itti fayyadamni malleen dubbii mammaaksa Oromoo keessatti gad bu'aa dhufuun isaa bira ga'ameera. Kanaafis sababoota kan ta'an, dhimmoonni hawaasaa jijjiiramuu, ilaalcha ammayyummaa fakkaatufi mammaaksonni haala gahaa ta'een kitaabilee barnoota afaan Oromoo keessatti hammatamuu dhiisuu dha.
8. Akkasumas,itti fayyadamni malleen dubbii hibboo Oromoo keessatti dagatamaa dhufeera.Kanaafis ka'uumsa kan ta'e,dhimmoota ammayyummaadhaan walqabatan kanneen akka teleevziinii raadiyoo dhaggeeffachurratti yeroo dabarsuu,taphoota mobaayilii,feesbuukii, hibboowwan haala gaariitiin kitaabilee barnoota afaan Oromoo keessatti hammatamuu dhiisuu dha.

**5.3. Yaboo**

1. Malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti gargaaramuun bu'aa guddaa waan qabuuf hawaassiichi qabiyyeewwan gara garaa irratti ittiin wal gorsuu, wal barsiisuu, wal qeequu, wal bashannansiisuu isaa kan durii caala cimsee itti fufuu qaba.
2. Malleen dubbii mammaaksaafi hibboo keessatti gargaaramuun barnoota afaanii keessatti dandeettiiwwan afaanii barattootaa gabbisuu irratti gahee guddaa qaba. Kanaafuu, barsiisoonni afaanii afoola kitaaba barataa keessatti hammatame, akkasumas barattoonni naannoo isaaniitii afoola garaa garaa akka daree barnootaatti fidan taasiisuun xiyyeeffannaa itti kennanii osoo barsiisanii gaarii ta'a.
3. Qaamooleen meeshaalee barnootaa qopheessan mammaaksotaafi hibboowwan malleen dubbii garaa garaatiin dhiyaatan haala ga'aa ta'een kitaabilee barnoota afaan Oromoo keessatti hammachiisanii qopheessuu qabu.
4. Haawaasni Oromoo hundiyyuu afoola isaa guddiffachuu, muuxannoowwan aadaa ,seenaa, amantaa, falaasama hawaasichaa ibsan kana guddisuun, kunuunsuun, dhaloonni ammaa ogummaa kanatti madaqee dhaloota dhufuuf

akka itti fufsiisu gochuu dirqama qaba. Kanaafuu, hawaasichi mammaaksota dhimmoota hawaasaa kam keessattiyyuu Fakkeenyaaf, waltajjiiwwan garaa garaarratti, odeeffannoo karaa sab-qunnamtii darban irrattifi kkf irratti osoo fayyadamee gaarii ta'a. Akkasumas ,maatiin muuxannoo isaanii kanaan dura dabarsan ijoollee isaaniitiif hiruudhaan ijoolleen isaanii akka hibboo taphatan barsiisuu, shaakalsiisuufi jajjabeessuu qabu.

5. Qorannoon kun yoo milkaa'ee Mana Kitaabaafi WAT osoo taa'ee, barattoonni malleen dubbii ilaalchisee hubannoo irraa argachuu danda'u. Akkasumas, namoota qorannoo mata duree qorannoo kanaa waliin deemu irratti geggeessaniif akka ragaatti tajaajila.

# Wabii


Addunyaa Barkeessaa.2011.*AKKAMTAA*:Yaadrimee Qorannoo Hujuu.Finfinnee: Dhaabbata Dhaabbata Maxxansaa Far-East Trading PLC.

___________________. 2016. *Seemmoo*: Bu'uura Barnoota Afaanii fi Afoola Oromoo. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Far-East Trading PLC.

Alamaayyoofi kaawwan.(2010**).***Seensa afoolaa*.Jimmaa Yunivarsitii kan hin maxxanfamne.

Asafaa Tafarraa. 2009. *Eela:Seenaa Oguma Oromoo*. Far-East Trading PLC.

Baxter, P.T.W. (ed). (1996***).*** *Being and Becoming Oromo*: Historical and Anthropological Enquiries, Asmara: Red Sea press

Bukenya. A. (1994). *Understanding Oral literature*. Nairobi: Nairobi University press.

Dastaa Dassaalanyi.(2013**).***Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee:Far East Trading PLC

Dorson, M.R. 1972. *Folklore and Folklife*: an Introduction. Chigaco: university of Chigaco press

Dundes Allen. (1975***).*** *The study of Folklore*. Berkle:Prentce hall.

Fedhasaa Taaddasaa. 2013. *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa subi Printing Press

Finnegan R. (1984). *'how oral is oral literature*?' bulletin of the school of oriental and Africa studies

___________. (1970). *Oral Literature in Africa*. The oxford library of African literature: Oxford University Press Eastern Africa

__________ .(1992*). Oral Tradition and verbal Arts***.** London: Rutledge

Fireewot Raggaasaa(2010).Xiinxala Malleen Dubbii Durdurii Oromoo Keessatti. Yunivarsiitii Amboo. Amboo. Qorannoo MA.

Georges,S,R.Aand Jones,M.O.(1995**).***Fokloristic*:An introduction.Biloomingonton and Indiana Polis: Indiana University Press.

Guddoo, J.A.A. 1972. *Mix Me A Metaphor*. London: Gentry Books

Harryshaw. 1908. *Dictionary of Literary Terms.* NewYork: Me Graw Hill Book Company

Hundson, R.A. (1980*). Socio Linguistics*. Cambridge: Cambridge University Press.

Ibsaa Addunyaa. (2016). Qaaccessa Itti fayyadama Malleen Dubbii ogwalaloo Anaaniyaa Keessatti Yunivarsiitii Finfinnee kan hin maxxanfamne

Lawrence, J. 1972. *Mix Me A Metaphor*, London: Gentry Books

Masarat Tasfaayee. (2016). Qaaccessa Adeemsaa fi Faayidaa Hibboon Oromoo Ijoolleef Qabu. Yuniivarsiitii Addis Ababaa. Finfinnee. Qorannoo MA.

Mangashaa Rikitu(1992). Oromo Oral Treasure.Proverbs and Saying.Landon:Engiland

Mayring Ph.(2000). Qualitative analysis (28 paragraphs). forum qualitative social frosting forum: qualitative social research.

Melakneh Mengistu. (2006). *Fundamentals of Literature.* Addis Ababa: Addis Ababa University

Meyer, R.E. (2008). *Figures of Speech.* A study and aracticing guide. USA: teaching and learning Company.

Misgaanuu Gulummaa.(2011*).Dilbii: Bu'uura Afoola, Og-afaaniifi Af-walaloo Oromoo*. Finfinnee

__________________. (2012*). Biftuu*. Guddina Afaanii Finfinnee: Subi Printing Press

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature*. Bloomington: Indiana Universiry Press.

Qorichee Gaarummaa. (2016). Qaaccessa Qabiyyee, Unkaa fi Fayyadama Afaanii Faarsaa Waaqaa Kitaaba “Galata Waaqayyoo” keessatti. Yuuniversiitii

Rabbiirraa Tarraffaa.(2009***).***GADAA*: Caasluga Afaan Oromoo.Finfinne.their Tradition”. University press:Utah

Shaw,H.(1972*).Dictionary of Literary Terms*.Newyork:MCGRAW HILL BOOK,INC

Yaadannoo Gaaromsaa. 2014. *Hora obaa*: Kuusaa Afoollan Oromoo. Finfinnee: Oromiyaa. Dhaabbata maxxansaa Elleni. P.P.PLC

**Miiltoo A**

**Yuunuvarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qorannoo Afaanootaa, Jurnaaliisimiifi Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii.**

Gaaffannon kun maanguddoota iddatoof filataman qofa kan ilaallatuudha. Kaayyoon qorannoo kanaa malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti xiinxaluun adda baasuudha. Odeeffannoon isin irra argadhus, hojii qorannoo kanaaf kan oluudha. Kanaaf, biilisa taatanii gaaffiilee isin gaaffadhu akka naaf deebistan kabajaan isinan gaaffadha.

Galatoomaa!

Maqaa ____ Korniyaa _____ umurii _____Ganda ____Gahee Hojii _____sad.barnootaa____

1. Mammaaksii Oromoo mala yookiin tooftaa gara garaati gargaaramuudhaani moo kallattumaan dhiyaata? fakkeenyaaf biinesootatti, biiqilootaatti, meeshaaleetti qabachuudhaan mallei itti mammaakamu jiraa?
2. Maliif waantootatti qabatamee mammaakamaa?
3. Mammaaksoota mala gara garaa fayyadamuun mammaakaman amma yaadatan natti himaa.
4. Mammaaksoota mala gara garaa qaban kanaan waa'ee dhimmoota hawaasaa yookiin qabiyyee akkam akkamii ittiin ibsachuu dandeenya?
5. Mammaaksoota mala gara garaatti fayyadamuun mammaakuun bu'aa maal qaba jettuu?
6. Haallii waa'ee waan tokko garmalee ol guddiisuun yookiin garmalee xiqqeesun itti mammaakamu jiraa?
7. Mammaaksa Oromoo keessa waan siirrii hin taane tokoo ittiin qeequuf kan mammaakamu jiraa?
8. Mammaaksota mala garaa garaan mammaakaman kana hawaasichi duratti moo amma irra fayyadamaa?

**Miiltoo B**

**Yuunuvarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qorannoo Afaanootaa, Jurnaaliisimiifi Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii.**

Gaaffannoon kun barsiisoota sadarkaa 1ffaa (kutaa 5ffaa fi 6ffaa) Afaan Oromoo barsiisan keessaa warren iddattoof filataman qofa kan ilaallatuudha. kaayyoo qorannoo kanaa malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti xiinxaluun adda baasuudha. Odeeffannoon isin irra argadhus, hojii qorannoo kanaaf kan oluudha. Kanaaf, biilisa taatanii gaaffiilee isin gaaffadhu akka naaf deebistan kabajaan isinan gaaffadha.

Galatoomaa!

Maqaa ____ Korniyaa ____ umurii ____ Ganda ____Gahee Hojii _____Sad.barnootaa_______

1. Malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti ni argamuu? Deebii keessan eeyyee yoo ta’e maal fa’ii? Fakkeenyaan ibsaa.
2. Malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti fayyadamuun bu’aa maal qaba?
3. Malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti fayyaadamuun qabiyyeewwan akkamii ibsuu dandeenya?
4. Malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti gargaaramuun barnoota Afaanii keessatti barattootaaf bu’aa inni qabu maali?
5. Mammaaksonniifi hibboowwan malleen dubbii garaa garaatiin dhiyaatan haala ga’aa ta’een kitaaba barnoota afaan Oromoo keessatti ni argamuu?

**Miiltoo C**

**Yuunuvarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qorannoo Afaanootaa, Jurnaaliisimiifi Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii.**

Gaaffannoon kun barattoota sadarkaa 1ffaa (kutaa 5ffaa fi 6ffaa) keessaa warren iddattoof filataman qofa kan ilaallatuudha. kaayyoo qorannoo kanaa malleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti xiinxaluun adda baasuudha. Odeeffannoon isin irra argadhus, hojii qorannoo kanaaf kan oluudha. Kanaaf, biilisa taatanii gaaffiilee isin gaaffadhu akka naaf deebistan kabajaan isinan gaaffadha.

Galatoomaa!

Maqaa _____ Korniyaa _____umurii _____ Ganda ____ Gahee Hojii ____Sad.barnootaa____

1.Hibboo taphachuu beektuu? Yoom yoom taphattuu? Yeroo hunda moo darbee darbe taphattuu?

2.Hibboo yeroo taphattan waan gaafaattan sana kallattiidhaan /ifa/ moo wayitti qabattanii/ gaafattu? fakkeenyaan ibsaa.

3.Hibboowwan wayitti qabattanii taphattan kana hamma beektan natti himaa.

4.Hibboowwan mala /tooftaa/ gara garaatti faayadamuun yeroo walgaafattan waa'ee maali fa'aa wal gaafattu?

5.Hibboo haala icciitiidhaan ykn mala gara garaatti fayyadamuun tahachuun bu'aa maal qaba jettu?

6.Hibboowwan gahaa ta'an kitaabilee barnoota afaan Oromoo keessatti ni argamuu?

7.Hibboo mala gagra garaatiin taphachuun barnoota afaanii keessatti maal isin fayyada?

**Miiltoo D**

**Marii Garee**

**Yuunuvarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qorannoo Afaanootaa, Jurnaaliisimiifi Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii.**

Gaafannoon kun odeef kennitoota marii garee irratti akka hirmaataniif filataman qofa kan ilaallatudha. Kaayyoon qorannoo kanaa, mallleen dubbii mammaaksaafi hibboo Oromoo keessatti xiinxaluudhaan adda baasuudhaan odeeffannoon isin irraa argadhus, hojii qorannoo kanaaf qofa kan ooluudha. Kanaaf bilisa taatani gaaffilee kana gareen erga mariyattan boodaa afaaniin deebii keessan kennaa.

Galatoomaa!

Maqaa _____Korniyaa ____ umurii ___ Ganda ____Gahee Hojii ____Sad.barnootaa_______

1. Mammaaksii Oromoo kallatiidhumaan mammaakama moo mala gara garaatti fayyadamuun mammaakamaa? fakkeenyaaf bineensootatti, meeshaleettiqbachuudhaan haallii itti mammaakamu ijaa? mala gara garaatiin mammaakama yo ta’e fakkeenyaan ibsaa.
2. Mammaaksoota mala gara garaatiin mammaakaman amma beektan himaa.
3. **** Mammaaksoota mala gara garaatiin mammaakaman kanaan dhimoota hawaasaa maal ibsu danda’amaa?
4. Mammaaksota mala garaa garaan mammaakaman kana hawaasichi duratti moo amma irraa fayyadamaa?
5. Maammaaksoota mala garaa garaa fayyadamuun mammaakuun bu’aa maal qaba?
6. Ijoolleen keessan galgala galgala hibboo ni taphatuu?
7. Hibboon Oromoo hoo haala icciitii ta’een gaafatama moo kallattidhaan /ifa/ gaafatama?
8. Ijoolleen tapha hibboo mala garaa garaatti fayyadamanii yeroo wal gaafatan waa’ee maal kaasu?

**Miiltoo E**

Maqaa Odeef-kennitootaa

| T.L | Maqaa odeef-kennitootaa | Korni yaa | Umrii | Sad.bar nootaa | Hojii | Ganda | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Nageessoo Gammachuu | Dhi. | 85 | - | Q/bulaa | I/muujjaa | 5/08/2011 |
| 2 | Qananii Dallallany | Dha | 80 | - | Q/bulaa | I/muujjaa | 5/08/2011 |
| 3 | Baqqaanaa Godaanaa | Dhi | 75 | - | Q/bulaa | I/Jallinaa | 10/8/2011 |
| 4 | Sarbeessaa Godaanaa | Dhi | 80 | - | Q/bulaa | I/Jallinaa | 10/08/2011 |
| 5 | Nagaasaa Milkeessaa | Dhi | 45 | - | Q/bulaa | Amaaroo | 14/08/2011 |
| 6 | Lachiisaa Sarboo | Dhi | 60 | 4 | Q/bulaa | Amaaroo | 14/08/2011 |
| 7 | Tarreessaa Baalchaa | Dhi | 55 | 7 | Q/bulaa | Meexxii | 20/08/2011 |
| 8 | Asaffaa Urgeessaa | Dhi | 58 | 6 | Q/bulaa | Meexxii | 20/08/2011 |
| 9 | Tolchaa Tolaa | Dhi | 48 | 9 | Q/bulaa | T/Saqaa | 12/009/2011 |
| 10 | Biraanuu Dhugaa | Dhi | 57 | _ | Q/bulaa | Goljaa | 12/09/2011 |
| 11 | Milkeessaa Naata'aa | Dhi | 43 | 5 | Q/bulaa | F/jajjabaa | 12/09/2011 |
| 12 | Waaqoo Gutamaa | Dhi | 51 | 2 | Q/bulaa | F/jajjabaa | 12/09/2011 |
| 13 | Gonfaa Guddataa | Dhi | 68 | _ | Q/bulaa | Goljaa | 12/09/2011 |
| 14 | Abdiisaa Lataa | Dhi | 54 | 2 | Q/bulaa | T/Saqaa | 12/09/2011 |
| 15 | Abbabachi Itichaa | Dha | 44 | Digrii | Barsiistuu | Meexxii | 08/09/2011 |
| 16 | Ijjigaayyoo Haayiluu | Dha | 35 | Digrii | Barsiistuu | Meexxii | 08/09/2011 |
| 17 | Askaalaa Dirribaa | Dha | 38 | Digrii | Barsiistuu | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 18 | Lammeessaa Isheetuu | Dhi | 37 | Dipiloo | Barsiisaa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 19 | Gaaddisaa Tolchaa | Dhi | 12 | 5 | Barataa | Meexxii | 08/09/2011 |
| 20 | Gammachuu Guddataa | Dhi | 13 | 5 | Barataa | Meexxii | 08/09/2011 |
| 21 | Beeksiisaa Darajjee | Dhi | 12 | 5 | Barataa | Meexxii | 08/09/2011 |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 22 | Gaaddiisaa Goshee | Dhi | 13 | 6 | Barataa | Meexxii | 08/09/2011 |
| 23 | Tokkummaa Baay'isaa | Dhi | 13 | 6 | Barataa | Meexxii | 08/09/2011 |
| 24 | Badhaanee Baqqalaa | Dha | 12 | 5 | Barataa | Meexxii | 08/09/2011 |
| 25 | Gammachuu Bushuu | Dhi | 13 | 6 | Barataa | Meexxii | 08/09/2011 |
| 26 | Ayyaantuu Atoomsaa | Dha | 12 | 5 | Barataa | Meexxii | 08/09/2011 |
| 27 | Kumashii Hirphaa | Dha | 14 | 6 | Barataa | Meexxii | 08/09/2011 |
| 28 | Namarraa Naggasaa | Dhi | 13 | 6 | Barataa | Meexxii | 08/09/2011 |
| 29 | Shugguxii Glaanaa | Dhi | 13 | 5 | Barataa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 30 | Tolaa Dagguu | Dhi | 14 | 6 | Barataa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 31 | Kumaa Alamuu | Dhi | 15 | 5 | Barataa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 32 | Dhinsaa Boonaa | Dhi | 12 | 5 | Barataa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 33 | Bayyanaa Baqqalaa | Dhi | 13 | 6 | Barataa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 34 | Boontuu Mastuu | Dha | 12 | 5 | Barataa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 35 | Warqinee Baqqalaa | Dha | 13 | 5 | Barataa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 36 | Gaaddisee Kabbada | Dha | 12 | 6 | Barataa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 37 | Galaanaa Atoomsaa | Dhi | 14 | 6 | Barataa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |
| 38 | Dabaltuu Naggasaa | Dha | 12 | 6 | Barataa | I/Jallinaa | 06/09/2011 |

Miiltoo F

Mammaaksotaafi Hibboowwan Odeef-kennitootarraa Funaanaman

**Mammaaksoota Malleeen Dubbii Akkasaatiin Mammaakaman**

1. Sangaan bakka oolee fakkata.
2. Akka abaluuttan siirbaan morma nama jallisa.
3. Afaan dabeessaa hanga hubboo bal'ata.
4. Allaattin fira fakkatte simbira nyaatte.
5. Yaadni gara guba akka madaa bobaa.
6. Ni fakkata daaraan daakuu.
7. Kan akka walii loon waliin tifkatti.

8. Alaa hamma arbaa mana hamma garbaa.
9. Akka leencaan utala jettee qamaleen tafaa buqaate.
**10.** Akka mana ofii malee akka ollaatti hin bulan.
**11.** Maaf of dhaabda akka udaan dhakaarraa.
**12.** Ni fakkaaata ilmi abbaa.
**13.** Ijoolleen akka ijaatti jaallatan ija nama baafti.
**14.** Suuraan gaariin abbaa fakkaata.
**15.** Akeekkatanii yoo ilaalan jaldeessi nama fakkaata.
**16.** Akka abbaa koo jette, intalli ija babaaftee.
**17.** Akka fardaaf tolutti gafarsi hin kaatu.
**18.** Akka garaa ofii harki marxoo hin muru.
19. Akka baran miti akka baraatti bulu.

**Mammaaksoota Mala Dubbii Bakkasaatiin Mammaakaman**

1. Lammiin ofii kafana.
2. Keessa keesa adureen bineensa.
3. Abbaan warraa gaaddiduu manaati.
4. Agamsi olla dina.
5. Warqeen harkaa qaban siibila diimaadha.
6. Obboleessii gaaddiidduudha.
7. Biyyi ofii kafana.
8. Tokkummaan humna.
9. Calliisaan gamna.
10. Qeerroon ture suubbodha.
11. Afaan dubbi bare, bulluqa alaf kata.
12. Amalli badaan ija nama balleessa.
13. Arraba gabaabbachuun yaadaan bilchaachuu dha.
14. Akka yaada namaa odoo ta’e tulluun ashuffee ta’a.
15. Bareedni naatoo hin qabne lafee foon hin qabne.
16. Bishaanuma ta’e, rifatee alba’e.

17. Fardi harree wajjin oolu maxaanan tokkicha.
18. Fiigee fiigee kormi sangaa ta'a.
19. Harreef daaraan kafana.
20. Mammaaksi koobaa dubbiiti.
21. Qe'een abbaa hin qabne ona.
22. Qilxuun daraaree dawoo ta'a.
23. Raammoon foon keessaa foonuma.
24. "Abbaa beekuuf lolli tapha" jedhe Abshee Garbaa.
25. "Afaan okolee waaqi" Isatu waan itti naqu beeka.
26. Abaarsi gowwaa eebbaan qixxee dha.
27. Badiin biyyaa wajjinii godaansa.
28. olla hamaan injiraan huccuuti; ykn ofirraa kaasuu ykn biraa ka'u.

**Mammaaksoota Mala Dubbii Nameessaatiin Mammaakaman**

1. "Abbaatu of mara" jedhe bofni.
2. "Kan garaa malee kan maqaa yoom nadhibe" jedhe waraabessi.
3. "Biyya abbaa koo" jetteetu injiraan moluu irratti duute.
4. "Asi biyyii keenya" jette alaatiin mukarra kortee.
5. "Siqaa hooqi" jeette cittoon.
6. "Akka na gubaniitti maaliifan buddeena in gubnee" jette Eeleen.
7. "Otoo beeknuu huba wajjin" jette sareen.
8. "Malannee boolla lama qootanne" jette antuunni.
9. "Migiirii lagaa gubannaan gingiilachaan manaa boche' jedhan.
10. "Inuma turra malee inuma uurra" jette boobiin.
11. "Gabaabbadhullee anumatu abbaaa keeti" jedhe harreen gaangeedhaan.
12. "Ammas akkuma durittan loowa" jedhe bofni.
13. "Anuu gowwaa dha kan odoo hin nyaatin quufu" jedhe fardi okaa ba'aa tokkoofixee.
14. "Ani duunaan araddaan hin margin" jette harreen.
15. "Ayyaanuma kiyyatu dhhaba hin jallane" jedhe waraabessi gurra harree ciniinee.
16. "Aayyaa malee abbaa hin beekuu" jedhe gaangeen.
17. "Beekkaneef boolla lama qotanne" jette hantuunni.

18. “Dhale lakkaawuu dadhabee” jette kuruupheen takka dhaltee.
19. “Eyyitan malee hin dhaltanii” jedhe korpheessi re’ee.
20. “Eegan ani du’ee dacheen marga hin biqilchin” jette harreen.
21. “Iyyitu illee sitti hin fiigu” jette sareen saree ollaatiin.
22. “Iyyu malee lafti naaf hin bariitu” jedhe kormaan handaaqqoo.
23. “Kana caala hin biilti” jedhe jaldeessi.
24. “Akka walbeektaniin walitti sirbaa” jennaan waraabeessi fi harreen walitti sirban.
25. “Meeqa maqxaa” jedhe jaldeessi tiksee dhaan.
26. “Nutu sawwan hinqabnee dhadhaan nutti urgaya” jette adurren.
27. “Osoo wajjin gallee hoolaa walli qalle” jette jeedalli sareen.
28. Osoo bareedduu naatoo hin qabdu.
29. “Tana tanatu qotaa singiggoon nama ajjeesti” jette sinbirrii.
30. “Yaa jiruu bulluqaa” jedhe marqaan.
31. “Yoo waraabessarraa hafte teenya jette” sareen harreen.
32. “Adurree maaliif akkas boonta” jennaan eessuma kiyyatu qeerransa jette.
33. “Aduu keessa nan dhaabiin” jette hidhiin arrabaan.
34. “Akaayyittuu na fixxee sanyii maal na fannifatta” jette boqqolloon.
35. “Akka ganamaa se’ii kottuu narra ejjedhu” jette sokorruun.
36. “Akkuman dhalettin arraabbadha” jette dhaddeen.
37. “Anaa quufuu ga’ee aduun natti dhiita anaa du’a ga’ee naaf barite” jette harreen.
38. “Arge qadaadii” jette booni qayyaa.
39. “Argu si hindhiisu” jennaan” anuu hin dhisiifadhu jette harreen.
40. “Siif ilbaanyi yaa golbaa anaaf buqqeen dorrobe”jedhee namichi saawwa dhukkubni golbaa jalaa fixinaan.
41. “Siif hiruu” jette sareen saree.
42. Si’a baay’ee ilaaluun warqee busheessa.
43. Seetee seetee guchuma diimaa foon seete.
44. Sanyii abiddaa daaraan nama guba.
45. “Saree koottu waa goona” jennaan dura yoo warri rafe jette.
46. Biddeen nama quubsu edeerratti beeku.
47. “Silaa nan dhubbadhaa, bishaantu afaan najira”jette fatteen.

48. “Silaa foon kee hin mi’aawuu dhaqi”jedhe namichi quruphee duukaa fiigaa dadhabee.
49. “Si keessaa ba’e jennaan ammayyuu sittan rarra’aa” jette jirbiin.
50. “Si bara” jedhe garibichi daadhii dhugee hooqqisee.
51. “Quba wajjin” jette dammi.
52. “Qotan boqqolloo malee missirri maali?” jette qamaleen.
53. “Manni gubatullee nu akkuma silaati” jette okkoteen.
54. “Otoo jirra jirra jennuu gogaan keenya gabaa baata” jette dulloonni.
55. “Osoo dhadhaa qabaanee hudduu nu hin luqqa’u” jedhee jaideessi.
56. “Otoo beektee natti hin duttu” jedhe qeerransi.
57. “Otoo hin dulloomiin arrii baase” jette qamaleen.
58. “Osoo beeknuu sa’a gaafa hin nyaannu” jedhe waraabuu.
59. “Osoo akka anaatii balbala hin cufatan” jedhee bineensi.
60. “Ofii haasoftee ana rukuchiifta” jedhe mataan afaaniin.
61. “Ofii dukkanaan deemteef na komatti” jedhee waraabessi.
62. “Of eeggachaa, akeekkachaa” jette hantuunni.

**Mammaaksoota Mala Dubbii Eemitiin Mammaakaman**

1. “Asuu hin boochi” gammadeetan jetti.
2. Arjoomaniif fira hin argatan.
3. Awwaalee galeeti siirbaa oole.
4. Boochiftuun boowa hin qabdu.
5. Boora’u malee hin taliilu.
6. Hundumaa jaalataan tokko dhaba.
7. Siirbi ganamaa galgala boowa.
8. Suuta deeman yeroon galan.
9. Goowwan bishaan keessa dhaabatee dheebota.
10. Osoo jaallatanii tiruun nama miiti.
11. Adda nyaataniif hingabbatan.
12. Addunyaan guuttee hin dhangalaatu.
13. Afaaniin jirbii foowuun qullaa deemuu dha.
14. Afaan mi’aawuun biyyatti bushaa’uu dha.

15. Akka kufaniin hin caban.
16. Akka hin komanne na waamte akka hin nyaanne na dhowwatte.
17. Amma tole jette niitin dhirsa manaa aaritee.
18. Dhukkubsataniif, hin du'an.
19. Deeganiif, hin du'an.
20. Harkaan gatee miilaan barbaada.
21. Yeroo tokko tokko sa'a hookkoltuun sa'a fayyaa dura galti.
22. Billaachi waan uffatu hin qabne, dhagaatti uffisti.
23. Amma tole jette niitin dhirsa manaa aariite.
24. Arga bareedef amala bade.
25. Bishaan yoo nama nyaatu nama kofalchiisaati.
26. Dhukkuba garaa itti nyaadhu; dhukkuba mataatti baadhu.
27. Kadhannaan didde; dhiifnaan booche.
28. Kan taa'umsatti jibban; kaateet namatti ragaddi.
29. Kennuu hin beektu fudhachuuf harka afarsiti.
30. Ni nyaannaan nama nyaatti.
31. Odoo olla jirruu wal hin agarru jette iji ijaan.

**Mammaaksota Mala Dubbii Fakkootiin (irra deddeebii) Mamaaakaman**

1. Dhugaan baduu manna mataan baduu wayya.
2. Sobaan mana buluu manna dhugaan ala buluu wayya.
3. Ariitiin buna guba bunni afaan guba.
4. As antiifi achi aantiin wal caalti.
5. Waa  cabsan waa cobsan.
6. Ija bosuu argu malee garaa bosuu in argan.
7. Kan garaa garaatu beeka.
8. Nama dhadhaa afaan kaa'an dhagaa afaan nama kaa'a.
9. Namnii boollaa baasan boolla nama buusa.
10. Boofni biyyee wallin namni fira waliin jiraata.
11. Fagaatuyyuu mana ofii, hammaatuyyuu fira ofii.
12. Alagaa gaafa kolfaa, fira gaafa golfaa.

13. Lukkuun haatee haatee, kan ittin moorma kutan baaffate.
14. Olkaa'an malee ol kaataniif hin fudhatan.
15. Soqanii fudhachuun, yoo suuqan,
16. Hora malee hin horan , horii malee hin tolan,
17. Kan waa himu hin dhaban, kan waa kennuu hin argatan,
18. Eega kooraa dammaqee fardummaa maaltu jira; eega dubbii dadhabee gamnummaa maaltu jira,
19. Farsoo hamtuun mata nama kortii, farsoo gaarii garaa namaa guutti,
20. Firaan kooran malee firatti hin kooran,
21. Dhidhiitatan dhiittaa kutatan,
22. Teenyee maaf gubannaa, deemnee of hubannaa,
23. Waraabeessii hamma qoonqoo isaatiif kaatu, lubbuu isaatiif hin kaatu,
24. Garaa nyaanni seenee yaadni hin seenuu,
25. Baallii birbiirsaa kaate kaatee hudee isaa jala bu'a,
26. Ija boosu argu malee garaa boosu hin argan
27. Kan garaa garaatu beeka,
28. Namni foon kutaniif, mo'oo nama kuta,
29. Namnii mana baasan manaa nama baasa,
30. Namnii karaa saqaniif, karra namaa saaqa,
31. Gorsa didduu du'a hin didduu,
32. Takka dhuufun namummaadha, lama dhuufuun harruummaa dha,
33. Gaalaanni darbaa jiru si hin fudhatiin, jaarsii du'aa jiru si hin abariin,
34. Gurrii nama baduu mannaa, mannii nama baduu wayya,
35. Hundaa kutuuf ffontu dhuma, hundaa qaluuf loontu dhuma,
36. Kan beeku dubbiin taphata, walaalaan dubbiitu itti taphata,
37. Kan dubbatan baduu manna, kan dhalchan baduu wayya,
38. Masseen okolee diddu, okotee hin didduu,
39. Maasaa gadheen sanyii nyaata, namni gadheen imaanaa nyaata
40. Qoricha jennaan haarree qallee, hin ta'u jennaan harree ganne.
41. Qottoo qara hin qabne, nama mala hin qabnee,
42. Takka namatu nama didda. kan lammataa abbaatu of diida.

**Mammaaksoota Mala Dubbii Arbeessuutiin Mammaakaman**

1. Buqqeen bara argatte dhagaa cabsiiti.
2. Jaallallii jiraanan foon tafkii cidha galcha.
3. Dubbiin sobaa dhakaa huba.
4. Of jajjuun loon lamaa tikseen kudha lama.
5. Leenca bosoonaa baroodu lafti asitti rom’iti.
6. Of jajjuun hantuutaa eegeen lafa hin gahu.
7. Afaan dubbii bareutubaatti asaasa.
8. Deddeebii keessa wadaroon dhagaa mura.
9. Ariifata bishaantu hudha.
10. Malaan bishaan waadu.
11. Si’a baayyee ilaaluun warqee bushessa.

**Mammaaksoota Mala Dubbii Mallattootiin Mammaakaman**

1. Obsaan  silga goromsaa dhuga.
2. Dubbiifi uleen yoo qajeelte tolti.
3. Jabbiin hootu hin mar’attu.
4. Teepha jiidhaa muru.
5. Yoo bulte tiruun lafee horatti.
6. Adaamiin olla agamsaa, immimmaan irraa hin qooru.
7. Hidda malee xandhach hin dhiiguu.
8. Ajjeerraa tolchanii dhimmuu hin sodaatan.
9. Abbaan warraa gaaddidduu manaati.
10. Dhugaan ilmoorra nama mararti.
11. Reenfa firaa sagal garagalchu,
12. Alagaa ilkaan malee garaa hin argan,
13. Abbaan daadhii dhugeef ilmii afaan hin urgaa’u,
14. Ijjii gamnaa dura boochi,
15. Sa’aa abbaan gaafa cabsee ollaan ija balleessa,,
16. Bakka loon hin oollee dhoqqee hin argan,
17. Baraafi furguuggee gad jedhanii ofirra dabarsuu,

18. Dhangaa gurra nyaatan,
19. Eeboo darbatanii jifuu hin qabatan,
20. Faanaa qaban malee kooraa hin Koran,
21. Foolii gaariin kannisa arkisa,
22. Gaabbiifi eegeen abbaa duubatti hafti,
23. Guufuu ganama nama rukuteef hin rifatan,
24. Kan qotiiyoon iyyuu maltee qacceen iyyiti,
25. Adala riphe adurree se'an.

**Mammaaksoota Mala Dubbii Anyaarseetiin Mammaakaman**

1. Dhadhamoottuutii bona midhaan guruuruu..
2. Boru hin beekneen qoda bukoon ishee sagal, qodaan ittoo ishii kudha lama.
3. Gaafan magrsaatti harreen gurra dhabde.
4. Amallii badaan ija nama balleessa.
5. Jarjartuun saree dil'u goromsaa dhabdi.
6. Gadamoojjiin bona dhifteeti ganna soogida nagaddi.
7. Qaalluun kan ofii hin beektuu kan namaa xibarti.
8. Fagaara irraa hin qabdu aguugadheen aga jetti.
9. Raadni harree wajjin oolte dhuufuu baratti.
10. Kan harree hin qabne farad namaa tuffatti.
11. Jarjaraan ree'ee hin hour,
12. Waraabessii jarjaraan gaafa loonii ciniina,
13. Gaarii ormaarra gadhee ofii wayya,
14. Harree ganama baddee kurkuuriin hin deebiisu,
15. Akka abaluuttan sirbaan morma nama jalliisa,
16. Qacceen ofumaa rukkuteetu ofumaa iyya.
17. Gana darbeef mana hin ijaaran,
18. Garaa saree dhadhaan hin bulu,
19. Gubateeti hin argin ibbidatti kkaatti,
20. Haadha hin qabduu akkawof booch.
21. Keessa namaa hin beektu, cabsa namaa hin dhiiftu,

22. Of jajjuun loon lamaa tikseen kudha lama,
23. Abaaramaan gaanna soogida nagadee, birraa dhadhaa nagada,
24. Agabuu bulani mana hoo'isu,
25. gangalataniif kofoo hin baafata.
26. Abbaa hin qabdu akaakayyuuf boochi.
27. Harkisaa ooli dubbin dabde hin diriirtu.
28.

**Mammaksoota Mala Dubbii Habalakaatiin Mammaakaman**

1. Haati ballaa deessee "yaa bakalcha koo" jetti.
2. Haatii naafaan "yaa shininniqaa koo" jetti
3. Gamattu si jaalladhe;   gamanatti natti dhuftee.
4. Garagalchii intalli haadha miixuu gorsiiti.
5. Garagalcha mataan harka hooqa.

**Mammaaksoota Mala Dubbii Ateessaatiin Mammaakaman**

1. Yaa marqaa hin gowwoomin si afuufuun si liqimssufi.
2. Yaa ija koo yaa si hin ergifannee.
3. "Yaa birbir otuman ani burqaa kee beeku na nyaattaa?" jedhe namich.
4. "Yoo sitti qufuu baadhee sitti hin dhuufu?" jette jaartiin gombisaatti dhuuftee.
5. Yaa ashaboo ofi jettu mii'aayi, yookin dhakaadha jedhaniin si gatu.
6. Si tufe yaa raafu nama si gure wajjin.
7. Si akkeekkachoo gabaa biyya keenyaa, korbeesa jettee goromtii natti gurgurtee?
8. "Ugum! yaa raafu namni si nyaate hin laafu" jedhan.
9. "Siifan ka'a  yaa sanbataa, achumaanan gaayyaa koo fudha" jette jaartiin.
10. "Otoon si beeku na nyaattaa? yaa lagana" jette daaktuun.

**Hiibboowwan Mala Dubbii Akkasaatiin Taphataman**

1. Baala fakkata Waaqarra kaata. **/Billaacha/**
2. Bakkalcha fakkaatti lapheerraa kaatti.**/Amartii/**
3. Buburree akka shaamaa dubbataa akka namaa.**/Barreeffama/**
4. Hiiriyaan lamaan wal fakkaatu waliin deemu.**/Kophee/**

5. Yoo ciisuu akka namaa ilkaan dhibaaf shantama**./Nyaatamura/**
**6.** Hanga majii geessii biyya waliin geessii**./Biiftuu/**
**7.** Yoo ilaalan akka dhagaa yoo nyaatan akka dhadhaa**./Qochoo/**
8. Yoo ciisuu akka reenfaa yoo bookkisu akka leencaa./**Qaawee**/
9. Abbaas hin fakkaatu hayyoos hin fakkaatu./**Gaangee**/
10. Akka ballaatti wal masakti. /Baabura/
11. Buuphaa fakkaataa lafarraa kata waa mara nyaata. /boombii/
12. Dullacha fakkaata baala cirata, /ree’ee/
13. Durba fakkaattii manarra bulti, /Gullillaata/
14. Lagarraa kaattii saree fakkaatti. /Sardiidaa/
15. Lukkuu fakkaatti lagarra kaatti. /daakkiyyee/
16. Waraabeessa fakkaata gad jedhee kata. /abboo shamaanee/
17. Akka boofaa yaa’a akka arbaa haga. /dabaaqula/
18. Daaraa fakkaataa gandaarra kata. /sukkaara/
19. Soba dhugaa fakkaatu. **/abjuu/**
20. Waaan akka dhagaa taa’u, waan akka lagaa yaa’u. **/hanaaauu/**
**21.** Akka ayyaana keenyaa ayyallaa gubbaa teenya. **/Harma/**

**Hiibboowwan Mala Dubbii Bakkasaatiin Taphataman**

1. Abbaan ijoollee shan qaba shananuu walcinaa oolu**./Quba harkaa/**
2. Ayyoo dinqii yaa lola ishee**./Kannisa/**
3. Ulee abbaan koo naa mure hin cabuus hib badus**./Maqaa/**
4. Dunkanni gumbii guute**./Nuugii/**
5. Abbaan bullukkoo marmaratee rafe**./Booqqolloo/**
6. Sabbata ayyoo mareen dadhabe**./Karaa/**
7. Culluullen butee foon dachee fute./**Xiyyaara/**
8. Mana ijaareen karra isaa wallallee. /**Tullaa miidhaanii/**
9. Xaafii adii gaara irra facaasee./**Cinii/**
10. Jaartiin mataa arrrii nama walitti naqxi. **/Biqila/**
11. Adii qorkee waaqaan morkee. /Xiiyyaara/
12. Adureen gola keessaa iyyiiti. /raadiyyoon/

13. Ayyoon kofaate. minnii lafarra harkifte, /lilmoo/
14. Ayyoo baruuxee karaatti duute. / qaanqee/
15. Ibbida nama guba. /kibriitii/
16. mooyyeen kaatee dhaabate. /qnqalloo/
17. Caaltuun  waarroo uffatee gaangee yaabbatte. /eelee/
18. cooccoo ayyoo keessa ibidda. /Ampuulii/
19. Daamaa utaalaa daalacha ganna’alaa. /Tafkii, injiraan
20. Fardeen lagarraa lukarraa muxaa qabdii. /Qunnii/
21. Faradoon abbaa ni ufatalti malee in gulufu. /Tafkii/
22. Gooftaan galeefi aashikarrii hafe. /Kophee/
23. Gubbaan biyyee jallis biyyee jidduun midhaan. /Eelee, bidden, gommbisaa/
24. Harbuu mana keenyaa mucucaaf hin Koran. /moluu mata/
25. Horii keenya keessaa kormi tokkotu jira. /addeessa/
26. Hoolonni gugurraan goda keessa girrifti. /Qoraasuma/
27. Jaarsaa bututaa xurbaa da’imni jala kuma. /Harbuu/
28. Jiraa du’aa baatu da’aa jiraa baatu. /Farda, kooraa, nama/
29. Jibittii eegee bokkuu. /jajjuu/
30. Jabbii jabbii hootu. /furriifi quba/
31. Laga labee ulee qajeelaa dhabe. /lafee cinaachaa/
32. Lagaan buutee qunnaa dhiiga dibde. /Barbarree/
33. Laga tokko keessaa hidda lama harkisan. /Furrii/
34. Mukni dhiga buuse. /Barbarree/
35. Muree gabaabduu raammoo haxoftuu. /Haqxuu/
36. Mutaa qara lamaa walitti hodhamaa. /Dongoraa/
37. Qotiyyoo adiin ni dheeda diimaan ni alansha. /Ilkaan, araba/
38. Qoree laga gubbaa yaa waraansa ishii . /Kannisa/
39. Qoraan moonaa guutee waan bobeessinu dhabne. /gaanfa/
40. Shaween shawiftee dallatti nu rakkifte. /Bubbee/
41. Waa sadii waa sadii baata. /Sunsuma, Eelee, Biddeena, Gombisaa/
42. Waatii adii haadha gurraattii. /Kirriifi lilmoo/
43. Xalayaa waaqarraa balali’u. /Bilbila/

44. Xaafirra dagagala waatu keessa gala. /Dabbasaa/
45. Xuunxoo aabbaa keessa waatu kokorrisa /Gaayyaa/
46. Dukkanni gumbii guutee. /nuugii/
47. Qilxuu gamaa jala boollii saddet. /mucha saree/
48. Allaatti tokkittiin muka sadiirra teessi. /Xuwwee sunsumarra teessu/
49. Amalaan giifti dha biifaan garbitii dha. /Eelee/
50. Ulee tokkittiitu saawwa danuu dachaasa. /Qarabaa/
51. Beddeen lamaan tulluutti hirkatani ijaajju. /Gurra lamaan/
52. Maxinoo bilaashee uggum yaa milaashee. /Dhaaba dammaa/
53. Daandii qal’oo garaa gubbaa. /Nyaara/
54. Aayyoo gabaabduun gabaa hin baatu. /Haratаa/
55. Bixxillee aayyoon tolchitu harki hin cabsu. /Misira/
56. Godoon gamaa balballi ishee lamaa. /Funyaan/
57. Jibittii abbaa qeenxee eegee qabnaan dheedde. /Maqasi/
58. Sabbata ayyoo mare mareen dadhabe. /Karaa/
59. Birilleen waaqii buute hincabdu. /Cabbii/
60. Dadhabaa muka baddaa, qajeelchanis hin qajeelu. /Eegee horii/
61. Kefkeffeen garaa dugda irratti baatti. /Xaddee/
62. Wasillan koo lafa jala daldaalu. /Maarashaa, qonyee gindoo/
63. Ulee Abbaan koo naa mure hincabus hin badus. /Maqaa/
64. Haati nama ilaalti ilmoon nama nyaatti. /Qawwee fi Rasaasa/
65. Tulluu waarituu sinbirrii hin qaaritu. /Waaqa(Samii)/
66. Bidden Ayyoon tolchitu irraa duuba hin qabu. /Damma/
67. Sulula qal’oo araddaa bal’aa. /Qoonqoo fi garaa/
68. Walalaa akka bofaa guchuma akka dhagaa. /Dabaaqula/
69. Bosona guddaa dhaqeen ulee sorooroo dhabe. /Rifeensa mata/
70. Ayyoo haatii maatii lafa jala joortii. /Kanniisa daamuu/
71. Ogdii Abbaa Nagaasee missiraan facaasee. /Urjii/
72. Sangaa adiiyaa qonna isaa. /Boronqii/
73. Karaan gibe naannoo naannoo. /Gundoo/
74. Gaachanni abbaa koo dukkana hin sodaatu. /Balbala/

75. Namichi tokko foon mataatti baatee deema ofii hin nyaatu namaa hin laatu. /Kormaa Indaaqqoo/

**Hiibboowwan Mala Dubbii Nameessaatiin Taphataman**

1. Loon hin qabdu ni elmati./**silmii**/
2. Abbaa marxoo marxifate siirba./**Calii jiirbii**/
3. Namichi tokko loon dhibba oofa. **/Muka akkaayyii/**
4. Gurbaan diimaa lagaa lallaba**./Araba/**
5. Balbala ishee cuffatee siirbiti. **/Ittoo/**
6. Niitiin soqoolatee randa baate. /**Dibaabee/**
7. Guyyaa ni caraaqxii galgala ciffatee rafti. **/Ija/**
8. Yoo xuqan ni boo’a. **/Adaamii/**
9. Haatii raafuu gurtii intallii bitaafi mirgati utaaltii./**Eegee horii/**
10. Farsoo dhugee machaa’ee karaa dhabee raata’e. **/Obooboleetti/**
11. “Ija keessa nan ilaaliin” jetti. **/Biiftuu/**
12. Afaan bantee maa nalaalta. /**Hubboo**/
13. Afaaniin nyaata afaaniin udaana. /**Dhakaa daakuu**/
14. Ilmaan ayyaa afur afranuu bool’a tokkotti fincaa’u. /**Rasaasa**/
15. Odoo nyaatu diddiga. /**Dhakaa daakuu**/
16. Of ilaaltee anas ilaaltee. /**Daawwitii**/
17. Ulee qaanoftuu mataan gadi ilaaltii. /**Kazaraa**/
18. Dhahee si albaasee. /**Gingilchaa**/
19. Garaa lama qaba nyaatee hin beekuu. /**Qoloo**/

**Hiibboowwan Mala Dubbii Eemitiitiin Taphataman**

1. Ilkaan hin qabduu dheedhii nyaachuu hin dadhabdu./**lukkuu/**
2. Ija wajjin dhalatteeti otoo hin ilaaliin duuti**./Bideena/**
3. Ijaaratte mana hin qabdu bakka bultii hin dhabdu**./Biillacha/**
4. Mucha hin qabdu ni eelmamti**./Muka dhiigu/**
5. Qara qaba nama hin muruu. **/Baala/**
6. Baallee hin qabdu ni baristii gaafa hin qabdu ni waraanti./**Rasaasa/**
7. Hin dhiqattu hin dibattu ni barreeddi**./Iddii/**

8. Harka hin qabuu nama qunxuuxa**./Mixii/**
9. Odoo walbira jirtu wal hin agartu**./Ija/**
10. Hari'ani hin qabani ta'aan hin dhaban**./Gaaddidduu/**
11. Afaan qaba hin dubbatu gishee qaba hin urgufatu. /**Mana citaa**/
12. Odoo boochuu kofalti odoo hootuu mar'atti. /**Masinqoo**/
13. Kofaltee booche. /**Qorsoo**/
14. Lukaan deema hin hiiqu. /**Siree**/
15. Qaccee miti ni dhokaati. /**Qaanqee**/
16. Horiikoo lakkoofsa ishee hin beeku garuu yoo bade immoo hin wallaalu. /**Dabbasaa/Rifeensa mata/**
17. Hin fannifne fannifamaa dha, hin dhiqne qulqulluu dha. /**Hiddii/**
18. Quncee biyya keenyaa ibdatti jiisu, bishaanitti gogsu. /**Sibiila/**

**Hiibboowwan Mala Ateessaatiin Taphataman**

1. Ana warratu na waamee si maaltu si waame./**Gaaddiduu/**
2. Dhahee si albaase. /**Gingilchaa/**
3. Ol uutalee si cuqqalee./**Mooyyeefi muktumaa/**
4. Afan bantee maf na ilaalta. /**Hubboo/**
5. Wajjin nyaannawwoo at maaf huqatte. **/Fal'aana/**
6. Yoon si ilaalu maf na ilaalta. /**Daawiitii/**
7. Muuxadhe si tufee. /**Shonkoora/**
8. Maree sirra taa'e**./Gogaa/**
9. Cubee si liqimse./**Marqaa/**

**Hibboowwan Mala Fakkootiin Taphataaman**

1. Dhaabaa hin ta'uu, dagalee hin ta'uu, isa malee hin ta'uu. **/Quncee/**
2. Isuma qabanii, isumaan qabanii, isuma dhananii, isumaan dhaananii. **/siibila/**
3. Jiinii baate; muka gogaatti baate./**dubara jaarsatti heerumte/**
4. Eegeen gara mata, mataan gara eegee**./saawwa jabbii hoosistu**/
5. Biixillee ayyoon tolchitu yaa mii'aa isaa, arccumeen eshii yaa gubaa isaa. **/Dammaafi ilkee kaniisaa/**
6. Gamaniis randa, gamniis randa, gidduu isaa jawweetu ciisa./**Kooraa/**

7. Abbaa hin fakkaatu, ayyoos hin fakkatu. **/Gaangee/**
8. Kootiin isaa diimaa, shamiiziin isaa adii, uraan isaa sadii, nama tuqnaan yaabadi. **/Qarabaa/**
9. Abbaan koo dheeraadha, maxinoon koo beeddeedha. /**Gaaguraafi dhaaba dammaa/**

**Hibboown Mala Arbeessiituun Taphataman**

1. Asi ta'ee salaaleetti waraane. **/Ija/**
2. Bakkalcha fakkaattii lapheerraa kaati. **/Amartii/**
3. Gudii waaqaa lafti ka'ee ijjaajjee. **/Dogoogoo/**
4. Duraa dubni ibbida. **/Ibsaa konkoolata/**
5. Anoo asiin si kaa'e maaltu waaqa si kaa'e. **/utuubaa/**
6. Shokok hin godhu gamaan ba'e**. /Limmoo/**

**Hibboowwan Mala Dubbii Mallattootiin Taphataman**

1. Ulee abbaan koo naa mure hin baduus hin cabuus**. /Maqaa/**
2. Madaa hin fayyiine. **/Arabsoo/**
3. Ganama nama lama,  galgala nama sadii. **/Dulluuma/**

# Miiltoo G

## Suura Odeef Keennitootaa Yeroo Af Gaaffii Irratti Hirmaatan



## Suura Af Gaaffii Barattootaaf Taasiifame Kan Agarsiisu



**Odeef Kennitoota  Marii Garee Irratti Hirmaatan**



**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuunvarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhiyaannee ta'uu isaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkanneessa.

**Maqaa: ________________**

**Mallattoo________________**

**Guyyaa_________________**